

QEEQA SEENAWAA ASOOSAMA DHEERAA SHIRA
QORATAAN: DIRRIBAACHOO BASHAA FARADAA



WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUUTIINGUUTTACHUUF
QOPHAA'EE, YUUNIVARSIITI JIMMAA, KOOLLEEJJII SAAYINSII
HAWAASAA FI HUMAANITIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI
OGBARRUUF DHIYAATE

HAGAYYA, 2014/2022

JIMMAA, OROMIYAA

QEEQA SEENAWAA ASOOSAMA DHEERAA SHIRA

QORATAAN: DIRRIBAACHOO BASHAA FARADAA

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUUTIIN GUUTTACHUUF
QOPHAA'EE, YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAA FI HUMAANTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI
OGBARRUUF DHIYAATE**

HAGAYYA, 2014/2022

JIMMAA, OROMIYAA

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUUTIIN GUUTTACHUUF
QOPHAA'EE, YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAA FI HUMAANITIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI
OGBARRUUF DHIYAATE**

QEEQA SEENAWAA ASOOSAMA DHEERAA *SHIRA*

QORATAAN: DIRRIBAACHOO BASHAA FARADAA

GORSAA: TAAYYEE GUDDATAA (PhD)

GARSAA AANTEE: CIMDII WAAQUMAA

HAGAYYA, 2014/2022

JIMMAA, OROMIYAA

Yuunivarsiitii Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digrii Duraatiin Boodaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi Ogbaruu barsiisuutiin guuttachuuf, Dirribaachoo Bashaa mata duree: Qeeqa Seenawaa Asoosama Dheeraa *Shira* jedhurratti sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keesaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa gargaaraa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee yookiin walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

IBSA

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu fi kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu isaafi wabiilee qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Dirribaachoo Bashaa Faradaa

Mallattoo_____

Guyyaa_____

GALATA

Hunda dura qorannoo kana jalqabsiisee kan naxumuursise galanni Waaqa koo amanamaaf haata'u jechaa, itti aansuun hamilee fi kaka'umsa daangaa hin qabneen dadhabbiifi nuffii tokko malee qorannoo kana yeroon hojjedhutti aarsaa barbaachisu hunda baasuun yeroo qabanirraa naaf ramadani kallattii naqabsiisuun kan na gorsaa turan gorsaakoo Dr. Taayyee Guddataa galata guddaa nabiraa qabduutii ulfaadhaan jedha.

Akkasumas, hojii qorannoo kana keessatti milkaa'ina hojii koof gorsaa fi deeggarsa ogummaa naaf kennuun kan naqajeelchaafi najajjabeessaa turan gorsaa gargaaraakoo obbo Cimdii Waaqumaa otoo hin galateeffatiin bira hin darbu. Dabalataansii, rakkoo hammaataa Ummanni Oromoo keessa tureefi keessa jiru, bifa asoosamaatiin barreessanii dhaloota har'aa ykn dubbistoota biraan gahuufi ogbarruu barreeffama Afaan Oromoof gahee lammummaa bahuun, anaafis mataduree qorannoo koo irratti akkan gaggeessu bu'uura kan naaf taa'an barreessaa asoosamaa Shiraa, Yaasoo Kabbabaa osoo hingalateeffatiin hindarbuutii, ammas qalamni kee daddabalee haa mirgisu jechuun barbaada.

Dhumarratti, yeroo hojii idilee fi qorannoo koon qabamee sirraa fagaadhee jirutti, yeroofi jaalala haati manaa tokko namarraa barbaaddu sidhorkadhee yeroon siif kennuu qabu hojii qorannoo kanaaf kennee hojjeedhutti nahubachuun obsaafi yaadaan nadeeggaraa kan turte haadha warraa koo Mulaalem Hayiluu galata guddaa na biraa qabdaatii galanni onnee koorraa madde siif haa ta'u.

GABAAJEEWWANIIFI KOTTOONFII

Gabaajeewwaniifi kottoonfiiwwan armaan gadiitti tarreeffaman kanneen qorannoo kana keessa bakka adda addaa galanii waan jiraniif, namootni qorannoo kana dubbisani akka salphaatti hubatanii itti fayyadamuu danda'an taasisa.

ABO Adda Bilisummaa Oromoo

ADWUI Adda Dimookiraatawaa Warraaqsa Ummattoota Itoophiyaa

FDRE Federal Democratic Republic of Ethiopia

EPDRF Ethiopian People's Democratic Revolutionary Front

OPDO Oromo People Democratic Organization

WBO Waraana Bilisummaa Oromoo

TPLF Tigray People's Liberation Front

BAAFATA

QABIYYEE FUULA

GALATA	I
GABAAJEEWWANIIFI KOTTOONFII	II
AXEREERAA	VI
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa	1
1.2. Ka'umsa Qo'annichaa	5
1.3. Kaayyoo Qorannichaa	7
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	7
1.3.2. Kaayyolee Goore	7
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	7
1.5. Daangaa Qorannichaa	8
1.6. Qindaa'ina Qorannichaa.....	8
1.7. Hanqina Qorannichaa.....	9
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKAATANII	10
2.1. Maalummaa Ogbarruu.....	10
2.2. Seenaa Ogbarruu Oromoo	13
2.3. Seenaa Uummata Oromoo	16
2.4. Faayidaa Ogbarruu	18
2.4.1. Gosoota Ogbarruu.....	20
2.4.1.1. Asoosamaa	20
2.5. Qeeqa Ogbarruu	21
2.5.1. Barbaachisummaa Qeeqa Ogbarruu	24
2.5.2. Qeeqa Seenawaa Ogbarruu.....	25
2.5.2.1. Maalummaa Qeeqa Seenawaa Ogbarruu	25
2.5.2.2. Xiyyeeffannoo Qeeqa Seenawaa	27
2.5.2.3. Gosoota Qeeqa Seenawaa	28
2.5.2.3.1. Qeeqa Seenaa Durii	28
2.5.2.3.2. Qeeqa Seenaa Haaraa	28

2.6. Qorannoowwan Aantee	31
BOQONNAA SADI: MALA QO'ANNICHAA.....	33
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	33
3.2. Iddattoofi Mala Iddatteessuu	34
3.3. Madda Ragaalee	34
3.4. Mala Funaansa Ragaalee.....	35
3.5. Malleen Qaaccessa Ragaalee	35
BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE	37
4.1. Odeeffannoo Waliigalaa Waa'ee Asoosama Shiraa.....	37
4.2. Cuunfaa Sabseenaa Asoosama Shiraa.....	37
4.3 Sababootni Hawaasummaa Ogbarruun Sun Akka Dhalatu Godhan Maali?.....	39
4.3.1. Gama Siyaasaan.....	39
4.3.2. Gama Diinagdeen	41
4.4. Asoosamni Kun Hawaasa Garamitti Qajeelcha?	43
4.5. Asoosama “Shira” Keessatti Haalli Siyaasaa, Aadaa fi Safuun Hawaasaa Akkamiin Calaqqise ?	47
4.5.1. Taateewwan Aadaa, Safuufi Siyaasa Hawaasaa Calaqqisiisan	48
4.5.2. Taateewwan Safuu Hawaasaa Calaqqisiisan	49
4.5.3. Taateewwan Safuu Hawaasaa Faallessan.....	50
4.5.4. Taateewwan Dinagdee Hawaasichaa Calaqqisiisan	52
4.5.5. Taateewwan Siyaasaa Calaqqisiisan	53
4.6. Namfakiiwwan asoosamichaa haala qabatamaa hawaasa keessa bara sana ture bakka bu'uun bocamaniiruu?.....	67
4.6.1. Namfakiiwwan Taateewwan Barreessaan Asoosamichaa Balaaleffatu Deeggeran....	67
4.6.2. Namfakiiwwan Taateewwan Barreessaan Asoosamichaa Deeggeru Deeggeran.....	74
4.6.3. Namfakiiwwan Taateewwan Barreessaan Asoosamichaa Deeggeru Gamisaan Deeggeran	76
4.7. Qorannoo kana keessatti dhimmota seenaa agarsiisan.....	79
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO.....	80
5.1. Cuunfaa	80
5.2. Cimina Asoosamichaa.....	81
5.3. Hanqina Asoosamichaa	82

5.4. Argannoo.....	82
5.5. Yaboo	85
Wabiilee	86
Dabalee: Cheklistii Ragaan Asoosamaa Keessaa Ittiin Fudhatamu	88

AXEREERAA

Kaayyoon qorannoo kanaa asoosama dheeraa Shira jedhu kan Yaasoo kabbabaatiin bara 2019 barreeffame yaadxina seenawaatiin qeequu irratti kan xiyyeeffatedha. Haaluma kanaan, malli qorannoo kun ittiin hojjatame mala qorannoo akkamtaati. Kana malees, odeeffannoon dheedhiin qorannoo kanaaf barbaachisu kitaaba asoosama dheeraa 'Shira' jedhu gadi fageenyaan dubbsuuni xiinxaluun waan hojjatameef, saxaxa xiinxala barruu jedhamutti dhimma bahame. Odeeffannoowwan qorannoo kanaaf mala garaagaraan walitti qabamanis erga sirriitti xiinxalamani booda, mala ibsaatiin dhiyaataniiru. Dabalataan, odeeffannoon qorannoo kanaa kallattumaan kitaaba asoosamichaa irraa waan funaanameef, madda ragaa tokkoffaattii dhimma bahame; irraawwatamni qorannoo kanaas kitaabuma asoosama kanaa yommuu ta'u, kitaabichis mala akkayyootti gargaaramuun kan filatameefi yaaxxina seenawaatiin kan xiinxalamedha. Haaluma kanaan qorataan qorannichaa, qeeqa seenawaa ogbarruu asoosama dheeraa Afaan Oromoo 'shira' kaayyolee gooree; asoosama 'shira' keessatti siyaasni, aadaan, safuun hawaasafi dinagdeen akkamitti akka calaqqise xiinxaluu, ogbarrichi hawaasa garamitti akka qajeelche xiinxaluufi sababoota hawaasummaa ogbarruun sun akka dhalatu godhan ibsuu jedhu qabatee odeeffannoo erga xiinxalee booda argannoowwan armaan gadiirra ga'uu danda'eera. Asoosamicha keessatti, taateewwan aadaa, safuu, dinagdeefi shira siyaasaa calaqqisiisan mul'achuun isaanii mirkanaaheera. Taateewwan aadaa, safuu fi dinagee hawaasichaa calaqqisiisan muraasa ta'uun isaa mirkanaa'eera. Dhimmootni aadaa fi safuu hawaasichaa faallessanis asoosamicha keessatti mul'ataniiru. Asoosamichi dhimmoota siyaasa waliin walqabatan hedduu of keessaa qabaachuun isaa mirkanaa'eera. Dhuma irrattis, qorattootni biroo gosa qeeqa biroon asoosama kanarratti gaggeessuu akka danda'anis akeekameera

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon kun yaaxxinaalee ogbarruuwwan ittiin qeeqaman keessaa yaaxxina ‘seenawaatti’ fayyadamuun asoosama Afaan Oromoo ‘*Shira*’ jedhu qeequudha. Haaluma kanaan boqonnaan kun boqonnaawwan ittaaniif bu’uura kanneen ta’an: seenduubee, ka’umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaafi qindoomina qorannichaa qindeessee dhiyeesse.

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruun hojii kalaqa ilma namaa kan barreessaan wantoota addunyaa dhugaa keessatti mul’atan addunyaa arga-yaadaa keessatti akka mul’atanitti miidhagsee akkaataa sammuu dubbistootaatti toluun bocee barreeffamaan dhiyeessudha. Ogbarruun kun, hojiiwwan kalaqaa kan akka: asoosamaa, walaloofi diraamaa of jalatti kan haammatudha. Ogbarruu kanneenis haala itti dhiyaataniifi qindaa’an qabu. Ogbarruun ogummaafi dandeettii dhalli namaa ittiin aadaa, duudhaa, haala jireenya isaa, waan itti dhagahamu, gaddaafi gammachuu qabu kan ittiin ibsatu kalaqa hojii sammuu ilma namaati. Ogbarruu keessatti dandeettiin sammuu qooda olaanaa qaba. Sababniisaas, wanta dhiyeessuun barbaadame akka namni dhaggeeffatu yookiin dubbisu gochuudhaaf karaa adda ta’een dhiyeessuuf dandeettiin sammuu gahee guddaa taphata.

Qabiyyee fi haala dhiyeenya isaarratti hundaa’uun ogbarruun amala nama barsiisu, onnachiisu, kakaasuufi gammachiisu of keessaa qaba. (Asafaa, 2009). Karaa biraatiin Fedhesaan, (2013:7) “ogbarruun hojii kalaqaa afoolaafi barreeffamaa of keessatti kan hammatu ta’uu isaa ibsa. Bu’uuruma kanaan ogbarruun afoolaa sammuu keessatti kalaqamuun afaaniin kan himamu yammuu ta’u, kan barreeffamaa immoo, kalaqa sammuu dhala namaa barreeffamaan jiru hunda haammata” jechuun ibsa. Waraabbiin kun kan agarsiisu ogbarruun hojii kalaqaa ta’ee afoolaafi barreeffama kan of keessatti hammate ta’uu isaati.

Asafaan (2009: f. 20) “Ogbarruun dabarsa aadaa uummataa fi galmee jiruu fi jireenya ilmoo namaa kan namoota hubannoo, beekumsaa fi muuxannoo sadarkaa adda addaatti qabanidha” jedha. Waraabbiin armaan olii kun ogbarruun calaqqee ta’iinsota jiruufi jireenya keessatti nama mudatan kan ittiin addeessan ta’uu isaati agarsiisa.

Ogbarruun, afaaniin seenaa, safuu, aadaa, duudhaa fi jiruu fi jireenya hawaasa baatee dhalootaa dhalootatti daddarbu afoola yoo jedhamu, ogbarruun barreeffamee garuu kalaqa sammuu nama

dhuunfaa kan of keessaa qabu barreeffamaan muuxannoo fi mudannoo barreessaa/ttuu irratti hunda'uun dandeettii kalaqa sammuu seenaa, jiruu fi jireenya, muuxannoo, mudannoo akkasumas gadda, gammachuu, miidhaa, diddaa hawaasni tokko qabu jechoota ogbarruutti fayyadamuun hawaasichuma ittiin barsiisuu, kakaasuu, akeekkachisuuf tajaajilu ogummaa kalaqaati.

Scholes fi Klaus, (1971:8) ogbarruu yoo ibsan “Literature is an imaginative art which expresses thoughts and feelings of the artist one vents around him. In most cases, it deals with life experiences. The author/artist/uses words in a powerful, effective and captivating manner to paint his picture of human experience” Ogbarruun ogummaa yaada sammuu barreessa ta'ee yaadaafi miira ilmaan namaa akkasumas, mudannoo jireenyaa kan addeessuudha. Dabalataanis, barreessaan jechoota humna qabeeyyiitti dhimma bahuun yaadaafi miira barreessaan dabarsuu barbaade sammuu namootaa biroo keessatti suuraa bifa uumuu danda'uun kan dhimma dabarsuu ta'uu isaa yaada kana irraa hubachuun ni danda'ama. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas gooroowwan ogbarruu keessaa asoosama irratti kan fuuleffatedha. Asoosamni haala jiruufi jireenya hawaasa tokko bifa miira dubbistoota ofitti haawwatuun miidhagina adda addaa uffisee, kukkuulee, faayee kan dhiyeessu hojii kalaqaati.

Yaaduma kana cimsuun Asafaan, (2009, f, 125) yoo ibsu, “Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha. Barreessaan asoosama tokko dhugaa jirurratti hundaa'ee amala, sansaka, hubannoofi kan kana fakkaatan namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattoota uffisee ergaasaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsudha” jedha.

Akka waraabbii kana irraa hubatamutti, asoosamni barreessaan kalaqamee dhimmoota haala jiruufi jireenya saba tokkoo kan akka: aadaa, duudhaa, siyaas- dinagdee, hawaasummaa, qaroomina, amantiifi falaasama hawaasa tokko karaa ittiin dhiyeessudha. Kanaafuu, asoosamni daawwitii haala jiruufi jireenya hawaasa tokkooti jechuun ni danda'ama.

Guddinaafi dagaagina ogbarruu Oromoo yoo ilaalle rakkoo hedduutu irra ture. Innis, dhiibbaafi hacuuccaa mootummoonni darban saba Oromoofi Afaan Oromoo irraan ga'aa turan irraan kan ka'e afaanichi carraa afaan hojii, afaan sab-quunnamtii, afaan barnootaa, afaan ogbarruu, afaan qorannoofi qo'annoo ta'uu hin dandeenye. Yeroo sana keessa afaan Oromoo haasa'uun iyyuu akka yakkaatti ilaalamaa ture. Yaada kana cimsuun Asafaan (2009, f.12). “Afaan Oromoo

barreeffamuun seenaan isii fagoo eega taatee, akki jalqabbii duraa itti hin fufiin hafuun isii, okkoluun isii, afaan katabbii, afaan hojii, afaan barnootaa, afaan qu'annaa tahuu dhabuun isii dhiibbaa gita bittaa Habashaa irraan geese" jedha.

Dhalootni Oromoo hedduun, sirna darbe keessatti Afaan Oromootiin otoo hin ta'iin Afaan alagaatiin barreessaa turan. Haaluma kanaan walqabatee, uummanni Oromoo haala jiruufi jireenya isaa kan ibsachaa ture afoolaatiin ture. (Dassaaleny, 2008).Kufaattii mootummaa Dargii booda garuu, yeroo jalqabaatiif chaarterri mootummaa cehumsaa irratti saboota biyyattii keessa jiraniif afaan, seenaafi amantii ofii akka itti fayyadaman labsiidhaan mirkanaahe.Haata'u malee, waggoottan muraasaan as, ogbarruun Afaan Oromoon dubbisaaf dhiyaataa jiru.Barreessitoonni Oromoos kalaqaafi beekumsa qaban fayyadamuun Afaan Oromoo Afaan ogbarruu barreeffamaa taasisuuf carraaqaa jiru.

Jalqabbiin kun dheebuu ogbarruu Afaan Oromoo ittiin ba'uu irra darbe, namoonniifi hayyotni Oromoo hedduun gooroowwan ogbarruutti dhimma bahuun seenaa, aadaa, duudhaa, safuu, falaasama, hawaas-dinagdee, quuqqaa jireenya saba Oromoo qubee afaan Oromoon barreessanii uummaticha biraan gahuuf afaanichaafi ogbarruu isaa guddisuuf tattaafachuu jalqaban. Kallattii kanaan, ogbarruu barreessuu ykn dubbisuu qofa otoo hin taane, ogbarruu qeequunis qaama guddina kanaa ta'ee fudhatamuu qaba.

Qeeqa ogbarruu gaggeessuun faayidaa inni qabuufi guddina ogbarruu biyya tokkoo keessatti gaheen inni bahatu irratti yaadoleen hedduun irratti kennamaa turaniiru. Barreessitoonniifi qeeqtotni ogbarruu baay'een irratti walfalmaniiru; baay'ee ibsaniirus.Kanarraa ka'uun, qeeqa irratti bara Giriik qaroominaan beekamturraa ka'ee hanga har'aatti falaasamootaafi ilaalchawwan garaagaraa calaqqisiisaniiru. Seenaa isaa namoonnii barreessaniifi qoratan akka raga bahanitti, barreessitoota qeeqa ogbarruu warra angafaa Pilaatoofi Aristootil irraa jalqabee yaadoleen garaagaraa irratti calaqqisiisaa, kallattiin ilaalcha adda addaa irratti mul'achaa, dirree ogummaa guddachaafi jijjiiramaa dhufedha (Zarihuun, 2004). Yaaduma walfakkaatuun, Habib (2005) akka armaan gadiitti ibsa.

Hence, to understand the origins and nature of literary criticism in Greek world especially in the work of Plato and Aristotle, ...we need to know something of the political, social, and intellectual forces that shaped their understanding of the world (f. 12).

Qeeqni ogbarruu yaada dimshaashaa qo'annoo hojii ogbarruu tokko ittiin ibsuu, qoqqooduu, xiinxaluu, hiika itti kennuufi madaaluu kan ofkeessatti hammatudha. Yaada kanas (Abrams, 1999), “ ...Literary criticism is the overall term for studies concerned with defining, classifying, analyzing, interpreting, and evaluating works of literature,” jechuun ibsa (ff. 49-50).

Asoosamni gooroo ogbarruu keessatti waan ramadamuuf, yaadoleen qeeqa ogbarruu irraatti ka'an isas ilaallachuun dirqamadha. Qorataanis, asoosamoonni dheeroo Afaan Oromoo gama qeeqa seenawaatiin yoo qeeqaman, dagaagina ogbarruu Oromoof gumaacha taasisu jedhee amana. Sababni isaas, asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffaman babal'ataa jiranis, qorannoowwan gaggeeffaman ga'aadha jechuun hin danda'amu. Kanaafuu, guddina ogbarruu Oromoo irraatti gumaacha taasisuuf, asoosamoota maxxanfaman irratti yaadiddamoota garaagaraa gargaaramuudhaan qorannoon deeggaruun murteessaa ta'ee mul'ateera.

Qeeqni seenawaa akaakuuwwan qeeqa ogbarruu keessaa tokko ta'ee, wantoonni yeroo darbe keessatti raawwataman adeemsa isaan keessa darbaniifi hawaasa biratti haala isaan itti hojiirra oolan secca'ee baasuun kan qeeqa ogummaa kennudha. Qeeqni seenawaa, hojii ogbarruu tokko ilaaluuf bu'uura ta'uu kan danda'u, yeroo, iddoofi haalawwan barreeffamni sun akka uumamu godhan xiinxaluu barbaachisa yaada jedhu kan giddu galeeffatedha. Akka yaaxxina kanaatti ergaa yookiin dhaamsa ogbarruu tokkoo hubachuuf seenaa beekuun murteessaadha. Dhimmootni barreessaan yommuu ogbarruu kana qopheessu keessa ture of duuba deebi'amee yoo ilaalameen ala waa'ee ogbarrichaa beekuun rakkisaadha jedhu. Kanaafuu, ogbarruu tokko hawaasa ogbarrichi keessatti barraa'e irraa adda baasuun ilaaluun rakkisaa ta'a. Bu'uuruma kanaan qeeqni seenawaa yommuu geggeeffamu qabxiiwwan xiyyeeffannoo armaangadii giddugaleeffachuun deebii kennuu danda'uutu irraa eegama.

Barreessaan eenyu? kaayyoon barreeffama isaa/ishee maali? Ogbarrichi haala qabatamaa hawaasa keessa jiru nimormamoo nideeggara? , haalli qabatamaa hawaasaa ogbarrichi keessatti barreeffamee maal fakkaata?, dhimmootni hawaasaa akkamitti dhiyaatan?, haala kamiin ibsaman?. taateen siyaasaafi falaasamni yeroo sanaa hojii ogbarruu kana irraan dhiibbaa akkamii geessise?, namfakkiiwwan haala qabatamaa hawaasa keessa jiru bakka bu'uun bocamaniiruu? , gabaabumatti, yaadota armaan olitti ka'an kanneeniif qorannoon qeeqa asoosamaa akka deebii qabatamaa kennuu danda'utti xiinxalamee dhiyaata.

Asafaan (2009) akka ibsutti, asoosamoonni Afaan Oromoo mul'achuu kan jalqabe sirni Dargii akkuma kufeenidha. Asoosamoota dheeroo kanneen keessaa : Kuusaa Gadoofi Dhaamsi Abbaa Gaaddisaa Birruutiin, Godaanisniifi Gurraachi Abbayyaa Dhaabaa Wayyeesaatiin, Suuraan Abdii Kumsaa Burraayyuutiin, Yaadaniin Maaramee Harqaatiin, Dirmammuun Takilee Qinaaxxiitiin, Kudhaama Jaalalaa Abrahaam Tasfaayeetiin, Imimmaan Haadhaa Toleeraa Fiqruutiin, Yoomi Laataa? Isaayyaas Hordofaatiin, Burreen Bifa Tokko miti Gaaddisaa Birruutiin... barreeffamuun isaanii barreessitoota birootiif karaa saaqanii jiru. Ergasii as maxxanfamuun asoosamootaa itti fufee jira. Kan qorataan filates asoosama dheeraa '*Shira*' jedhu kan Yaasoo Kabbabaatiin bara 2012 maxxanfame yaadxina seenawaatiin xiinxalli kan irratti gaggeeffamedha.

1.2. Ka'umsa Qo'annichaa

Sadarkaa bilchinni, gahumsiifi guddinni ogbarruu hawaasa tokkorra gahe beekuuf xiinxalliifi qeeqni yaaxxinaalee ogbarruu sadarkaa addunyaatti jiran bu'uura godhatee geggeeffamuun hedduu barbaachisa akka ta'eefi ogbarruun gulantaa olaanaan yookaan giddugaleessaan ulaagaa barbaadame sana guutee bifaanis ta'e qabiyyeen jiruufi jireenya hawaasa sanaa hinmul'isne maqaadhaan malee qabatamaan sadarkaa guddina ogbarruu hawaasni sunirra gahe kallattiin agarsiisuu akka hindandeenye hayyoonni ogbarruu garaagaraa ni'ibsu.

Yuunivarsiitiiwwan adda addaa keessatti barattootni qorannoowwan garaagaraa Afaan Oromootiin sadarkaa digirii tokkoffaafi lammaffaatti gama xiinqooqaan, fooklooriifi ogbarruutiin waraqaa eebbaa yeroo qopheessanitti yaadxinaalee garaagaraa irratti hundaa'uun ogbarruu Oromoo irratti gaggeessaa turaniiru; gaggeessaas jiru. Haata'u malee, qorannoowwan yaaxxinaalee ogbarruu bu'uura godhatanii qeeqamaniifi xiinxalaman bal'inaan hinmul'atan. Dabalataanis, qeeqni gaggeeffamaa jiruufi asoosamoonni yeroo yeroodhaan maxxanfamaa jiran kan wal hin gitne ta'uusaa qaawwi gama kannan jiraachuu mul'isa. Qorannoolee kanaan dura gaggeeffaman ilaalchisee hanqina jiru hubachuuf qorannoolee namoota muraasaa haa ilaallu.

Mokonnin Gabbisaa, (2006) "*Qaaccessa Asoosamoota Suuraa Abdiifi Miila Hinshokoksiinee: Ija Dhugummaatiin*" digrii 2ffaa Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf qorannoo geggeessedha. Kaayyoon qorannoo isaa asoosamoota '*Suuraa Abdiifi Miila Hinshokoksine*' ija yaaxxina dhugummaatiin qaaccessuudha.

Itti dabalees, Dassaaleny Hayiluu, (2008) mata duree, ”*Xiinxala Asoosama ‘Yoomi Laataa?’ fi Kaabir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo*” jedhu irratti hojjatame yoo ta’u, qo’ataan siyaasdinagdee, aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, Afaan, hawaasummaafi falaasama akkasumas haala jiruufi jireenya uummata Oromoo hammam akka ibsaman dhimmoota kanneen Ija Yaaxxina Dhugummaatiin qaaccessuun agarsiiseera. Qorannoo Mokonniniifi Dassaaleny qorannoo koo waliin wanti wal fakkeessu, hojii kalaqaa asoosamoota afaan Oromoo qeequ yemmuu ta’u, asoosamoota garaagaraa yaaxxina adda addaatiin qeequun immoo garaagarummaa keenya. Dabalataanis qorannoo adeemsifame kana wanti adda taasisu:-Tokkoffaa, asoosamoota qaaceffamaniin adda adda. Asoosamni qo’annoo kanaaf filatames asoosama dheeraa “Shira” jedhu kan Yaasoo Kabbabaatiin barraa’edha. Lammaffaan, tooftaan ittiin qaaceffamanis adda addummaa qabu. Sadaffaa, qorataan qorannoo isaa yaaxxina seenawaatiin gaggeessuun adda isa taasisa. Afraffaa, dhimmoota xiyyeeffannoo yaaxxinichaati. Qorannoon mataduree “Shira” irratti yaaxxina seenawaan geggeeffame hojiiwwan qorannoo olitti ibsaman irraa haala adda ta’een, dhugaa qabatamaa hawaasa asoosamichi keessatti barreeffame mul’isuuf kan carraaqedha. Keessumattuu, asoosamichi yaaxxina seenawaan qeequuf mijataa ta’uunsaa adda godha.

Walumaa galatti, qorannoon kun kallattii qorannooleen biroo hin ilaalleen qaawwaa mul’atan guutuuf kan geggeeffame yemmuu ta’u tokkoffaaasoosamoonni hedduun kan maxxanfamaa jiran ta’ullee, qeeqni godhamu garuu hagas mara waan hin taaneef qorannoo qeeqa asoosamaa irratti akka geggeessu qorataakakaase. Sababni isaas, asoosamoonni maxxanfamaa jiran baay’achuun qofti guddinaogbarruu hin mirkaneessu yoo yeroo yeroodhaan qorannooleefi qeeqni bilchaataan kennamaa deeme malee.lammaffaaija yaaxxina seenawaatiin qeeqni geggeeffame hamma beekutti fi yaaxxina kana bu’uura godhachuun asoosama yeroon isaa baay’ee as dhiyoo ta’e akkasumas, kan kanaan dura qorannoon irratti hin geggeeffamne asoosama Shira fayyadamuun achi keessatti haalli qabatamaa jiruufi jireenyi hawaasa Oromoo akkamiin akka calaqqisiise qorannoo kanaan ifa godhamee jira. Haaluma kanaan, qorannichi gaaffilee qorannoo armaan gadiitiif deebii kennuu yaaleera.

- Sababoonni hawaasummaa ogbarruun asoosama ‘Shira’ akka dhalatu godhan maali?
- Asoosamni kunhawaasa garamitti qajeelcha?
- Asoosamni “Shira” jedhu taateewwan aadaa, safuu, dinagdee fi siyaasaa uummata Oromoo irratti taasifame akkamittiin calaqqisiise?

- Namfakkiiwwan asoosamichaa haala qabatamaa hawaasa keessa bara sana ture bakka bu'uun bocamaniiruu?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa asoosama Afaan Oromoo 'Shira' jedhuu ija yaaxxina seenawaatiin qeequudha.

1.3.2. Kaayyolee Goore

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa akka itti aanutti kaa'amaniiru:

- ✓ Sababoota hawaasummaa ogbarruun kun akka dhalatu godhan adda baasuu
- ✓ Asoosamni kun 'Shira' hawaasa garamitti akka qajeelchu ibsuu
- ✓ Asoosama "Shira" keessatti haalli siyaasaa, aadaa fi safuun hawaasaa akkamiin akka calaqqise ibsuu
- ✓ Asoosamicha keessatti namfakkiiwwan haala qabatamaa hawaasa keessa bara sana ture bakka bu'uu danda'aniin bocamuufi bocamuu dhiisuu isaanii addaan baasuu

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Yeroo ammaa kana keessa asoosamni Afaan Oromoo dagaagina agarsiisaa akka jiru hayyonni ni eeru. Seenaan asoosama Oromoo baay'ee dheeraa ta'uu baatus hojiileen dhiyeenya hojjataman ni jiru. Haata'u malee, qorannoowwan bal'inaan irratti gaggeeffaman hin mul'atan. Qeeqni hojiilee ogbarruu irratti geggeeffamu barreessitootaafis ta'e dubbistootaaf bu'aa hedduu waan buusuuf akkasumas, hojiilee ogbarruu sirriitti hubatanii ajaa'ibsiifachuuf gadi fageenyaan qorachuun murteessaadha. Haaluma kanaan, qorannoon kun faayidaalee armaan gadii qabaachuu danda'a jedheen amana.

- Namoota gara fuula duraatti dhimma kanaan wal fakkaatu irratti qorannoo geggeessaniif, akka ka'umsaatti gargaaruu danda'a jedhamee amanama.
- Dubbistoonni asoosamni filatamee Yaaxxina Seenawaatiin qeeqamu tokko maal akka fakkaatu hubannoo irraa argachuu danda'u.
- Namoonni qorannoo kana dubbisuuf carraa argatan, asoosamichi ergaa akkamii akka dabarsuu barbaade haala salphaa ta'een hubachuu danda'u.

- Firiin qorannoo kanaa seenaa dhugaa hawaasa Oromoo: gaddaafi gammachuu, rakkoo inni keessa darbeefi dabarsaa jiru, haala siyaasa isaa, abdiifi mul'ata inni qabu saboota adda addaa beeksisuu, akkasumas uummatichi sadarkaa qabsoo tokkorraa gara sadarkaa qabsoo biraatti akka ce'u jajjabeessuufi uummaticha cimsee dhaabuuf gargaaruu keessatti qooda isaa ba'uu danda'a.
- Dhoksa seenawaa asoosamicha keessa jiru nama qorannicha dubbisutti mul'isuu danda'a. Walumaagalatti, bu'aan qorannoo kanaa guddina Afaaniifi Ogbarruu Oromootif tumsuu danda'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffaman hedduu ta'uu baatanis hin tuffataman. Isaan kana hunda walitti qabanii dubbisanii osoo xiinxalanii bu'aan irraa argamu guddaadha. Kana gochuun immoo yeroofi baajata hedduu gaafata.

Asoosamoota jiran kana hunda irratti qorannoo adeemsisuun nama tokkotti baay'ee ulfaata. Kanaafuu, daangaan qorannoo kanaa kitaaba asoosama Oromoo “*Shira*” jedhu kan Yaasoo Kabbabaatiin bara 2012 ALA tti barreeffame yaadxina seenawaan qeequu irratti xiyyeeffata. Asoosamni kun kan filatameef haalli ittiin barreeffame yaaxina seenawaatiin qeequuf mijataa waan ta'eefi. Akkasumas asoosamni kun ulaagaa yaaxinni seenawaa irratti bu'ureeffate mara qeequun barbaachisaa waan ta'eefidha. Dabalataanis asoosamichi kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ni ga'a jedhee qorataan waan itti amaneeffidha. Gama biraan immoo, dhimma jireenya hawaasa Oromoo ilaalchisee yaadoleen yaaxxina filatame tumsan bal'inaan kan keessatti argaman ta'uusaati.

1.6. Qindaa'ina Qorannichaa

Waraqaan qorannoon kun boqonnaalee gurguddoo shan jalatti kan qoodameyoo ta'u, boqonnaan tokkoffaan seensa. Seensa jalatti kan hammataman seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaafi daangaa qorannichaati. Boqonnaan lama immoo, sakatta'a barruuwwan walfakkaataniiti. Bakka kanatti barreeffamoota garaagaraa kanneen mata duree qorannichaa wajjin deemaniifi hubannoon irraa argamuu danda'u dubbisuudhaan mata duricha wajjin walsimsiisuun dhihaate. Itti aansuun, qorannooleen mata-duree qorannoo kanaatiin walitti dhufeenya qaban duraa duubaan keessatti dhihaataniiru. Boqonnaa sadaffaan, mala qorannichaan

walqabatee dhimmoonni jiran ka'aniiru. Isaanis, saxaxa qorannicha geggeessuuf filatame, gosa qorannichaa, iddattoofi tooftaa iddatteessuu, mala qorannichaa, madda raga, meeshaa funaansa ragaafi malli xiinxala raga walduraa duubaan dhiyaataniiru. Boqonnaa afur jalatti, immoo, qaaccessa ragaatu dhiyaate. Ragaan kan funaaname kitaaba eerame irra deddeebi'uun dubbisuudhaani. Boqonnaan shanaffaan cuunfaa, argannofi kallattiin gara fuulduraa qorannichaa qindaa'ee kan itti dhiyaatedha.

1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun hanqina qorannoolee kallattiidhaan kan walfakkaatanii walbira qabuun ilaaluuf yaalamu illee, yaadxina ija seenawaatiin asoosama xiinxalame argachuu hin dandeenye. Gama biraatiin immoo, yeroon qorannoon kun itti geggeeffame hojii idilee qorataa waliin walirra bu'uun hanqinni yeroo muudateera. Rakkooleen kunniin walitti ida'amuun qorannichi akka hin xumuramne gochuuf yaalanillee qorataan humna qabu hundaan dhiibbaa kanniin dandamatee qorannichis milkaa'uu danda'eera.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUUWWAN WALFAKKAATANII

Boqonnaan kun sakatta’a barruulee firoominaa kan mata duree qorannichaa waliin hidhata qaban of-jalatti qabatee dhiyaateera. Qabxiileen as jalatti dhiyaatan kunis: maalummaa ogbarruu, faayidaa ogbarruu, maalummaa asoosama dheeraafi gabaabaa, caacculee asoosamaa, maalummaa qeeqa ogbarruu, faayidaa qeeqa ogbarruu, maalummaa qeeqa seenawaa, xiyyeeffannoo qeeqa seenawaa, gosoota qeeqa seenawaafi sakatta’a qorannoolee walfakkaatanii kutaa kana jalatti kan dhiyaatanidha.

2.1. Maalummaa Ogbarruu

Ogbarruuf hiika dhaabbataa kennuufiin rakkisaadha. Sababni isaas guddinni ogbarruu jaarraawwan darbanii jiruufi jireenya uummataan walqabata. Jiruufi jireenyi ummataa immoo yeroodhaa yerootti jijjiirama, fooyya’aa deema. Moggaasaafi itti fayyadama jecha “ogbarruu” jedhu ilaalchisees, Afaan Oromoo keessatti gama barreessitootaatiinis ta’e garaagarummaatu jira. Maddi garaagarummaa kanaas jecha afaan Ingiliiziin “literature” jedhu kallattiin jechi Afaan Oromoon bakka bu’u dhibuusaafi rakkoo gama waaltinaan Afaan Oromoorratti mul’atudha. Kanaafuu, hunduu gama gamasaatiin kan fala ta’uu dandaa’a jedhee yaadutti gargaarama. Asafaan (2009) , jecha Afaan Ingiliziin “literature” jedhu Afaan Oromoon “oguma” jedhee itti gargaarameera. Oguma jechuunis Afaan Ingiliiziin “wisdom” isa jedhudha.

Akka yaada barreessaa kanaatti, “ogumni” yookiin “wisdom” hojii uumee yookiin kalaqa sammuu namaa kan afaaniin yookiin barreeffamaan jirudha jechuu dandeenya. Asafaa, (2009, f, 10). Jecha “ogbarruu” jedhu immoo, “oguma-barreeffamaa” jechuun gabaabinaan “ogbarruu” jedhee itti dhimma baheera Asafaa, (2009, f, 19).

Gama kaaniin yaada Fedhesaa (2017) yoo kan ilaallu ta’e, jecha Afaan Ingiliziin “literature” jedhu Afaan Oromoon “ogbarruu” jedhee bakka buuseera. Akka barreessaa kanaatti jechi “ogbarruu” jedhu Afaan Oromoo bakka bu’uun kan tajaajiluu danda’eefii hiika barreessitoonni hammi tokko “literature”-nii waan barreeffame qofa ilaallata jedhu kennanirraa ka’eeti. Kunis barreessaa kana qofaan otoo hin ta’iin barreessitootaafi barsiisota Afaan Oromoo baay’ee birattis kan tajaajilaaf oolaa jirudha. Kanaafuu, gara ogbarruu Oromootti yoo fidne hiika guutuu kennuu baatus garuu hundeensaa hiika jecha “literature” jedhuuf kennameerraa waan maddeef jecha “ogbarruu” jedhu gara kan Oromootti madaqsuun gargaaramuun garaagarummaa qaba jechuun itti fayyadameera.

Akkuma yaada barreessitoota kana lamman irraa hubachuun danda'amu jechi Afaan Ingiliziin "literature" jedhu gara Afaan Oromootti yeroo jijjiiramu garaagarummaa agarsiiseera. Akka waliigalaatti, maalummaa ogbarruu ilaalchisee ibsa garaagaraatu jira. Ibsi inni jalqabaa ibsa haala bal'aa ta'een kennamudha. Innis seenaa dhuftee jechichaa kan bu'uureffate yoo ta'u, jechi afaan Ingilizii keessatti "literature" jechuun tajaajilu, maddi isaa afaan Laatinii "littera" kan jedhamudha.

Haala kanaan "literature" jechuun waan qubeetiin barreeffamee jiru mara jechuudha. "The term derives from Latin litera-tura/litteratura learning, a writing grammar," originally "writing formed with letters," from litera/ littera "letter" (online Etymology Dictionary). Kana irraa ka'uun ogbarruun bal'inaan yoo ilaalame waan barreeffamee jiru hunda kanneen akka xalayaa, kitaabilee seenaa, barreeffamoota saayinsii garaagaraa, barreeffama amanti, asoosama, walaloo, beeksisa, akkasumas aartiiwwan waraqaarratti, mukarratti, dhagaarratti, huccuurrattiifi kan kana fakkaaturratti bocamee argamu hundiifi qubeetiin siimboliitiin, yookaan suuraan waan galmaa'ee jiru mara hammachuu danda'a.

Yaada kana keessatti xiyyeeffannoon ijoo barreeffamaan bocamee argamuusaati. Kana ilaalchisuun yaada beektota kanaa gadii ha ilaallu; Ogbarruun bal'isamee yoo ilaalame hojii barreeffamaan jiru hunda ilaallata."Literature, in its broadest sense, is any writing work" (Leitch et al, 1994, p .28).

Literature as fiction is consisting of carefully arranged words designed to show imagination, stories, poems, and plays. These genre represent imagination based on actual historical events. Imaginative writing differs from other kinds of writing. Like other art forms (music, picture), imaginative literature offers pleasure and usually attempts to convey a perspective, mood, feeling, or experience. Writers transform the facts the world provides people, places, and objects into experiences that suggest meanings (Meyer, 2005, f.99)

Dabalataanis, Fowler (1965) akka ibsutti, ogbarruun yaalii barreessaan tokko abdi, yaada, dhageettii, muuxannoofi walitti dhufeenya hawaasa gidduutti mul'atu ilaalchisuun waan bara jireenya isaa keessa taajjabe arga yaada mataa isaatiin kalaqee miidhagsee karaa ittiin dubbisaa biraan gahudha. Ogbarruun jiruufi jireenya hawaasaa keessatti waan badaas ta'e waan gaarii

baroota keesa mudatan bu'uura godhachuun jibbaafi jaalala akkasumas gaddaafi gammachuu ta'insa tokkoo kan baasee mul'isudha. Ogbarruun seenaa dhala namaa keessatti bara dheeraaf kan ture waan ta'eef, yaadawwan hedduun kan itti kenname, falmiwwaniifi qorannooleen hedduu kan irratti gaggeeffameedha.

Maalummaasaa, faayidaasaa, amalasaa, wanta inni ofjalatti haammatu, dhiibbaa inni namarraan ga'uu ilaalchisee wantootni hedduun jedhamaniiru. Ogeessota ogbarruun alas, ogeessotni biroo kallattii ogummaa isaaniitiin ilaaluun hiika itti kennuu yaalaniiru. Kunis ogbarruun dhimma baay'eefi damee hedduu kan ofjalatti qabuufi akaakuwwan beekumsaa baay'ee wajjin kan walxuxuqu ta'uusaa nuhubachiisa. Dhimma kana, Asafaan (2009:16-17) yeroo ibsu, "Ogbarruun ogummaa umrii dheeraa waan qabuuf qorannoon adda addaa bal'inaan irratti gaggeeffameera. Yaadniifi mormiiwwan garaa garaas irratti dhihaataniiru. Haala bal'ina ogbarruu, faayidaafi maalummaa isaarratti waan hedduun jedhameera" jedha.

Kunis, hiikniifi yaadrimeen ogbarruuf kennamu bal'aa ta'uusaa kan nu hubachiisu yemmuu ta'uu, jiruufi jireenya dhala namaa kan mul'isuu, bifaafi amala hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu akka ta'e agarsiisa. Kana jechuunis, ogbarruun bifa hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa hawaasa tokkoo agarsiisuurra darbee aadaa, duudhaafi barsiifata hawaasichaa kan ibsu; akkasumaas, amala, ta'iinsa, xinsammuufi ilaalcha nama hawaasicha keessa jiraatuu ni calaqqisiisa jechuudha.

Lazar (1993) immoo hiika ogbarruuf hayyoonni kennan keessaa, Paley (1974) wabeeffachuun yoo ibsitu, ogbarruun, asoosamni, walaloon kan biroonis haqa addunyaa irratti kanneen fidanidha; yeroo mara qaamolee gadi aantummaatti ilaalaman yookiin tuffatamoo jedhaman cinaa waan dhaabbatuuf, jetti. Walumaa galatti ogbarruun ogummaa kan of keessaa qabu ta'ee, waanuma hawaasa keessatti guyyaa guyyaadhaan raawwatamu, siyyaasa, diinagdee, ilaalcha, fedhii, hawwii, falaasamafi kkf filannoo jechootaatti gargaaramuun bifa miidhagina qabuun, sammuu dubbistootaa keessatti bifa fakkii uumuu danda'uun kan qalaqamudha. Walumaa galatti, hikni ogbarruuf kennamu tokkoofi tokko, kan garaa nama ga'u argachuun rakkisaa ta'ullee, dhimmi ijoo inni qabatee jiru waa'ee namaa, namumti karaa miidhaginaafi kalaqa qabuun deebisee nama biraan ga'uufi haqa hawaasa keessa jiru tokko kan agarsiisu ta'uu hubachuun nsma hin rakkisu.

2.2. Seenaa Ogbarruu Oromoo

Seenaa Ogbarruu Oromoo yoo ilaalle yeroo dhihoo as kan mula'achaa dhufe akka ta'eefi kanas sirnoonni darban dhiibbaan isaan Afaan Oromoo irratti geessisaa turan akka Ogbarruun Oromoo hinguddanneef danqaa ta'ee turuu seenaan dhugaa baha.

Afaan Oromoo Afrikaa keessatti Afaan dubbataman gurguddoo sadii, Arabii, Suwaahilii, fi Hawusatti aanee afaan sadarkaa 4tti dubbatamu, ammo, Itoophiyaa keessatti, afaan ummata % 40 oliin dubbatamu, afaan duraati. Haa tahuutii, gad-qabaafi dhiibbaa bara dheeraa aadaafi afaan sabichaa irra tureen hanga dhiyootti afaan barreeffamaafi afaan qorannoo/qu'annoo tahuu hintaane (Asafaa, 2009, f. 12).

Afaan dubbatoota hedduufi gaanfa Afrikaa keessatti biyyoota garaa garaa keessatti dubbatamu kun akka babala'atuufi ogbarruun isaas cimee akka ba'u waan barbaadamaa hinturre ta'uu isaa, baay'ina dubbatootaafi biyyoota Itoophiyaan alatti akka dubbatamuuf utuu xiyyeeffannoon kennameeraaf ta'ee, ogbarruun Oromoos akkuma sana sadarkaa ol'aanaa irratti argamuu akka danda'amu hinshakkisiisu. Yaaduma olitti caqasameen kan walwalfakkaatu, baay'ina dubbatoota Afaan Oromoo ilaalchisee Mahaammad (2017) akka ibsutti, dubbatoota miliyoona soddonii shanii ol kan qabu Afaan Oromoo afaanota bu'uurri isaanii Afirika ta'aniifi Afrikaa keessatti dubbataman keessaa Afaan Hawusaa biyya Naayijeeriyaatti dubbatamuufi Afaan Siwaahilii Afrikaa bahaatti dubbatamutti aanee sadarkaa sadaffaa irratti argamuu ibsa.

Afaanota Afroo-Eeshiyaawaa ta'an keessaa ammoo Afaan Arabaafi Afaan Hawusaatti aanee sadarkaa 3^{ffaa} irratti argama. Gama biraatiin ammoo mootummootni Itoophiyaa ilaalcha isaan Afaan kanaaf qaban maal akka fakkaatuufi akka inni hinguddanneef maal gochaa akka turan Mahaammad yoo ibsu, afaanota Itoophiyaa keessaa Afaan Amaaraafi Afaan Tigiree qofatu akka ibsituu sadarkaa qoroominaa, ogbarruu, beekumsaafi kabaja Itoophiyaatti fudhatama. Aadaan barreeffama Itoophiyaa keessatti mul'achaa turan kan agarsiisanis jibba farra Oromoo ciminaan kan calaqqisiisaniifi kunis kan hawaasa Absiiniyaa birattis hidda gadi fageeffatee turuu (Maddi olaanu) ni ibsa.

Itti dabalees, Mohammed (2017) namoota hojii Thomas Zitelman irratti waraqaa qorannoo dhiheessan Catherine & Rainer (1996) wabeeffachuun akka ibsetti, aadaa amantaa kiristaanaa duraanii Impaayera Itoophiyaa keessatti Afaan Oromoo akka "Afaan Seexanaa" tti illee

ilaalamaa ture. Jibba kanas dhugaarratti hundaa’anii osoo hintaane holola sobaa Oromoo irratti gaggeessuun: aadaan isaa akka walxaxaa ta’eetti, akka amantaa hinqabneetti, ijaarama siyaasaa sirna dimokiraatawaa akka hinqabneefi kanaaf ammoo kan isaan barbaachisu “Ergamoota qarooman” ollaa isaanii kan jiru biyya Abisiiniyaa irraa akka isaaniif barbaachisutti fudhachaa turuu addeessa (madda olaanu).

Jalqaba 1880 keessa erga Oromiyaa kolonii isaanii keessa galchani booda, Afaan Oromoo afaan hojii mootummaa, afaan daldalaa, afaan barnootaafi kan aadaan keessatti mul’atuu ala ta’ee, akka afaan dukkanaa’aa, qarqaratti qabamaafi duubatti hafaatti ilaalame. Ogbarruun Oromoo akka hinguddanneef ga’ee guddaa kan taphates imaammata Amaarummaa yoo ta’u, kunis fufiinsaan mootummoonni Itoophiyaa waggoota dhibba tokkoo oliif kan itti milkaa’anidha. Mootummaan Minilikiifi Hayile Sillaasee ogbarruun Oromoo akka hin guddanneef ciminaan qabsaa’aafi afaanichas cunqursaa turaniiru. Kunis, bu’aan inni qaqqabsiise Afaan Oromoo hamma afaan xiqqaa tokkoollee akka hinqoratamne, sanarra darbees gama ogbarruun hanga afaanota dubbattoota lakkoofsaan isaa gadi qabaniillee akka hinguddanneefi maxxansaaleen adda addaa akkallee ittiin hinmaxxansamne ta’aa turuu ibsa (madda olaanu).

Dhiibbaaleen kunniin hundi Afaan Oromoo irra ga’aa turuun isaanii Ogbarruun Oromoo haala barbaadamuun akka hinguddanneef gumaacha mataa isaanii kan qaban ta’uu yaadolee armaan olii irraa hubachuun nidanda’ama. Ta’us, Afaan Oromoofi Ogbarruun Oromoo karaa namoota biyya alaafi biyya keessaatiin qubeewwan gara garaatiin barreeffamuun isaa hinoolle. Kanas Asafaan (2009) yoo ibsu, Afaan Oromoo, bara 1768 nama biyya alaa gaanfa Afrikaa keessa deddeebi’aa kan ture, James Brucejedhamuun yeroo jalqabaatiif barreeffamuu akka hinoolleefi kunis qubee saabaatiin ta’uu ibsa. Namni kun yeroo biyya Oromoo keessa deemu afaanicha baratee kitaaba qulqulluu keessaa kan fudhatameefi Afaan Oromootti kan hiikame waan keeyyata tokko taatu kan toora 13 hincalle barreessee ture. Dabalataanis, namni Henry Salt jedhamu bara 1814 jechoota 40 gahan Afaan Oromoofi afaanota gaanfa Afrikaa biroo gara Afaan Ingiliziitti hiikee akka kuusaa jechootaatti kaa’uusaa ibsa. Namoonni biyya alaa kunniin lamaan garuu hojii isaanii Afaan Oromoon barreessuu itti fufuufi dhiisuu isaaniiwanti beekame hinjiru. Onesmos Nasiibis, Asteer Gannoo waliin ta’uun Kitaaba Qulqulluu gara Afaan Oromootti hiikaa akka tureefi Sheekkoo Oromoo qubee Saabaatiin barreessaa turuufi Asteer Gannoos sirboota naannoo ishee Afaan Oromoon barreessitee akka turte dabalataan ni’ibsa.

Gama birootiin, yeroo sirna Hayile Sillaasee Sheek Bakrii Saphaalloo qubee haarawaa Afaan Oromoo ittiin barreessuuf qopheessee akka tureefi ittiin barreessuu eegalus hacuuccaan cimaa irra ga'aa tureera. Bara 1973 Hayilee Fidaafi Gamtaan Barattoota Qo'annoo Oromoo kan Awurooppaatti argamanii, Addi Bilisummaa Oromoo, namni Gene B. Gragg (1982) jedhamuufi Xilaahun Gamtaa (1989) qubee Laatinii gara Afaan Oromootti fiduu, Afaan Oromootiin barreessuufi galmee jechootaa ittiin qopheessuu keessatti ga'ee ol'aanaa taphatanii akka turanis Asaffaa (1996), Asaffaa (2009) ni'ibsu.

Sirni Dargii kufuun isaafi ABOon mootummaa ce'umsaa biyyattii keessatti hirmaachuun, haala siyaasaa ture waliin walitti ida'amuun Ogbarruun Oromoo akka biqiluuf karaa bane. Qubeen Laatinii kan ABOon bara 1974 qabee itti fayyadamaa ture bara 1991tti maqaa "Qubee Afaan Oromoo" jedhutti ce'uun saffisaan hawaasa bira ga'uu danda'e. Kun immoo yoo ilaalamu, filannoon qubee Laatinii adeemsa baruufi barsiisuu mijeessuuf qofa akka hintaaneefi guddina qo'annoo afaanichaafis wabii ta'uu, akkasumallee walabummaa xiinsammuu ummata Oromoof illee gumaacha akka qabu yeroo sanatti dhihaataa ture (Mahaammad, 2010).

Yaada kana kan cimsu Asafaan (2009) Hawaasni afaan isaatiin dubbachuu, barreessuu, dubbisuu, qorachuu walumaagalatti ittiin hojjechuu yoo hindandeenye aadaallee hinqabaatu...dhiibbaa jaarraa tokkoo ol Oromoorra tureen Afaan Oromoo barachuuniifi barreessuun qorannoo adeemsisuun waanyaadamu hinturre jechuun dhiibbaa Afaan Oromoorra ture ibseera. Garuu, Afaan Oromoo dhiibbaa kana dandamatee har'a ogbaarruu adda addaa: Galmee Jechootaa, Galaalchaawwan, Kitaabolee barnootaa, qorannoowwan adda addaa, Afoolota gara garaa walitti qabuun maxxanfamee afaan ogbarruu horate ta'uu dandaheera.

Asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffamanis hedduutu jiru. Isaanis kan akka Kuusaa Gadoo, Suura Abdii, Godaannisa, Booree Booranaa, Yaadanii, Dirmammuu, Dhaamsa Abbaa, Hawwii, Kudhaama Jaalalaa, Jala Bultii, Miila Hinshokoksine, Gurraacha Abbayaafi kkf kaasuun nidanda'ama. Erga bara 1991 as asoosamoonniifi walaloowwan adda addaa hawaasatti dhihaachuu eegalaniiru. Asoosamoota dheeroo kanneen keessaa *Kuusaa Gadoo* fi *Dhaamsa Abbaa* Gaaddisaa Birruutiin, *Godaannisa* fi *Gurraacha Abbayaa* Dhaabaa Wayyeessaatiin, *Suura Abdii* Kumsaa Buraayyuutiin, kkf barreeffamuun isaanii barreessitoota birootiif karaa waan saaqaniif hanga ammaatti maxxanfamuun asoosamoota dheeraa itti fufee jira.

Walumaagalatti, Afaan Oromoo sadarkaa har'a irra ga'e kana irra ga'uufi afaan barreeffamaafi ogbarruu ta'uuf bu'aa ba'ii inni keessa darbe kan bara dheeraa fudhateefi qabsoo hedduu gaafatee ture ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama. Afaan Oromoo afaan yeroo dheeraadhaaf osoo barreeffama hinqabaatiin kan uummanni isaa sirnoota turan hundumaa keessatti qabsoo taassiseen osoo afaansaa hingatiin turee har'a afaan ogbarruu adda addaa taassifachuu dandahera. Kanaafuu, ogbarruu hawaasa tokkoo kan guddisan qeeqa, qo'annoofi qorannoo irratti gaggeessuu waan ta'eef qorataan kunis asoosama dheeraa "*Shira*" jedhurratti yaadxina seenawaatiin qorannoo isaa geggeesseera.

2.3.Seenaa Uummata Oromoo

Uummanni Oromoo hortee Kuush gurguddoo gaafa Afrikaatti argaman keessaa baay'inaan saba guddaa akka ta'e ragaan ni mirkaneessa. Biyya keessa Oromoon qubsumaan Kaaba-Bahaa irraa kaasee hanga Baha-jiddugaleessa biyya Keeniyaa fi Lixa biyya Sudaan irraa hanga Baha Afrikaa biyya Somaaliyaatti akka qubatu (Lewis,1984, 590) irratti ibsee jira (Seeyfuu, 2018:14).Horteen Kuush Dh.K.D. naannoo waggaa 8000n dura Kaaba Baha Afriikaa jiraachaa akka ture kitaabileen seenaa raga nuuf bahu. Yaada kanaan walqabsiisee Roobaleen (2015:1) "Bara Dhaloota Kiristoosiin dura waggaa 8000 irraa eegalee biyya missirii hanga Galaana Diimaatti naannoo Naayil yookiin Abbayyaatti yaa'u naannoo Kaaba Baha Afriikaa biyya Kuush jedhamuudhaan beekama." jedha.

Sabni Oromoo Saba dhugaatti amanuufi sabboonummaa leellisu, gaarummaa qabuufi shira hin beeknedha. Gaarummaan isaa kun immoo gareewwan faallaa isaa ta'anii fi shira xaxuu beekaniin akka cunqurfamu fi hanga har'aattillee gabrummaa jalaa guutummaan guutuutti akka ba'uu dadhabu isa taasiseera. Kunis, mootoliin dhufaa darban hedduun Oromoo harkaa nyaatanii Oromootti deebi'uun kan miidhaa turaniifii miidhaa jiran ta'uu mul'isa.Yaaduma kanaan walqabsiisee Mahaammad, (2017: 227-231) yaada kanatti aanee jiru barreesseera.

Suusiniyoos Oromoota biratti baqatee guddate Afaan Oromoo, seera Gadaatiifi akkaataa lolaa Oromoota irraa baratee isaaniin aangoo dhuunfatee deebi'ee diina ta'uun Oromoota hedduu akka fixe seenaan ni mirkaneessa...Miliinik gargaarsa Wallootiin manaa hidhaa Teewdroos keessaa bahe, Oromootatti hirkatee gargaarsa Oromootiin biyya hunda dhuunfatee maayyii diina Oromoo ta'e. Minilik qarqaarsa Wallootiin mana hidhaa Tewodroos keessaa bahee, Oromootatti hirkatee gargaarsa Oromootiin biyya hunda

dhuunfatee maayyii diina Oromoo ta'e. Badii faashistummaa jabduu galmee seenaa irraa hin haqamne Oromoorratti hojjachuun lubbuu nama hedduu galaafate.

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, Ummatni Oromoo nama namummaa isaatiin kabajuurra darbee gudduffachaan ofitti fudhatee kan guddisudha. Haata'utii garuu, Ummatni kun gocha gaarummaa hojjate kanaaf harki isaa yeroo daaraa hammaaru argina. Kunis kanuma inni harka isaatiin nyaachisee, obaaseefi kunuunsee guddise yeroo itti garagalee diina itti ta'u argina.

Dabalataan yaada kana deeggaruun, mootummoota dhufanii darban hunda keessatti kallattii garaagaraan jiruufi jireenya uummata Oromoo irratti dhiibbaan guddaa taasifamaa akka tureefi afaan saba kanaa akka hin guddaanneefillee dhiibbaa guddaatu taasifamaa ture. Haa ta'utii, sabni kunis dhiibbaawwan kana jalaa ba'uuf harka maratee taa'ee hin beeku ; qabsoo walirraa hin cinnee adeemsisaa tureera. Keessattuu qabsaa'onni Oromoo uummata isaanii gabrummaa jalaa baasuuf, dhama'aafi aarsaa hedduu kaffalaa turuun isaanii ni beekama. Ummatni Oromoo tokkummaatti kan amanu, garuu garaagarummaa obsaan kan dabarsu ta'us, Uummata hacuuccaafi gabrummaa hin fudhanne, kan ofirratti lolu, loles moo'udha (Asafaa, 2009, f. 12).

Akkuma yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, mootummoota dhufaa darbaa keessatti Ummatni Oromoo dhiibbaan garaagaraa irratti taasifamaa tureera. Haata'u malee Ummatni kun karaa garaagaraan falmachaa diina itti dhufu hunda ofirraa faccisaa turaniiru. Keessumaa qabsaa'onni Oromoo diina kallattii adda addaan itti dhufu kana adda durummaan kan gaggeessaa turan ta'uu, akkasumas wareegamaa biyya kana har'aan gahuu isaanii mul'isa.

Dabalataan Dirribii (2016) yaaduma olii kana deeggaruun akkasitti ibse; walakkeessa jaarraa 19ffaa irraa eegalee Mootiin Minilik II lafa Oromoo weeraree qabachuun of jalatti cabsee gabrummaan bulchuu kan danda'e namoota uummata Oromoo keessaa bahan aangoo fi faayidaadhaan qabachuun, akkasumas, amantaan, lagaan fi gosaan akka walqoqqooduu gochuun Oromoo Oromoodhaan rukkutuun akka ta'e ragaaleen seenaa ni addeessuu. Ummanni Oromoo erga gita bittaa alagaa jalatti jalqaba jaarraa 19ffaa kufee eegalee karaa addaa addaatiin qabsoo mirga abbaa biyyummaa isaa yeroon inni itti bifa gurma'eenis ta'e bittina'een hin taasisin hafe hin ture. Haata'uu malee, gitni bittootaa sirnoota darbanii Oromoota gantuu ta'an faayidaadhaan ofitti qabuun Oromoo irratti kaasuun akka cabsaa turan galmee seenaa ni addeessa. Gochaalee

suukkanneessaa bara sana raawwate keessaas harma muraa fi harka muraa Aanolee, Calii Colanqoo fi qe'ee fi lafa isaa irraa hari'atamuu Oromoo Gullallee kaasuun ni danda'ama.

Akkuma yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, akkuma Oromoon 'soogidda soogiddaan cabsu' jedhee mammaake sana Oromoo ta'anii faayidaa garaagaraatiin goyyomfamuun Oromooti garagaluun lagaafi gandaan qooduun yeroo miidhaa Oromoorratti taasisantu mul'ata. Gochi Minilik Uummata Oromoo irratti raawwachaa ture kunis goodaannisa yoomillee sammuu ilman Oromoo keessaa ba'uu hindandeenye ta'ee jira. Isa kana yaadachuudhaaf yeroo ammaan kana siidaan harkaafi harma muraa Aanooleerratti ijaarame jiru ragaadha. Keessumaa Arsii Aanolee irratti yeroo Oromoon jiila baallii wal harkaa fuudhinsa Sirna Gadaa qabutti eeguudhaan uummata aadaa isaa eegee miidhagee bahe gara jabummaan harkaa fi harma muranii fixuun isaanii aadaa, afaan, seenaa, eenyummaa fi waan Oromoon qabu hunda balleessuuf yaalii godhamedha.

Yaada kana deeggaruun Mekuria (2016) muuxannoon dargaggoo Oromoo waggaa 15 darbanii akka mirkaneessutti mormiin karaa nagaa geggeeffamaa ture haala jiru jijjiiru hin dandeenye. Haala jiru kanaaf deebii ta'uu kan danda'uu karaa hundaan tarkaanfii of ittisuu fudhachuudha. Bilisummaan bilisaan hin kennamu. Qaamoota haccuucaa raawwatan kadhaachuun hin argamu. Sirna wayyaneedhaan dursamu dimookiraasii siyaasaa kadhachuun ajjeechaa dargaggoo Oromoo irratti jimlaan taasifamaa jiru akka itti fufu afeeruu, qonnaan bulaa Oromoo lafa irraa buqqisuu, fi hidhuu, dararuu fi ajjeessuu ummata Oromooti.

2.4. Faayidaa Ogbarruu

Ogbarruun hawaasa tokkoof faayidaalee inni qabu kallattii gara garaatiin ilaalamuu danda'a. Kanneen keessaa inni tokko, hawaasni adeemsa dubbisuu isaa keessatti odeeffannoo argachuu, beekumsa jechootaa gabbifachuu, ragaa irratti hundaa'ee waan tokko murteessuu, waan tokko adda baasanii ilaalu, xiinxaluu, qeequu, walitti dhufeenya waantotaa sakatta'uu, garaagarummaa istaayilii barreeffamoonni ittiin dhihaatan hubachuu, yaada murteefi walii galaa irra akka ga'uuf wanta barreessaan barreessu tokko dubbisuun bu'aa guddaa qabaachuu Omojiuwa (1997) wabeeffachuun Ihejirika (2014) ni'ibsa.

Ogbarruun fedhii, hawwii, ilaalcha, falaasama, dinagdee, siyaasa hawaasa tokkoofi kanneen biroos calaqqisiisuuf gargaara. Akka Asafaan (2009) ibsetti ogbarruun haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan agrsiisu hariiroo hawaasni sadarkaa adda ddaatti qabu kan mul'isu fi seena darbe kan ittiin yaadachisaanidha. Kunis, dhiphina, gidiraa, soba, haxxummaa, mamii, kachachala, fakkeessaa, ofittummaa, hamee, hannaafi kkf hawaasa keessaa ifatti baasee kan mul'isudha. Dabalataanis ogbarruun haqa dabe ibsuuf, kanneen fafa ta'aniifi hin taane adda baasee agarsiisuufi waan sirriif dogoggoraa addaan baasee kan barsiisudha. Yaada kana ilaalchisee Lazar (2009:3), akkas jechuun ibsitetti:

Literary texts have a powerful function in raising moral and ethical concerns in the classroom. The tasks and activities we devise to exploit these texts should encourage our students to explore these concerns and connect them with the struggle for a better society. In fact, being made to read texts so alien to their own experience and background may only increase students' sense of frustration, inferiority and even powerlessness.

Yaada armaan olii irraa akka hubannutti barreeffamoonni ogbarruu daree barnootaa keessatti safuufi namuusa barsiisuuf humna guddaa kan qabanidha. Barattooni barreeffamoota ogbarruu yeroo dubbisan muuxannoofi dandeettii waa xiinxaluu dabalaa akka adeemaniifi fedha dubbisuu illee horachaa akka adeemanif isaan gargaara. Gama biraatiin, asoosamoonni dhimmoota hawaasaafi seenawaa irratti barreeffaman waa'ee hawaasichaafi seenaa gochaaleen gurguddoo keessatti mul'atan ta'uu Abrams (1999), asoosamni dhimma hawaasaa irratti bu'uureffate gochaalee dhiibbaa haala hawaasaafi dinagdee bara sanaa calaqqisiisan qooddattoota bocamanitti dhimma ba'uun agarsiisa jechuun ibsa.

Asoosamni akaakuu ogbarruu keessatti akkuma argamu gama isaatiin ga'ee ogbarruun ba'atu ba'achuun isaa dirqamadha. Asoosamni dhimmoota maatii, hiriya, ...gidduu jiru kan hariiroo walxaxaafi walitti dhufeenya qabaatanii bakka tokkotti ilaalaman bifa qulqullina qabuun dhiyeessuun walqabatee ga'umsa qaba. Barreeffamoonni asoosamaa tajaajila isaan kennan beekumsa hawaasaa dhokate tokko mul'isuu qofa osoo hin taane, beekumsa kana ibsuufi kallattiin gochaanis akka moodeelaatti raawwachuu yookiin addunyaa hawaasaa kan fakkaachuu, akkasumas muuxannoo odeeffannoo kana ittiin ibsuun kan danda'amudha. (Mar fi Oatley, 2008)

Akkasumas, yeroo baay'ee haalota siyaasaafi dinagdee dhokatoofi ifatti mul'atan irratti barreeffama yaada kennudha. Asoosamni seenawaas, gochaalee seenaa keessaa qooddataafi yoomessa qofa kan fudhatu miti; gochaaleefi dhimmoota seenawoo tolchuun hiiroo qooddataafi seeneffama sanaaf murteessaadha. Asoosamni seenawoo guurguuddoo yeroo baay'ee dhimma barreessaan kabajaa kenneef tokko beekuuf kan isaan fayyadaman qooddattoota ol'aanoofi gochaalee achi keessa jiranidha.

Walumaa galatti ogbarruun barreeffamaan dhalootaa dhalootatti kan darban ta'ee, : sammuu gabbisuu, ija banachiisuu, bashannansiisaa barsiisuu, eenyummaa hubachiisuu, bal'isanii akka yaadan gochuu, onnachiisuu, aadaafi duudhaa hawaasaa dhalootaaf dabarsuu, falaasamaafi seenaa duraanii asfiduun jiruu har'aa qajeelchuu dabalatee dhimmoota siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi seenawaa hawaasa tokkoo kan dubbistoota quba qabsiisuufi dandeettii xiinxaluu, qeequu, dubbii tokko gadi fageenyaan ilaalani tarkaanfii tokko fudhachuufi hawaasni ilaalcha walfakkaataa akka qabaatuuf qooda inni qabu ol'aanaa ta'uu yaadolee asiin olitti caqasaman irraa hubachuun nidanda

2.4.1. Gosoota Ogbarruu

Ogbarruun hojii kalaqaa kan muuxannoo jiruufi jireenya hawaasa tokkoo irratti hundoofnee, akka sammuu dhala namaa keessatti miira uumuu danda'uun miidhagsineefi kuullee ittiin ibsinudha. Ogbarruun kun hojiiwwankalaqaa kan akka: asoosamaa, walaloofi diraamaa of jalatti hammata. Gooroowwan ogbarruu kanneen keessaa qorannoon kun asoosamarratti kan fuulleffatedha.

2.4.1.1. Asoosamaa

Jechi asoosama jedhu, jecha afaan Ingilizii kan 'novel' jedhu kan bakka bu'uudha. Gaaffii asoosamni maali?jedhuuf deebii murtaa'aafi tokko qofa ta'e kennuun rakkisaadha. Dameen ogbarruu kun erga argamee jaarraa 17ffaadhaas beektonni ogbarruufi barreessitoonni qorannoo geggeessaniifi ibsa kennaman kallattii kaayyoo, sababaafi amala isaatiin yaada garaagaraa kennaniiru.

Haaluma kanaan ilaalchaafi hiika asoosamaa ilaalchisuun kennaman yommuu ilaallu, asoosamni bu'aa kalaqaa sammuu ilma namaa akka ta'etti kanneen ibsan nijiru. Asafaa (2009, f.125) asoosama yommuu ibsu: "Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha" jedha. Kana jechuun ammoo asoosamni akkuma ogbarruu barreeffamaa biroo

bu'aa kalaqqii sammuu ilma namaa akka ta'eefi namoota dubbisanii hubataniif kan qophaa'u ta'uu nama hubachiisa. Haaluma walfakkaatuun maalummaa asoosamaa ilaalchisee Zarihuun, (1998, f. 152) yommuu ibsu, "Asoosamni haala jiruufi jireenya dhuunfaafi hawaasa tokkoo karaa ittiin calaqqisiifamu, jecha qindaa'aa ta'een kan dhiyaatuufi argaa yaadaan kan guutame, oguma lubbu qabeessa ta'eedha" jedha.

Waraabbiin armaan olii kun kan nutti agarsiisu, asoosamni waa'ee jiruufi jireenya dhala namaa mul'isuuf humna kan qabu, seenaa dhugaa qabatamaa yoo ta'uu baatellee, waa'ee addunyaa qabatamaa bifa calaqqeen kan nutti agarsiisu ta'uu isaati. Maddi yookiin ka'umsi isaas muuxannoo hawaasaa yoo ta'u, barreessaan immoo dhugaa sana giddugaleeffachuun beekumsaafi muuxannoo qabu fayyadamuun dhugaa jiru sana calaqqisuun kan itti gargaaramuudha. Walumaagalatti, hiikni asoosamaaf kennamu bal'aa ta'ullee cuunfaa hiika qaamolee adda addaan kenname gabaabsuun akkas jechuu dandeenya. Asoosamni gooroowwan ogbarruu keessaa tokko ta'ee kan barreessaan tokko gochaalee addunyaa haqaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwataman yookiin raawwatamuu danda'u jedhee yaadu bu'uura godhatee akka hubannoofi ilaalcha isaatti kan qindeessudha. Akkasumas, haalli jireenya hawaasaa kan keessatti mul'atuufi suuraa jireenyaa yookiin muuxannoo hawaasaa deebisee hawaasaaf dhiyeessa.

2.5. Qeeqa Ogbarruu

Maalummaafi barbaachisummaa qeeqa ogbarruu irratti akkasumas, haala hojimaata isaafi ogbarruu biyya tokkoo keessatti gaheen inni bahatu hiikniifi ilaalchi hedduun irratti kennamee jira. Barreessitoonniifi qeeqtotni ogbarruu baay'een irratti wal falmaniiru; baay'ee ibsaniirus. Kanarraa ka'uun, qeeqni ogbarruu bara Giriik qaroominaan beekamturraa ka'ee hanga har'aatti falaasamoonniifi ilaalchawwan gara garaa calaqqisaniiru. Seenaasaa namoonni barreessaniifi qoratan akka ragaa bahanitti barreessitoota qeeqa ogbarruu warra angafaa Pilaatoofi Aristootil irraa jalqabee yaadoleen gara garaa irratti calaqqisaa, kallattiin ilaalcha adda addaa irratti mul'achaa dirree ogumaa guddachaafi jijjiiramaa dhufedha. Dutton (1984:459) immoo maalummaa qeequu akka itti aanutti ibsa.

Criticism is analysis of its structure and style judgment of its worth by comparison with other works, estimation of its likely effect on readers and the establishment of general

principles by which literary works individually, in categories or as a whole can be evaluated and understood.

Akka yaada armaan olii kanaatti, qeequu jechuun caasaa, tooftaafi bu'aa hojichi qabu qaaccessuudhaan hojiilee ogbarruu biroo wajjin walbira qabani murtii kennuu dha. Akkasumas hojii namni tokko hojjate akka waliigalaatti yookiin gareetti qooduudhaan xiinxaluun hiika itti dhiyaatu tilmaamuun itti laachuun madaaluufi hubachuudha.

Qeeqni ogbarruu xiinxalaafi madaallii hojii ogbarruu tokko irratti taasifamuudha. Ogbarruu keessatti garuu qeeqa jechuun dhimma tokko irratti adeemsa qaaccessaafi madaallii gargaaramuun murtii ta'e irra ga'uuti. Kunis, ulaagaa ogbarruun tokko ittiin qeeqamurra dhaabbatani barreefama tokko keessatti hanqinaafi cimina jiru addaan baasuudha. Qeeqni ogbarruu, hojii ogbarruu tokko sirriitti beekuufi qorachuun safartuuwwan Ogbarruu murtaa'oo ta'an bu'uureffachuun madaalli ogummaan kennamudha. Dabalataanis, qeeqni ogbarruu hojii tokko kanneen biroo waliin dorgomsiiisuun sadarkaan kanittiin murteeffamu jabinniifi laafinni hojichaa adda bahee kan ittiin beekamu gochaa oguuma ta'usaa hubachuun barbaachisaadha.

Qeeqa ogbarruu ilaalchisee Zarihuun (2014) yaada Wellek (1966) wabeeffachuun ibsutti, hojiilee barreessitoota muraasaa ilaaluudhaan ciminaafi laafina isaanii adda baasuudhaan murtee kennuu qofa miti. Waa'ee yaadxina ogbarruufi qajeeltoowwan isaa, amala ogbarruu, waa'ee iccittii kalaqama isaa, waa'ee dalagaa isaa, waa'ee bu'aa inni argamsiisuu, waa'ee dalagaalee namummaa waliin hariiroo inni qabuu, waa'ee akaakuuwwan isaa, waa'ee akkaataabarreeffama isaa, waa'ee dhufaatii isaafi seenaasaa hunda nihammata. Hojiin ogbarruu qeeqamuus kan jalqabe bara qaroomina Giriikii kaasee akka ta'e hayyoonni ogbarruu tokko tokkoo ragaa ba'u. Kanneen keessaa Habib (2005:1) ni ibsa.

Our English word “criticism” drives from the ancient Greek term *krites*, meaning “judge”. Perhaps the first type of criticism was that which occurred in the process of poetic creation itself: in composing his poetry, a poet would have made certain “judgment” about the themes and techniques to be used in his verse, about what his audience was likely to approve, and about his own relationship to his predecessors in the oral or literary tradition.

Akka yaada olii kanaatti jechi “qeeqa” jedhu jecha Giriikotaa duraanii “*krites*” jedhamurraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaas murtoo kennuu akka jechuuti. Hojiin isaas kan jalqabe adeemsa

waloon tokko walaloosaa ittiin barreessu, qindeessu, dhaamsa ittiin dabarsu, haala ijaarsa bo'oowwan walaloo, dhiibbaa walaloon sun miira dhaggeeffataa yookaan dubbisaa isaarraan ga'uufi hariiroo inni hordoftoota isaa waliin qabu addaan baasanii beekuuf kan itti gargaaramaan akka ta'e namatti mul'isa

Mario (2005:100) qeeqa ogbarruu akka armaan gadiitti ibsa:

...the term literary criticism can refer to the literary interpretation of texts as well as their evaluation. For that reason, "literary critique" is sometimes used to differentiate between the interpretation of a text and the evaluative criticism that often occurs in connection with literary awards and book reviews.

Akka yaada kanaatti, qeeqa ogbarruu jechuun hojii ogbarruu tokko madaaluufi hiikuu (ibsuu) of-keessatti hammata yookaan hojii ogbarruu tokko madaaluun hiika itti kennuu jechuudha. Kanas yeroo raawwatan ciminaafi hanqina ogbarruun sun qabu addaan baasuun fooyyeessaa deemuudha. Kunis kan taasifamu, hariiroo akkaataa barruun tokko itti hiikamuufi madaalliin qeeqoo gidduu jiru adda baasuun, kan fooyya'uu qabu barruu duraanii waliin wal-qabsiisaa fooyyesaa akka deemaniif nama gargaara. Hala kana keessatti ciminaa mul'atee onnachiisuufi hanqina mul'ateef irraa deebi'amee fooya'ee akka barraa'u taasisuun barbaachisaa akka ta'e namatti agarsiisa.

Gama biraatiin, Lodge (1988:63) hiika qeeqa ogbarruu akka itti aanuutti ibsa:

Criticism consists of judging and appreciating recent works with a view to helping the public make up its mind, and a scientific function which consists of a positive study, closely with a view of knowledge of the conditions of existence of literary works or the materiality of the text, source, psychological or historical origins, etc.

Akka yaada hayyuu kanaatti, karaalee hojiin ogbarruu tokkoo ittiin madaalan, dinqisiifatan, sammuu dubbistootaa kakaasan, maaddafi seenaa isaa qoratan akkasumas wantoota hawaasa keessaatti mul'atan calaqqiisuu isaanii karaa ittiin madaalaniifi xiinxalan akka ta'e namatti agarsiisa. Dabalataanis, qeeqni ogbarruu yaada dimshaashaa qo'annoo hojii ogbarruu tokko ittiin ibsuu, qoqqooduu, xiinxaluu, hiika itti kennuufi madaaluu kan ofkeessatti hammatu tu'uu, "...literary criticism, is the overall term for studies concerned with defining, classifying,

analyzing, interpreting, and evaluating works of literature,” jechuun Abrams (1999, ff, 49-50) ni ibsa.

2.5.1. Barbaachisummaa Qeeqa Ogbarruu

Og-barruu tokko haala barreeffamaafi qindoomina isaa dubbisuun qeequun barbaachisa dha. Qeeqni og-barruu barruu kalaqaa yaaxinoota adda addaa fayyadamuun barruulee ogbarruu xiinxaluurratti xiyyeeffata. Kaayyoon qeeqa ogbarruu, barruun ogbarruu tokko dubbistoota akka gammachiisu taassisuun dubbistooti barruu sana akka dinqisiifataniif jajjabeessuun, barruu ogbarruu filatame sana gadifageenyaan xiinxaluun wanta dubbisaan barruu sana keessatti akka salphaatti laalee bira darbe sirriitti akka hubatamu taassisanii agarsiisuudha.

Ellis, (1974:54) faayidaa qeeqa ogbarruu akka armaan gadiitti ibsa.

It has often been said that the purpose of criticism is to render the text more enjoyable to the reader, to encourage and excite his appreciation of the text, to explicate it and to point out to him what he might have missed.

Akka yaada armaan oliitti, qeeqni ogbarruu barruun sun dubbisaan barruu sana akka dinqisiifatuufi barruun sun akka miiraan dubbifamuuf ibsa.

Tyson (2006:4) itti dabaluun faayidaa qeeqa ogbarruu ilaalchisee akka armaan gadiitti ibsitee jirti.

Critical theory increases rather than decreases your appreciation of literature. The more experience in life, the more we are capable of experiencing on literature. So, as you grow in your capacity to understand theory to think more broadly and more deeply about human experience and the world of ideas, the more you will be capable of appreciating the rich density, the varied texture and shades of meaning, available in literary works.

Yaada armaan olii irraa wanti hubatamu, yaaxxinni yookaan qeeqni ogbarruu humna dinqisiifannaa ogbarruu keenyaa dabalaa kan deemu ta’uusaati. Hammi muuxannoo ogbarruu keenyaa hamma muuxannoo nuti jreenya keessatti horannuu waliin madaalama. Hanguma nuti yaaxxinaalee ogbarruu hubachaa, muuxannoo ilmoo namaa ilaalchisnee addunyaa yaadaa keenya bal’ifachaa deemneen hammi dinqisiifannaafi ergaawwan gadi fagoo hojii ogbarruu tokko keessa jiran hubachuun dabalamaa deema. Yaadxinni qeeqa ogbarruu, ogbarruun tokko yammuu

qeeqamu bu'aalee gara garaa qabaachuu ibsa. Kanas, Tyson (2006) akka jettutti, yaadxinni waa'ee mataa keenyaa akka barannuufi addunyaa keessa jiraannu kallattii bu'a-qabeessa ta'een ilaallee kanneen kaan irratti dhiibbaa akkamitti akka geessisnu kan dandeessisudha. Dhiibbaan kunis, ijoollee keenya akkamitti akka barsiifannu, sagantaalee televiiziyinii adda addaa akkamitti akka ilaallu, sagalee keenya akkamitti dhageessifachuufi waan tokkotti akkamitti dhimma akka itti baanu; mormii dhimma hawaasaa, siyaasaa, amantii irratti qabnu isa kaanitti akkaataa itti agarsiifnu; hamilee, sodaafi fedhii mataa keenyaa akkamitti akka hubannuufi mataa keenyaan mari'annu nugargaara.

Dabalataanis, wantoonni dhala namaan dalagaman ogbarruu qofa osoo hintaane, kanneen akka fiilmii, muuziqaa, aartii, teknooloojiifi ogummi harkaa muuxannoo dhala namaatiin ala fagaataniiru, jennee yoo amanne, fedhii, diddaafi dandeettii achi keessatti mul'aturraa barachuun nidanda'ama. Yaadxinni qeeqaa waan argachuuf barbaadame tokk leensii bu'a qabeessa waa'ee addunyaa keessa jiraannuufi mataa keenyaa ittiin ilaallu qofa osoo hintaane, meeshaa daran barbaachisu, kan dandeettiin yaaduu keenyaa sababa-qabeessa akka ta'u cimsa; akka waa kalaqnu kan taasisuufi kallaattii sirriitiin akka waa ilaallu kan nu taasisu ta'uu ibsiti (Tyson, 2006). Walumaa galatti, qeeqni ogbarruu guddina ogbarruuf gumaacha inni qabuun alatti qaamni hawaasaa ogbarruun sun barreeffamuuf hubannoo haala kallattii beekumsa garaa garaafis ta'e akkaataa yaaduu, tilmaamuu, hubachuufi beekumsa gabbifachuudhaaf ga'ee ol'aanaa qabaachuu isaa yaadolee asiin olitti dhihaatan irraa hubachuun nidanda'ama.

2.5.2. Qeeqa Seenawaa Ogbarruu

2.5.2.1. Maalummaa Qeeqa Seenawaa Ogbarruu

Qeeqni seenawaa akaakuuwwan qeeqa ogbarruu keessaa tokko ta'ee, wantoonni yeroo darbe keessatti raawwataman adeemsa isaan keessa darbaniifi hawaasa biratti haala isaan itti hojiirra oolan seecca'ee baasuun kan qeeqa ogummaa kennudha. Yaada kanas, Tyson (2006) ilaalcha Markis qabu yoo ibsiti, haalli dinagdee faayidaa bu'uureffate, haalli hawaasaa, siyaasaafi ilaalchaa dantaa ofii milkeessuuf deemsifamu haala seenawaati jedha.

Qeeqni seenawaa, hojii ogbarruu tokko ilaaluuf bu'uura ta'uu kan danda'u, yeroo, iddoofi haalawwan barreeffamni sun akka uumamu godhan xiinxaluu barbaachisa yaada jedhu kan giddu galeeffatedha. Akka yaaxxina kanaatti ergaa yookiin dhaamsa ogbarruu tokkoo hubachuuf

seenaa beekuun murteessaadha. Dhimmootni barreessaan yommuu ogbarruu kana qopheessu keessa ture of duuba deebi'amee yoo ilaalameen ala waa'ee ogbarrichaa beekuun rakkisaadha jedhu. Kanaafuu, ogbarruu tokko hawaasa ogbarrichi keessatti barraa'e irraa adda baasuun ilaaluun rakkisaa ta'a.

Dabalataanis, ta'insa dhalli namaa dalage tokkos haa ta'u, meeshaa dhalli namaa oomishu tokko hubachuudhaaf, akkaataa ta'insi sun itti raawwateefi meeshaan sunis itti oomishame hubachuun barbaachisaa ta'uu ibsa. Akka ilaalcha kanaatti gochaaleen dhala namaafi oomishni inni oomishu hundi meeshaa murtaa'aa ka'umsa seenawaa qabu. Dhimmi dhala namaa waliin walqabatu fakkii guutuu kan nuuf argamsiisuu danda'u: waan dhokate barbaaduu, kan daangaa yeroo irratti hinhundoofne yookiin qajeelfama qabu osoo hintaane, haala qabatamaa addunyaan keessa turte irrattidha.

Qeeqni seenawaa hojii kalaqaa tokko dhugaa addunyaa qabatamaakeessa jiru faana qabee kan qeequ. Kanuma ilaalchisuun Stephen (2000, f. 366) maalummaa qeeqa ogbarruu seenawaa yommuu ibsu, "Historical criticism is a criticism that examines a work of literature within the context of its historical setting and elevates the historical perspective of a work to a central position in its understanding," jedha. Yaadni kun akka mul'isutti qeeqa seenawaan ogbarruu tokko qeequuf: haalota ogbarrichi keessatti barreeffame, yoomessa seenichaafiqabxiin seenaan walqabatan hubannoo keessa galchuun kan raawwatamudha.

Kanarraa wanti hubatamu qeeqni seenawaa seenaa kophaasaattiqorachuu osoo hintaane ogbarruu tokko qorachuufi xiinxaluuf haalli ogbarrichi keessatti barreeffame beekamuu qaba yaada jedhurraa ka'uudhaani. Hawaasni kamiyyuu haalli jiruufi jireenyaisaa seenaan kan wal hidhateedha. Seenaa kanammoo baasee hojii ogbarruutiin kan nutti himu barreessaadha. Qeeqa seenaatiin ammoo: dhimmoota kana akka gadi fageenyaan qorannu, waa'ee barreeffamoota adda addaa irratti akka yaada gabbiffannu akkasumas dhiibbaa seenaan ture hojii barreessichaa irraan ga'e hubachuuf nu gargaara (Stephen, 2000, f 366)

Xiyyeeffannoon qeeqa seenawaa, ogbarruuwwan armaan dura qophaa'an hiikaafi faayidaa isaa haala hawaasa yeroo sanaa faana kan xiinxaluudha. Hojiin ogbarruu tokko kan hiikamu dhugaa seenaa hawaasabara sanaa waliin wal bira qabuun ta'uu qaba. Qeeqni seenawaan hojii ogbarruu tokko kophaasaatti kan ilaalu osoo hin taane, akka bu'aa haala qabatamaa yeroo ta'e tokkootti kan hubatudha. Ogbarruun, amala hawaasa, aadaa fi siyaasa isaa waliin ilaalamu qaba. Qeeqni

seenawaan xiyyeeffannoon isaa, ogbarruun tokko siyaasa biyya tokkoo keessatti qooddiin aangoo maal akka fakkaatu haala kamiin ibse kan jedhu kan ilaaluu. Akkasumas ogbarruudhumti sun akkamitti akka oomishame, raabsameefi hojjiirra oole kan xiinxaluudha. Ogbarruun dhimma kophaasaatti xiinxalamu miti (Vincent, 2001, f. 27).

Gabaabumatti qeeqni seenawaa hojii ogbarruu tokko: duudhaa hawaasa ogbarrichi keessatti barreeffame, gochaawwan adda addaa yeroo sanatti raawwatame duukaafi dhimmoota biroon wal qabsiisuun ilaaluu akka barbaachisu nutti agarsiisa. Yaada kanarraa wanti hubannu ogummaa afoolaan jirus ta'e kan barreeffamaan jiru tokko yaaxxina kanaan qeequuf, dhimmoota ogbarrichaan ala jiran sirriitti xiinxaluun hubachuu gaafata jechuudha. Akkasumas, akka xiinxala Markisitti, dalagaaleen dhala namaan dalagamaniifi meeshaaleen oomishaman xiyyeeffannoon isaanii garee hawaas-dinagdee, hawaasa keessaas ta'e hawaasa keessatti, haala sochii walii galaa dhala namaa karaa qooddiifi addummaa humna dinagdee hidhata kan godhatu ta'uu ibsa (madda olaanu).

Yaaduma walfakkaatuun Abrams (1999) deeggaraa yaada Karl Marks kan ta'e ilaalcha Frederic Engles akka ibsutti, jijjiiramni seenawaa tokko yammuu mudatu akkaataan waan tokko ittiin oomishan bu'uurarraa akka jijjiiraamuufi kunimmoo dhiibbaa jijjiirama caasaa hawaasaa, gartuun yeroo sana keessatti deeggartootaafi irra aantee qabaatan dhimma siyaasaa, diinagdeefi faayidaa hawaasummaaf qabsaa'an akka ijaaraman taasisa.

2.5.2.2. Xiyyeeffannoo Qeeqa Seenawaa

Qeeqni seenawaan hojii ogbarruu, jireenya hawaasaa irraa adda baasee kophaatti kan xiinxalu miti. Kanuma ilaalchisuun, Thomas (2007, f. 160) qeeqni seenawaa kan galumsa isaafi hidhata inni dhugaa qabatamaa hawaasaa asoosamichi barraa'eef geggeeffamu, barruun qeeqamu haala bira qabuun raawwatamuu qaba jedha. Bu'uuruma kanaan qeeqni seenawaa yommuu geggeeffamu qabxiiwwan xiyyeeffannoo armaangadii giddugaleeffachuun deebii kennuu danda'uutu irraa eegama.

Barreessaan eenyu?kaayyoon barreeffama isaa/ishee maali? Ogbarrichi haala qabatamaa hawaasa keessa jiru nimormamoo nideeggara? , haalli qabatamaa hawaasaa ogbarrichi keessatti barreeffamee maal fakkaata?, dhimmootni hawaasaa akkamitti dhiyaatan?, haala kamiin ibsaman?. taateen siyaasaafi falaasamni yeroo sanaa hojii ogbarruu kana irraan dhiibbaa akkamii geessise?, namfakkiiwwan haala qabatamaa hawaasa keessa jiru bakka bu'uun bocamaniiruu? ,

gabaabumatti, yaadota armaan olitti ka'an kanneeniif qorannoon qeeqa asoosamaa akka deebii qabatamaa kennuu danda'utti xiinxalamee dhiyaata.

Qeeqni seenaa hojiin ogbarruu tokko ilaalamuuf bu'uura ta'uu kan danda'u yeroo, iddoofi haalawwan barreeffamni sun akka uumamu godhan xinxaluu qofa osoo hintaane, kan qeeqaafi seenaa waliigalaa barreeffamichaan walitti hidhatan xiinxaluu barbaada jedha. Barreeffamni tokko waan hundumarraa adda bahee kophaa isaatti hiika itti kennuun barbaachisaa akka hintaanetti kaasu. Qeeqni kun dhuma jaarraa 19^{ffaa} barreessitoota biyya Jarman Herder fa'aan kan jalqabame yoo ta'u, hayyoota seenaa jaarraa 20^{ffaa} Von Ranke fi Meinecke birattis fudhatama guddaa argachaa ture.

Qeeqni Seenaa irra caalaa kan jalqabame hojii Stephen Greenblatt 'The Power of Forms in the English Renaissance' jedhamuufi bara 1982 maxxanfameefi qeeqni seenaa hojiirra ittiin ooleen yoo ta'u, bal'inaan beekamtii kan argate bara 1990 n keessa ture. Jecha Qeeqa Seenaa Haaraa jedhus yeroo duraaf hojiisaa kana keessaatti kan itti fayyadame dha. Kanaafuu, Stephen Greenblattabbaa qeeqa seenaa jedhamee waamama.

2.5.2.3. Gosoota Qeeqa Seenawaa

2.5.2.3.1. Qeeqa Seenaa Durii

Qeeqni durii hojiin sun yeroo hojjatame sanatti hiika akkamii akka qabu, dubbistootaan akkamitti fudhatamaa akka ture, ergaa maalii akka dabarsu, yoomiifi eenyuun akka barreeffame sakatta'a. Eenyummaafi ilaalchi barreessaa akkasumas yeroofi iddoon hubannoo hiikaatiif ga'ee ol aanaa qabu. Yaadidamni kun akka jedhutti, hojiin ogbarruu tokko miira ykn hafuura (sene) yeroo barreeffame sanaan dubbifamuufi hiikamuu qaba jedha. Sababni isaa, hojiin ogbarruu bu'aa ykn oomisha (product) yeroofi bakka itti kalaqame sanaafi haala dhugaa jireenya hawaasa keessatti kalaqqame sanaa kan ibsu akkasumas sanarra kan ijaaramedha. Kun immoo, duubatti deebi'anii seenaa yeroo darbee ilaalu gaafata. Seenduubee (background) hawaasa durii sana hubachuun ammoo, beekumsa, hubannoo, haala jiruufi jireenya hawaasichaa gama hundaan calaqqisiisaa ture dhaloota haaraaf dabarsa.

2.5.2.3.2. Qeeqa Seenaa Haaraa

Akka qeeqa seenawaa haaraa keessatti ammoo baarreeffamoonni ogbarruu hojii durii kan ofkeessaa qabuufi dhala namaan hojjetame ta'ee, kan waa'ee haasawa bal'aa keessatti waliin

dubbatamu, hiika hariiroo hawaasaa, yammuu barreeffamichi barreeffamu haala hojiiileen itti hojjetaman kan nutti himudha, jedhu. Kanaa olittis, barreeffamoonni ogbarruu mataa isaaniitiin qaama haasawa waliin dubbii bal'aafi hariiroo hawaasichi bifa addaatiin walqabsiisee dhiheessu akka ta'etti fudhatu. Akkasumas, ogbarruufi haalli seenaa barreeffamichi irraa dhufe sun walqixa barbaachisaadha. Sababni isaas, barruun (hojiin ogbarruu) fi haalichi seenaa sana argamsiise lachuu walcinaa barbaachisaadha; lachuu walkalaqan waan ta'eef, jechuun Tyson (2006) ni ibsiti. Qeeqni haaraa barruu sana akka madda odeeffannootti fayyadamuun haala jireenya hawaasummaa dhugaan mul'atu kan yeroo dubbisaa fi kan yeroo hojichi itti hojjetameen wal cina qabuun jijjiiramaafi wal fakkeenya jiru xiinxaluudha. Xiyyeeffannoon qeeqa haaraa haalli siyaasaa ,dinagdeefi hawasummaa yeroo kitaabichi itti barreeffame jireenya har'aa yookiin yeroo dubbisaan jiraataa jiru keessatti hammam akka mul'atu, jijjiiramni maalii akka jiru, garaagarummaan har'aafi kaleessaa gidduu jiru maal akka ta'e xiinxaluudha. Yaaduma walfakkaatuun qeeqni seenawaa haaraa Tyson (2006) yoo ibsiti, barreeffaamoonni ogbarruu, muuxannoo hawaasa yeroofi bakka tokko ture kan bakka bu'u ta'uu akkasitti ibsiti:

For new historical literary critics, then, the literary text, through its representation of human experience at a given time and place, is an interpretation of history. As such, the literary text maps the discourses circulating at the time it was written and is itself one of those discourses. That is, the literary text shaped and was shaped by the discourses circulating in the culture in which it was produced. Likewise, our interpretations of literature shape and are shaped by the culture in which we live (Tyson, 294-295).

Qeeqa seenawaa ogbarruu ilaalchisee yaada Markis qabu Tyson akkasitti keessi. "In Marxist terminology, economic conditions are referred to as material circumstances, and the social/political/ideological atmosphere generated by material conditions is called the historical situation (Tyson, 2006, p.54)"

Yaada kan irraas wanti hubatamu, haalli dinagdee faayidaa bu'uureffate, haalli hawaasaa, siyaasaafi ilaalchaa dantaa ofii milkeessuuf deemsifamu haala seenawaati, jedha. Dabalataanis, ta'insa dhalli namaa dalage tokkos haata'u, meeshaa dhalli namaa oomishu tokko hubachuudhaaf, akkaataa ta'insi sun itti raawwateefi meeshaan sunis itti oomishame hubachuun barbaachisaa ta'uu ibsa. Akka ilaalcha kanaatti gochaaleen dhala namaafi oomishni inni oomishu hundi meeshaa murtaa'aa/ ka'umsa murtaa'aa qabu.

Yaaduma walfakkaatuun, Abrams (1999) deeggaraa yaada Karl Marks kan ta'e ilaalcha Frederic Engles yammuu ibsu, jijjiiramni seenawaa tokko yammuu mudatu akkaataan waan tokko ittiin oomishan bu'uurarraa akka jijjiiraamuufi kun immoo dhiibbaa jijjiirama caasaa hawaasaa, gartuun yeroo sana keessatti deeggartootaafi irra aantee qabaatan dhimma siyaasaa, diinagdeefi faayidaa hawaasummaaf qabsaa'an akka ijaaraman taasisa, jedha. Karaa biraatiin, akka qeeqa Marks kanatti, dhugaan jiru ogbarruun tokko yammuu guddatu kan inni calaqqisiisu kanneen meeshaalee qabatamoo/haala seenawaa sana uuman yoo xiqqaate wantoota lama: hojiin ogbarruu ilaalcha dubbistootaa kan jajjabeessu irratti luucca'uu danda'a; yookiin dubbistoonni ilaalcha hojiin ogbarruu bakka bu'e sana akka qeeqaniif kan affeerudha.

Kitaabileen hedduun ammoo dhimmoota lamaanuu hojiirra oolchu. Hojii ogbarruu tokko keessatti ilaalcha kan baatu qabiyyee kitaabichaa osoo hin taane gochaaleefi ergaa achi keessatti darbudha; akkaataan ijaarama yaada achi keessa jiruus baraachisaadha Tyson (2006). Ilaalcha seenawaa haaraa birattis, ogbarruufi haalli seenaa barreeffamichi irraa dhufe sun walqixa barbaachisaadha.

Sababni isaas, barruun (hojiin ogbarruu) fi haalichi seenaa sana argamsiise lachuu walciinaa barbaachisoodha; lachuu walkalaqan waan ta'eefidha, jechuun ni'ibsiti. (madda olaanu). Hojiilee ogbarruu duraanii keessatti qeeqa ogbarruu gaggeessuuf seenaafi haala guddina barreessaa sanaa beekuun barbaachisaa turuufi yeroo ammaa kana garuu hojii ogbarruu barreeffame irratti xiyyeeffatamuun hojii isa ijoo ta'uu Tyson (2006) yoo ibsiti, jaarraa 20^{ffaa} keessa barattoonni ogbarruu hojii ogbarruu tokko dubbisani hubachuudhaaf waa'ee barreessaa sanaa beekuun barbaachisaa ture. Kunis, jireenya barreessitootaa hubachuun ergaa, ijoo dubbiifi duudhaa ogbarruu keessatti darbu hubachuuf akka gargaarutti fudhatamaa ture.

Yeroo ammaa kana ammoo xiyyeeffannoon kan itti kennamuu qabuufi yaadxina qeeqaa kanneen kennan (critical theorists) biratti waa'ee barreessitoota ogbarruu beekuun hiika guutuu xiinxala gaggeeffamuu hubachuu akka hintaaneefi isa caalaa wanti irratti xiyyeeffatamuu qabu utuu barreessitoota hinwabeeffatiin dubbistoota, tooftaa siyaasaa, haala qindeeffama barreeffamichaa fi barreeffamichi aadaa akkamii keessaa akka argame beekuun barbaachisaa ta'uu hubachiisa. Kanuma irraa ka'uun, yaadolee asiin olitti ibsaman bu'uura godhatee qeeqni ogbarruu tokko dhimmoota siyaasaa, diinagdeefi hawaasaa bu'uura godhatee kan gaggeeffamu yoo ta'e, inni guddaan xiyyeeffannoo keessa galuu qabu, haala yeroo ogbarruun sun keessatti barreeffame beekuun, ergaa ogbarruu sanaa hubachuudhaaf ga'ee guddaa qaba.

2.6. Qorannoowwan Aantee

Kutaa kana jalatti qorannoowwan aantee namoota adda addaatiin asoosamoota Afaan Oromootiin gaggeeffaman kan qorannoo kanaan walfakkeenya qaban sakatta'udhaan dhiyaatu. Barbaachisummaan mata duree kanaa walitti dhufeenyaafi garaagarummaa qorannoon kun kanneen biroo waliin qabu iddoo itti adda bahanii dhiyaatanidha. Akkuma beekamu asoosamarratti qorattootni garaagaraa akkaataa adda addaatiin qorannoo adeemsisaa turaniiru, adeemsisaas jiru. Qorataan hojiilee ogbarruu irratti qorannoolee gaggeeffaman sakatta'uuf yaalii taasisera. Keessattuu, qeeqa seenawaatiin asoosamoota qeeqaman sakatta'a taasisuu yaaleera. Qorataan qorannoo kana hojjachuuf, mana dubbisaa Yunvarsitii Jimmaa keessaa qeeqa asoosamoota irratti gaggeeffaman kan seenawaa sakatta'us, argachuu hin dandeenye. Dabalataanis, qorannoowwan qeeqa ogbarruu irratti hojjatamanii karaa intarneetiin gadi lakkifaman irraas hanga sakatta'etti argachuu hin dandeenye.

Qorannoowwan qorataan argate keessaa kan Dassaaleny (2016) *Xiinxala Asoosama "Yoomi Laataa" fi Kaabir "Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo" Ija Yaadxina Dhugummaatiin* gaggeessedha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas, aadaa, duudhaa, amantaa, siyaas-dinagdee, hawaasummaa, qaroomina, afaaniifi falaasama Uummata Oromoo calaqqisiisuuf yaalii godhame xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Dhimmi qorannoo kanaan walfakkeessu qeeqa asoosamaa ta'uu isaafi dhugummaa of keessaa qabaachuu isaa yoo ta'u, garaagarummaan isaanii immoo Dassaaleny yaadxina dhugummaatiin kan gaggeesse yoo ta'u, qorataan immoo qorannoosaaa kana yaadxina seenawaatiin asoosama dheeraa "*Shira*" jedhu irratti qorannoosaa geggeessuun isaa adda isa godha.

Dabalataan Zamanuu Caalaa (2013) "*Xiinxala Asoosama "Suuraa Abdii" Ija Yaaxxina Seenawaatiin*" xiinxale yoo ta'u, xiyyeeffannoon qorannoo isaa haala siyaasa, hawaasummaafi diinagdee Oromoo, sirna bulchiinsaa fi simannaa uummataa, acuuccaa alagaa, gameessummaa Uummata Oromoo asoosamicha keessatti akkamitti ibsaman kan jedhu xiinxaluu ture. Qorannoo kanaan wanti walfakkeessu yaaxxina tokko gargaaramuu keenyaafi xiinxala asoosama dheeraa yoo ta'u, garaagarummaan keenya immoo asoosama garaagaraa ta'uu isaafikaayyoo qorannoo keenyaafi argannoo qorannoo keenyaati.

Mokonniin (2006) "*Qaaccessa Asoosama "Suuraa Abdii" fi "Miila hin shokoksine": Ija Yaaxxina Dhugummaatiin*" gaggeessedha. Kaayyoon qorannoo isaas, asoosama "*Suuraa Abdii*" fi "*Miila hin Shokoksine*" jedhu yaaxxina dhugummaatiin maal akka fakkaatu xiinxaluu

dha.Qorannoo kanaanis wanti walfakkeessu, bifa isaaniitiin asoosama dheeraa ta'uufi qaaccessa asoosamoota dheeraa ta'uu isaaniiti. Kan adda taasisu immoo Mokonnin yaadxina dhugummaa bu'uureffatee kan geggeesse yoo ta'u, qorataan immoo qorannoo isaa yaadxina seenawaatiin gaggeessuu isaafi maddi ragaas garaagara ta'uu isaati.

BOQONNAA SADI: MALA QO'ANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti, malleen qorannoon kun ittiin adeemsifamu gabaabinaan dhiyaata. Isaanis: Saxaxa qorannichaa, malleen iddattoon ittiin filatamu, mala funaansa ragaalee, akkasumas ragaaleen funaanaman ittiin hiikamaniifi qaacceffamantu dhiyaate. Itti dabalees qorannoon kun haala akkamiin akka adeemsifamu, ragaaleen sassaabaman kun haala itti hiikamaniifi qaacceffamantu dhiyaate.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun asoosama dheeraa mata dureensaa “*Shira*” jedhu yaadxina qeeqa seenawaatiin kan xiinxalli irratti geggeeffamee ta’ee, yaadolee asoosamicha keessaa walitti qabee dhimmoota akkamii akka ibsan xiinxalee jechaan ibsa. Kanaafuu, qorannoon adeemsifame kun qorannoo qulqulleeffataa ta’ee, saxaxa ibsaa (addeessaattiin) kan dhihaatedha. Qorannoo akkamtaa ilaalchisee akka Cresswell (2003:178) ibsutti, “The idea behind qualitative research is to be purposely selected participant or sites document or visual that will be best help the researcher understand the problem and the research quest ” jedha. Yaanni kun akka ibsuutti qorannoon qulqulleeffataafi maddi ragaa xiyyeeffannoon filatamuu akka irra jiraatu addeessa. Kunis, qorataan odeeffannoo qabatamaafi amansiisaa jedhuuf deebii kan kennuufi kaayyoo qorataan kaawwatee galmaa gahuu keessatti gahee isaa bira akka gahu taasisa.

Ragaaleen mala qulqulleeffataatiin argaman akkaataa barbaachisummaa isaaniitiin walitti dhufeenya qabaniin qindeeffamanii ibsi barbaachisu itti kennameera. Odeeffannoon kan walitti qabame sakatta’aani. Kunis asoosama filatame gadifageenyaan dubbisuun yaada achi keessatti qindeeffame hubachiinidha. Kaayyoon mala qulqulleeffataatiin raga walitti qabuu kallattiidhaan waa lakkaa’uu fi safaruun miti; qaaccessi walqabataa ta’e karaa dhugummaa qabuufi bu’aan isaa ibsamuu maluun gosa gosaan qoodamee kan itti ibsamuudha (Dorneyi, 2007). Yaada kana kan cimsu, Yaalaw, (2006), “qorannoon ibsaa: tarreessuun, haala ibsaatiinfi walitti dhufeenyaan ibsama” jedha. Addunyaa (2011:11). yaada kana yoo cimsu, “Ciminni qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan akkam? Maalif? jedhan kaasuun gadifageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo babal’isuuf haala mijeessuuti,” jedha. Dastaan (2013, f. 29) yaada kana cimsuun akkas jechuun ibsa, “Qorannoon mala akkamtaan geggeeffamu tokko adeeffannoo argate, mala addeessaatiin yookiin mala ibsaatiin dhiyeessuuf gargaara” jedha.

Sakatta'i kan raawwate asoosama “*Shira*” jedhu irratti yoo ta’u, yaadolee seenawaa agarsiisantu funaanamee dhiyaate. Dhimmoonni seenawaa asoosama kanaan darbuuf yaadamanis, yaadxina seenawaatiin qeeqamaniiru. Saxaxni kunis iddattoo qorannoo irratti hundaa’uudhaan ragaalee sassaabaman jechaan ibsuuf kan tajaajiludha.

3.2. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Iraawwatamni qorannoo qaama qorannoon tokko irratti geggeeffamudha. Iraawwatamni qorannoon kun kan gaggeeffame asoosama dheeraa ‘*Shira*’ jedhu kan Yaasoo Kabbabaatiin bara 2019 maxxanfame irratti kan xiyyeeffatedha. Iddattoo jechuun tuuta qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa wantoota yookin namoota ragaa kennuu danada’an filachuu jechuudha. Kun immoo iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) isa jedhutti deema. Yaada kana Adduunyaan (2011:67) yoo ibsu akaakuun iddatteessuu mit-carraa kun qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka’ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda’u murteessuu ilaallata.

Akkayyoo kan jedhames “akka kaayyoo” qorannichaatti ykn qoratichaatti odeeffataa ykn deebistoota filachuun waan ta’eefi jechuun qorataan iddoo odeeffannoo iraa argatu murtoo mataasaan akka deemu ibsa. Qorannoon qulqulleeffataa mala iddatteessuu kaayyeffataan adeemsifamu kan haala waliin deemu, qaama yookiin bakka deebiin irraa argamu haala quubsaan hirmaachisuu kan giddugaleeffatu ta’uu hubachuun ni danda’ama (Dorneyi, 2007).

Qorannoon kun tooftaa iddattoo miti-carraa (non-probability) tti kan dhimma bahedha. Asoosamoota yeroo dhiyoo maxxanfaman keessaa kaayyoo qorannoo kanaa galma naa geesisuu kan danda’u, iddattoo miti-carraan asoosama matadureen isaa “*Shira*” jedhu filadheera. Sababni isaas, asoosamni filatame kun hojii yeroo dhiyoo keessa dhiyaate waan ta’eef haala yeroo ammaa kan hubachiisuu danda’u ta’uu isaafi ija yaadxina seenawaatiin qeequuf mijataadha jedhee waan itti amaneeff tooftaa iddattoo miti-carraa keessaa tokko kan ta’e mala kaayyeffataa (purposive sampling) fayyadameen jira.

3.3. Madda Ragaalee

Qorannoon kun xiinxala asoosamaa irratti waan xiyyeeffatuuf ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisan kan argaman asoosama kana sakatta’uudhaani. Kana gochuufis qorataan gaaffilee bu’uura qorannichaafi kaayyoowwan qorannichaa bu’uura godhachuun asoosama kana irra

deddeebi'ee erga dubbisee sakatta'ee booda odeeffannoowwan qorannoosaaf barbaachisan funaannachuu danda'eera. Ragaalee funaanaman kanneenis kaayyoo qorannichaarratti hundaa'ee kanneen walfakkaatan mataduree walfakkaataa jalatti dhiyeessuun mataduricha jalattis odeeffannoo barbaadame akka fakkeenyaatti dhiyeessee tokko tokkoon xiinxalalaa dhiyeesseera.

3.4. Mala Funaansa Ragaalee

Ragaaleen kaayyoo hojii qorannoo kanaa galmaan gahuuf qorataan kun itti gargaarame, odeeffannoo madda ragaa sadarkaa tokkoffaa irraa funaanameedha. Adeemsa kana raawwachuuf sakatta'a barruu asoosama dheeraa 'Shira' jedhu gadi fageenyaan dubbisuu, kitaabolee biyya keessaafi biyya alaa adda addaa sakatta'uun yaada hayyootaan deggeruun saayinsawaa taasisuudhaani. Qorannoo tokko geggeessuuf odeeffannoon funaanamuun murteessadha. Qorannoo qulqulleeffataa keessatti sakatta'i dokimentii mala odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee tajaajila. (Kothari, 2004).

Qorannoo kana keessatti sakatta'i dokimentii meeshaa ittiin odeeffannoon funaanamu isa bu'uuraa ta'ee hojii irra oleera. Kunis, odeeffannoo asoosama keessa jiru sirriitti sakatta'uudhaan kanneen mata duree qorannichaa wajjin deemu danda'an akka fakkeenyaatti keessaa fudhachuudhaan kan geggeeffamedha. Kanaafis, gaaffileen tooftaa funaansa ragaaleef gargaaran bifa cheekliistiin dhiyaatanii hojiirra oolaniiru.

Walumaagalatti, adeemsi funaansa ragaalee qorannichaa qabatamaa taasisuuf kitaabni asoosamaa dhimma qorannichaa kallattiin ilaallatuufi kitaaboleen yaada hayyootaan deeggaraman ilaalamaniiru.

3.5. Malleen Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo kana gaggeessuuf qoratichi mala qaaccessa ragaa akkamtaatti dhimma baheera. Dabalataan qorannoon kun yaaxina seenawaa gargaaramuun kan qaacceffamudha. Sababni mala kanatti fayyadamef immoo ragaaleen funaanaman asoosamicha keessatti argaman kan jechaan ibsi itti kennamuufi qaacceffamu waan ta'eefi. Malli ragaan ittiin qaacceffamu tooftaa madda ragaan irraa funaanameef hiikni itti kennamedha. Malleen qaaccessa ragaalee jiran keessaa malli akkamtaa daran irratti kan xiyyeeffatu odeeffannoo argame jechootaan, gaaleedhaan, ciroodhaan, mallattoolee adda addaaf xiyyeeffannoo kennuun ibsuudha. Ragaan qulqulleeffataa baay'een isaa

gara barreeffamaatti kan jijjiiramu ta'uufi qaaccessi isaas jalqaba irratti jechootatti dhimma bahuun kan raawwatudha.

Haalli qaaccessi raga qulqulleeffataa kun ammo afaan irratti kan hundaa'udha. (Dorneyi, 2007)

Haaluma kanaan ragaaleen asoosama filatame irraa argaman kan sakatta'a dokimentiin argaman waan ta'aniif, jechootatti dhimma ba'uun kan qaacceffamanidha.

BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoowwan gaaffilee bu'uuraa qorannichaafi kaayyoo qorannichaarratti hundaa'uun asoosama dheeraa Afaan Oromoo '*Shira*' keessaa walitti qabamantu gadi fageenyaan xiinxalame. Xiinxalli taasifames mala akkamta bu'uura godhateeti. Odeeffannoowwan kunneen yammuu hiikamanis kanneen yaadni isaanii walfakkaatu mata duree tokko jalatti qindaa'uudhaan tokko tokkoon xiinxalamaa deeman. Kana jechuunis odeeffannoowwan walfakkaatoon mata duree walfakkaataa jalatti dhiyaatanii xiinxalaman jechuudha. Tartiibni dhiyaannaasaaniis akkaataa qorataan kaayyoo qorannichaa itti qindeessee kaa'aterratti hundaa'a.

4.1. Odeeffannoo Waliigalaa Waa'ee Asoosama Shiraa

Asoosama dheeraa '*shira*' jedhuu bara 2019 akka lakkoofsa Awurooppaatti, barreessaa Yaasoo Kabbabaatiin kan barreeffamee maxxanfame yoo ta'u, kutaa 17tti qoodamee kan dhiyaatee fi fuula 226 kan qabudha. Asoosamni dheeraan Shiraa qabiyyeewwan garaagaraa kan akka aadaa, duudhaa, amantaa, siyaasa haala jireenyaa kan of keessaa qabu yoo ta'u, fuuleffannaan isaa inni guddaa garuu, acuuccaa sirni bulchiinsa mootummaan abbaa hirree Oromoo irraan gahaa ture kan agarsiisudha. Kunis, abbootiin abbaa hirree yeroo sana aangoorra turan siyaasa saba kanaa dadhabsiisaa, sabicha dinagdeefi siyaasaan qancarsaa, qe'ee fi qabeenya isaarratti halagaan bitamuufi dhiitamuu, jaalalaafi tokkummaa isaa diigaa gootota isaa akka hin faarsine gochuun goota ormaa akka faarsuu godhanii waraana karaa saba himaalee irratti banuun harka kennisiisuu fi jilbeenfachiisuu yaalii isaan taasisaniifi Uummatni Oromoo laga, gandaafi amantaan otoo wal hin goodiin faccisa taasisaa ture irratti xiyyeeffata.

4.2. Cuunfaa Sabseenaa Asoosama Shiraa

Caaltuun mucayyoo baay'ee bareeddudha. Bareedina ishee kana ibsuun baay'ee nama rakkisa. Bifti ishee magaala gara diiminaatti hiiqu ta'ee, asheeta bunaa fakkaatti. Hidhiin ishee yayabbuu ta'ee buusaa qubbeen Waaqayyootiin safaramee waan dhungoodhaaf qofa uumame fakkaata. Dhiirri Caaltuu arge hundi miidhagina ishee kana dinqisiifachuurra darbee kan jaalala isheen qabamee hin jilbeenfanne hin jiru. Amalli gaarii isheen qabdu namoota ishee argan hunda waliin daftee akka walii galtu ishee taasisa. Caaltuun hojiin ishee kan namoonni hedduun ittiin ishee beekan hojii buna danfisuu haa ta'u iyyuu malee, isheen garuu dhoksaatti qaamota lamaaf hojii tikaa hojjachaadha. Sirna ADWUI olaantummaan biyyatti bulchaa tureefi garee mormitootaa

ABOf hojii tikaa hojjachaa turte. Garee olaantummaan biyya kana geggeessaa tureef yeroo hojiilee basaasummaa jajjaboo kan aarsaa guddaa nama kanfalchiisu kan hojjatte yoo ta'u, garee mormitootaaf immoo, odeeffannoo kennuufiin tajaajila turte.

Kiisuu, Kidaaneefi Taammiraat namoota Sirnichaaf amanamoo ta'anii hojjachaa turan yoo ta'u, hojiin isaanii inni guddaan hidhamtoota mana hidhaa keessatti argaman reebuun, sodaachisuun ajjeesuun, raakuun, gidirsuufi gocha gara jabeenyummaa irratti raawwachuun hojiifi ergama isaanii isa guddaadha. KidaaneenOromiyaa dhihaa keessatti dhalatee, Afaan Oromoofi aadaa hunda sirriitti beeka.Dhiiga Oromummaas qaba. Haata'uutii garuu faayidaa argatee jennaan nama dabarsee kennuurraa duubatti hin jedhu. Hunda caalaa isatu garaa jabaata. Sochiin isaa ajjeesuutti kan qiyyaafatedha. Namni kun sirnichaaf amanamaa fi gara jabeessadha. Innis namoota mana hidhaa keessatti hidhamanii jiran irratti garajabbeessa ta'uun hidhamtoota irratti gocha garajabeenyummaa raawwachuun kan beekamu yoo ta'u. Taammiraat immoo, nama eenyummaa isaa isa dhugaa baruu dadhabee joonja'aa turedha. Innis eenyummaa isaa isa dhugaa barbaaduuf waggoota hedduu rakkachaafi dhama'aa kan ture ta'us, dhumarratti enyummaa isaa isa dhugaa argachuun gara eenyummaa isaatti deebi'uun hojiilee otoo eeynummaa isaa isa dhugaa sana hin beekiin raawwachaa ture sanaaf gaabbee, gara ofiitti deebi'ee hojii gaarii hojjachuu jalqabeera. Obboleettii isaa Kuulaniis gocha gara jabeenyummaa yeroo eenyummaa dhugaa isaa sana hin beekiin irratti raawwachaa tureef dhiifama gaafatee ishee kunuunsuu fi waan obboleettiin tokko obboleessa ishee irraa barbaadu mara gochuufi jalqabe.

Dr. Daagim ogeessa fayyaa yoo ta'u, qarshii baay'ee jaallata. Namni kun qarshii argatee jennaan ogummaa isaaf safuu hin beeku. Ogummaan isa biratti kabaja hin qabu.Gochi badaa inni raawwate kunis biyya alaa biyya kabajaan hojjetu keessaa isa ariisisee jira.Dabalataan Dr. Daagim erga gara biyyaatti deebi'ee, hojii jal'inaa kana hin dhiifne.Ogummaa isaatiif kabaja kennuu dhiisee ogummaa isaa kana gara qarshiittii jijjiireera.Inniis ogummaa isaatiin hawaasa tajaajiluu manna hawaasa raakuu jaallata.

Layilaa, Leencoo, Dr. Gadaa, Saajin Insarmuu, Roorrisaafi jaal Mo'aan miseensota garee Adda Bilisummaa Oromooti.Isaan hunduu qabsoo sabni kuniifi ABOn geggeessa turan keessatti aarsaa guddaa kanfalaniiru. Aarsaa Caaltuun kanfalte garuu kan eenyuunuu walbira qabamee ilaalamu mitii; ittiinuu hin dorgomu. Caaltuun nama diina keessa teessee firaaf firii buuftudha. Dhaaba kanaaf (ABOf) aarsaa guddaa kanfalteetti. Aarsaa isheen kaffalte keessaa inni guddaan qabsoo

saba kanaa galmaan ga'uuf vaayirasii 'Love Lofty Virus' jedhamu qaama isheetti fudhachuudhaan angaawota sirna TPLF adamsuun faalaa turte. Vaayirasiin kun dhiira dafqa cimaan ji'a jaha keessatti kan ajjeesu yoo ta'u dubartoota immoo akka isaan hindeenye gochuurra darbee hanga waggaa afurii qofa tursiisuu danda'a. Waggaa afurii booda ni dhabamsiisa. Egaa Caaltuunis ergama gareen mirga Oromootaaf falmu itti kenne galmaan gahuun firii isaa otoo hin argiinii fi hin dhandhamiin vaayirasii kanaan addunyaa kanarraa boqotte.

4.3. Sababootni Hawaasummaa Ogbarruun Sun Akka Dhalatu Godhan Maali?

4.3.1. Gama Siyaasaan

Sababoonni hawaasummaa ogbarruun kun akka dhalatu godhan maali? gaaffii jedhuuf qorannoon kun akka armaan gadiitti deebisuuf yaaleera. Hojiin ogbarruu kun kan barreeffame bara bulchiinsa sirna Wayyaanee keessa waan ta'eef, sirni sun dhiibbaa gama siyaasaatiin Uummata Oromoo irratti sirna mootummaa kanaan gaggeeffamaa turan akka armaan gadiitti qaaceffameera.

'Biyyaatti kana keessa mana hidhaa sadarkaa federaalaatti galmaa'an dhibba tokkofi soddonii lamatu jiru. Hidhamtoonni as keessa jiran ammoo gara kuma dhibba tokkoofi kuma kudha torbaafi dhibba lamaat ta'u. As keessaa harki saddeettamii torba Oromoodha. Oromoo keessaa immoo harki sagaltamii lama dhimma siyaasaatiin hidhaman. Kana jechuun immoo warreen kun warra siyaasa keessatti mataa ta'uu danda'aniifi adda dureewwani jechuudha...kanaaf warreen akkanaa kana ala keessatti akka sammuun maseentu gochuurratti hojjetu jechuudha. Jedhee waraqaa eenyummeesaa hireef (Yaasoo, 2019, f. 57).

Akka waraabbii kanaatti, sirna biyya kanaa keessa hammam haqummaan akka hin jirreefi hammam dhalli namaa hidhaadhaan akka dararamu agarsiisa. Keessattuu, baay'inni manneen hidhaa hammam sirnichi haammaataa akka ta'e agarsiisuu bira darbee Oromootaan kan guutame ta'uunsaa sirnichi hammam Oromoo akka hacuucu kan agarsiisudha.

Gareen Zara'aay Ayinee, namoonni qaamaan qofa nama fakkaatan garuu kan waan hundi isaanii bineensa foon namaa sooratutti geeddaraman sadii waliin mana hidhaa lafa jalaa kan naannoo Caffee Muudaa sanitti ijoollee mana hidhaa adda addaati filamtee walitti qabamte mankaraarsuun dhaqee jira (Yaasoo, 2019, f. 80).

Waraabbiin kun ammoo, manni hidhaa kun Oromiyaa keessatti kan argamuufi hidhamtoota siyaasaa bakka garaagaraatii walitti qabaman dararuufi mankaraarsu agarsiisa. Kun ammoo, yeroo hojiin ogbarruu kun barreeffame keessatti namoonni gara jabeenyaan guutaman filatamuun hidhamtoota siyaasaa mana hidhaa keessatti adabbii gara jabeenyaa kan irratti raawwatan akka ta'e kan calaqqisiisudha. Keessattuu, namoota mana hidhaa lafa jalaa jechuun mana hidhaa bakka dukkanaa ifti hinjirretti hidhamaniifi dararaman irratti dararaa kan biraa akka raawwatan agarsiisa.

Hanga yeroon isaanii gahutti mana dhugaatii mana hidhaa san gubbaa jiru taa'aniit bishaan fudhachaa jiru. Manni sun jalli mana hidhaa ta'uu kan beeku miseensuma warra lubbuu dhala Oromoo guraaranii gammachuu argatan kana qofa. Manichis kanuma isaaniiti (Yaasoo, 2019, f. 80).

Waraabbii armaan olii kanarraa wanti hubatamu, manni bashannanaa sun kanuma isaanii ta'uu agarsiisuu bira darbee, yeroo dhalli namaa keessattuu Oromoonni manicha jalatti hidhamanii dararaman gartuun wayyaanee ammoo dhugaatiin fuula dhiqachaa akka bashannanan agarsiisa. Kana malees, akka horiitti bakka tokkotti naqanii ittiin taphachuufi mirga namummaa isaanii irraa mulquun dararuu isaanii agarsiisa.

“Har’a akkuma seenneen waan soda itti naqu goonu malee salphaatti warra nuuf amanani miti bartanii?” jedhe Zara’aay. “Tole, garuu tarkaanfii akkamii fudhannu”? jedhe kan akka sangaa didaa goobe tokko. “Jarri kun warra dammaqinsi siyaasa isaanii olaano ta’an waan ta’aniif waan shororkeessu qaama isaaniirratti raawwanna” jedheet waayilli isaa kan biraa tokko ilaale (Yaasoo, 2019, f.80).

Akka yaada waraabbii kanaatti, Zara’aay maquma isaa irraayyuu gartuu Wayyaanee (TPLF) qomoo Tigree irraa kan dhalateefi sirnichaaf amanamaa kan ta’edha. Kanaafuu, hidhamtoota Oromoo kana hiraarsuuf filatamee kan ergamedha. Zara’aay hidhamtoonni kun salphaatti yaadaafi ajandaa sirna isaanii akka hinfudhanne bareechee akka beekuufi haalaan akka irratti hojjetu argina. Baroota ogbarrichi barreeffame keessas dhugumattuu shirri raawwataa ture kana akka ta’es ragaa ba’a.

Bineeyyiin sun akkuma dhugaatii isaanii quuffataniin manicha gara mana dhalli namaa keessatti raakamuu sanatti duudan. Har’a lubbuun yeroo itti qoramtu. Akkuma banatanii seenaniin

jalqaba Kuulanii Qixxeessaatti bahan.Kuulanii mana hidhaa Ambootii fidani.Ishiitti aanee Saartuu Buultumitu jira.Hammarreessaa fidan. Bajjgee Walisoo, Anaaniyaa Gimbiidhaa fidan. Giiftii Baatuudhaa, Ayyaantuu ammo Fiicheedhaa as dabarsan. Kaanis kutaa Oromiyaa hundarraa akkuma walitti hidhamanitti tarree galanii jiru (Yaasoo, 2019, f. 82).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, hojii ogbarruu kana keessatti dhiibamuufi dhiitamuun mirga namummaa Oromiyaa keessatti raawwachaa ture baha biiftuutii hamma lixa biiftuutti agarsiisuuf yaaleera.Kunis, bahaan Harargee Hammarreessaa irraa jalqabee lixa biiftuutiin hamma Gimbi gahutti haalli siyaasaafi shirri jiru maal akka fakkaatu ibseera. Sirni mootummaa Wayyaaneen durfamu umrii aangoo isaa dheereffachuuf uummata Oromoo irratti gocha gara jabeenyummaan guutame: sodaachisee, ukkaamsee, hidhee, ajjeeseefi biyyaa ari'achaa tureera. Haalli jiruufi jireenya saba kanaa haala gaddisiisaafi jibbisiisaa keessa akka jiraatu taasiseera. Uummatni Oromoo dinagdeen miidhamuu, hidhamuu, dararamaafi ajjeefamaa tureera. Uummata Oromoorraatti miidhaafi dhiibbaa gama siyaasaan, hawaasummaan akkasumas dinagdeen sirna wayyaaneen irra gahaa tureera. Uummatni kunis sababa miidhaa fi dhiibbaa gama siyaasaan irra gahaa tureen rakkoo walitti dhufeenyi hawaasummaa isaa diigameera, haqa dhabeera, lafa isarraa buqqifameera, saamichi qabeenyaa irratti taasifameera, dhiibbaan gama afaaniin, aadaan, duudhaan safuufi seenaa irratti qaqqabeera. Kun hundi walitti idaa'amee Oromoon eenyummaa isaa fi mirga abbaa biyyummaa isaa beekke akka jiraatuufi diina isaa fuuldura akka dhaabbatuuf hojiin ogbarruu kun uumameera.

Akka walii galaatti, yeroo hojiin ogbarruu kun barreeffame keessatti sirni wayyaanee mana hidhaa keessatti ijoollee Oromoo hedduu mankaraarsaa turuu isaatu hubatama. Kun immoo, gara jabinaan mirga namummaa sarbuu bira darbee, gama hawaasummaafi dinagdeen dhiibbaa guddaa uumaa tureera. Rakkooleen kunneen hundi walitti idaa'amani hojiin ogbarruu kun akka dhalatuuf sababa guddaa ta'aniiru.

4.3.2. Gama Diinagdeen

Sirnoonni habashaa dhufaa darba seenaa biyya kanaa keessatti qabiyyee lafaafi qabeenya Oromoon qabu irraa buqqisaafi saamaa turaniiru.Lafaafi qabeenya kana saamuunis ofii duuromanii qonnaan bulootaa Oromoo hedduu isaanii ammo, hiyyummaa hamaa keessatti kuffisuu irrayyuu darbee, rakkoo diinageetiif saaxilaniiru.Rakkooleen kunniinis dhalachuu hojii

ogbarruu kanaaf sababa ta'aniiru. Waraabbiin armaan gadiis yaaduma olii kana deeggaree qaaceffameera.

Aangoon siyaasaa of harkaa qabnu aangoo diinagdee nuuf hin fidu taanaan faayidaan qabsoo keenyaa du'a namoota keenyaa qofa. Ammarraa eegaltanii hojii sabichaa maqaa dhuunfaatiin akka sochootanii hojjetan gama baankiitiin haalli jijjiirraa horii biyya alaa, akkaataan ittiin inshuraansiitti fayyadamtaniifi hojiin gumruukii hundi isiniif mijata (Yaasoo, 2019, f. 50).

Akkuma waraabii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, hojii ogbarruu kana keessatti sirni yeroo sanatti olaantummaan biyyattii bulchaa ture namoota dhiigaan saba isaa ta'an dinagdeetiin akkaataa inni itti haalota mijeesseefi aangoo siyaasaa of harkaa qabutti fayyadamuun qabeenyaa lafaafi dinagdee biyyattii saamaa turetu hubatama. Kunis hojii ogbarruu kana keessatti keessattuu Oromoorratti dhiibba diinagdee hamaa geesisaa waan tureef hojiin ogbarruu kun uumamuu danda'eera.

“Buufata gabaa ‘Markaato’ keessatti nu barbaachisa kan jettaniif naannoo san manneen jiran kana bifa diiganii haaromsuutiin dhuunfachuu ni yaalla. Sun ta'uus baatu mala itti mallee karaa isin achitti qubsiisnu ni mijeessina” (Yaasoo, 2019, ff.51-52).

Waraabii armaan olii irraa akkuma hubachuun danda'amutti bara kitaabichi barreeffame keessatti sirnichi akkaataa dinagdeetiin saba isaafi fakkaattota isaa itti deegaraa tureefi mala malteen lafa isaarraa buqqisaa ture hubachuun ni danda'ama. Yaada kana kan ragaan deeggaru, Erga Oromoon gita bittaa nafxanyaa jalatti kufee, gosni Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraataa turan kan akka Gullallee, Galaan fi Abbichuu lafa qabiyyee isaanii irraa guutummaan buqqa'uu seenaan ni addeessa (Asafaa, 2018). Hojii ogbarruu kanas haala qabatamaa yeroo sanaa waliin walqabsiifnee yoo ilaallu waanuma ifatti jiru mul'isuu danda'eera. Kunis hojiin ogbarruu kun akka dhalatuuf sababa ta'eera.

Kan biraa Doolaara argachuuf warra kaaniin akka dorgommii keessa hin galle isin lafatti waan hojjechuuf deemtanirratti wixinee hojii keessan qopheessitanii erga fixxanii guyyaa muraasa keessatti labsiin akka godhamu gochuun dorgomaa malee akka argattan gochuu harkatu nu gaha. Kanaaf ammo itti gaafatamaan baankii kunoo nu gidduu jira (Yaasoo, 2019, f. 52).

Waraabbii armaan olii irraa wanti hubatamu, hojii ogbarruu kana keessatti bara hojiin ogbarruu kun itti kalaqametti sirni Wayyaaneen hogganamu garee isaafi fakkaattota isaa qofa galii doolaaraa argachuu akka danda’an olaantummaa aangoo of harkaa qabuun raawwachaa tureera. Kunis, haala qabatamaa yeroo sanaa waliin walqabsiisnee yommuu ilaallu dhugaa lafarra jiru ibsuuf yaaleera.

“Anaan garuu lafarra maaltu na fayyade seete, duula duureyyii Oromoo laaffisuu keessaan nuuf laatame san, isarrattan ‘Birriirraa’ gara Doolaaraatti cehe” jedhee fuula isaa ilaale Kiisuun (Yaasoo, 2019:118).

Akkuma waraabbii kanarraa hubachuun danda’amutti, sirni wayyaaneen durfamuu duula duureyyii Oromoo dinagdeedhaan kuffisuuf qabeenya duureyyii kanaa fakkattota isaa waliin gaggeessa saamaa turuu isaa hubanna. Hojiin ogbarruu kun yaad-uumeen (imaginaryn) haa barreeffamuyyuu malee, gama biraatiin haala qabatamaa jiruufi jireenya uummata Oromoo isa qabatamaa kan agarsiisuuf yaaledha. Akkuma ragaaleen garaagaraa mul’isanitti, baroota mootummaa wayyaanee keessa keessattuu naannoo baroota 2006 – 2012 tti shiroota siyaasaa gartuu TPLF fi Oromoota fedhiifi faayidaa sirnichaatiin bitamaniin Oromoo irra dararaan hamaan gahaa akka ture argina. Dararaan kunis irra caalaa gama siyaasaan kan mul’atuufi kan Oromoonni kumaatamaan lakkaawwaman itti hidhamaa, ajjeefamaafi biyyarraa ariyatamaa turan agarsiisa. Kana malees, Oromoon siyaasa haqa of keessaa hinqabneefi shiraan guutameen qe’eefi qabeenya isaa saamamaafi dararamaa akka ture agarsiisa. Kun ammo, kalaqa qofa utuu hintaane sirnichi akkamiin hawaasa Oromoo akka itti saamaafi lubbuu qabsaa’ota hedduu galaafataa ture kan calaqqisiisudha. Walumaagalatti rakkooleen kunniin hojii ogbarruu kana keessatti calaqqisan hojiin gbarruun kun akka uumamuuf sababa ta’eera.

4.4.Asoosamni KunHawaasa Garamitti Qajeelcha?

Hojii qorannoo kanaa keessatti gaaffiin bu’uuraa inni lammaffaa, asoosamichi hawaasa garamitti qajeelcha kan jedhu yoo ta’u, innis akka armaan gadiitti qaaceffameera. Akka hojii ogbarruu kanaatti, Ummatni Oromoo bara baraan falmataadha. Asoosama kana keessattis, waraabbiiin armaan gadii hawaasicha garamiitti akka qajeelchu kaa’uu yaaleera.

Sabni kun qe’ee isaa irratti gabra ta’uun, afaan isaatiin tuffatamuufi lolamuun, jagna ofii odoo qabuu kan halagaa jagna isaa godhanii itti himuun akka baratu gochuun, aadaafi

duudhaa isaa akka abaarsaatti itti agarsiisanii jibbisiisuun, manneen amantaallee odoo hin hafiin saayinsiifi siyaasa keessatti of abdanna sabichaa akka bulluqu godhanii barsiisuun sabicha xiqqeessuun... hunduu dhidhimuuf deema. Hunduu erga takkaa daaraa ta'uuf deema. Sabni kun jagna mataa isaa, jagna jaarraa, jagna baraa, jagna yeroo... jedhee jagnoota isaa tikfachuu, kabajuufi ol qabuun olaantummaa isaa dhugoomfachuu qaba. Sabni tokko caalaa akka burjaaja'u kan gochuun danda'amu burjaajiin himaammataa yeroo dhalatu...amma saba kana dhibaayaa, kan abbaltii namaa yeroo yeroodhaan hojjetu malee kan ofii abbaltii diinatti laatu gochuun mul'achaa hin jiru (Yaasoo, 2019, f. 190).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, sabni kun yeroo kamiyyuu caalaa siyaasa isaa sirriitti hubachaa dhufeera. Kanaaf immoo, qe'ee isaa irratti gabra ta'uu akka hin qabne, afaan isaatiin tuffatamuufi lolamuuf carraa kennuu akka hin qabne, jagnoota isaa kumaatamaan lakka'aman dhiisee kan ormaa faarsuu, seenessuu, tiksuu akka hin qabne, aadaafi duudhaa isaa ganamaa kunuunsee akka qabuufi tikfatu, kabajuufi olqabuun olaantummaa isaa dhugoomfachuu akka qabu, abbaltii diinni yookiin halagaan namatti kennu fudhachuun burjaaja'uu otoo hin ta'iin isaaniif abbaltii qopheessuun kennuu akka qabuu fi Sabni kun sirriitti akka of beekuu qabu hawaasa qajeelcha. Yaada kana kan ragaan deeggaru Mekuria (2016) muuxannoon dargaggoo Oromoo waggaa 15 darbanii akka mirkaneessutti mormiin karaa nagaa geggeeffamaa ture haala jiru jijjiiru hin dandeenye. Haala jiru kanaaf deebii ta'uu kan danda'uu karaa hundaan tarkaanfii of ittisuu fudhachuudha. Bilisummaan bilisaan hin kennamu. Qaamoota hacuuccaa raawwatan kadhaachuun hin argamu. Sirna Wayyaneedhaan dursamu dimookiraasii siyaasaa kadhachuun ajjeechaa dargaggoo Oromoo irratti jimlaan taasifamaa jiru akka itti fufu afeeruu, qonnaan bulaa Oromoo lafa irraa buqqisuu fi hidhuu, dararuu fi ajjeessuu ummata Oromooti.

Dabalataan, yaada kana kan deeggaru mootummoota dhufanii darban hunda keessatti kallattii garaagaraan jiruufi jireenya uummata Oromoo irratti dhiibbaan guddaa taasifamaa akka tureefi afaan saba kanaa akka hin guddaanneefillee dhiibbaa guddaatu taasifamaa ture. Haa ta'utii, sabni kunis dhiibbaawwan kana jalaa ba'uuf harka maratee taa'ee hin beeku; qabsoo walirraa hin cinnee adeemsisaa tureera. Keessattuu, qabsaa'onna Oromoo uummata isaanii gabrummaa jalaa baasuuf, dhama'aafi aarsaa hedduu kaffalaa turuun isaanii ni beekama. Ummatni Oromoo

tokkummaatti kan amanu, garuu garaagarummaa obsaan kan dabarsu ta'us, uummata hakuuccaafi gabrummaa hin fudhanne, kan ofirratti lolu, loles moo'udha (Asafaa, 2009, f. 12).

« Kaayyoon keenya doofummaa qaarisisuu, koloniifi dhiittaa halagaa balleessuu, walqixxummaa ankaakame kana fiduu, namoomaafi Oromummaa dagaagsuufi » (Yaasoo, 2019, f.108).

Waraabbii armaan olii kanarraa waanti hubatamu, Oromoon sirnoota gita bittaa Itoophiyaa keessatti dhufaa darbaan wal jijjiiraa ture keessatti mirga namummaa isaa sarbameefi hakuuccaa jala turuun isaa ni yaadatama. Kanaafuu, miirga isaa dhabe kanaafi kan biroo deebifachuuf doofummaa ykn wallaalummaa balleessuu akka qabuufi sirna gabroomfataa alagaa ofirraa fonqolchuun kaayyoo Oromoo akka ta'e lafa kaa'a. Kana malees, walqixxummaafi sabboonummaa sabummaa dhabame akka deebi'ee lafa qabatu taasisuuf kan akeekudha.

Qabxiin biraa hojii ogbarruu kana keessatti, asoosamichi hawaasa garamitti qajeelcha jedhuuf deebii kennu, waraabbii armaan gadii irraa hubachuu dandeenya.

« Qabxii lammaffaarratti wanti ka'e, diippiloomaasii cimsinee qabsoo qawwee yaa hir'isnu kan jedhu. Kunis taanaan qabsoo bubbeetti kennuut ta'et natti mul'ata. Riphee lolaan tokko baaruda cimsa malee oduu cimsuun waan fiduuf hin qabu. Yeroon akkas jedhu diippiloomaasiin yaa hafu jechuu kootii miti. Garuu bilisummaa namni namaa kennu hin jiru. Ofii yoo meeshaadhaan jabaatan gandi oduu nama barbaaddi » (Shira, 2019, f.108).

Qabsoo keessatti yoomiyyuu hojiin dippiloomaasii akkuma jirutti ta'ee qabsoon qawween taasifamu daran jabaachuu qaba. Sababni isaa immoo, riphee lolaan tokko qabsoo isaa geggeessuuf qawwee of harkaa hinqabu taanaan, waan ittiin diina isaa ofirraa ittisuu dhabuurra darbee diinaaf jilbeenfachuu ta'a. Kanaafuu, qabsoo riphee loltummaa keessatti hojiin dippiloomaasii akkuma jirutti ta'ee, qabsoon hidhannoos jabaachuu akka qabuufi hawaasichi afaaniin qofa siyaasa geggeessuu odoo hin taane hidhachuun halagaa qe'eefi qabeenya isaa irraa isa buqqisuuf dhufu akkasumas aadaa duudhaafi afaan isaa warra balleessuuf deemu hidhatee ofirraa qolachuu akka qabu waraabiin armaan olii nu hubachiisa.

Qabxiin biraa, waraanni sirnichaa akka durii jaalala biyyaaf qabuun kan hojjetu, siyaasa kamirraayyuu bilisa ta'ee kan socho'u, uummata isaaf waardiyyummaa kan dhaabbatu otoo hin taane faallaa kanaatii kan uummata isaa deebisee ajjeesu, mankaraaressuufi waanuma sirnichi godhi ittiin jedhe maalif? akkamitti? jedhee odoo of hin gaafatiin ajaja itti kenname hunda kan raawwatu ta'uu isaa kan agarsiisu waraabbii armaan gadii irraa hubachuun nama hin rakkisu.

« Hin qoostaa ? Waraanni biyya kanaa amma akka hojiitti malee jaalala biyyaatiin muddameetii miti kan mooraa keenya keessa jiru. Akka durii san biyyoon biyya keenya bakka itti awwaalamnu, yuunifoormiin keenya kan ittiin kafanamnu jedhee deema hin jiru » (Yaasoo, 2019, f. 111).

Akkuma waraabbii armaan olii kanarraa hubachuun danda'amuutti, inni kaan haa hafuutii namoonni dirree waraanaa keessa jiraniyyuu buddeenaaf jedhanii yookiin itti jiraachuuf jedhanii malee siyaasa sirnichi geggeessutti akka hin ammanneefi onneessaarra tajaajila biyyi tokko irraa barbaaddu akka hin kennine argina. Kana malees, raayyaan waraanaa sirna ammaa kan duriin yoo wal bira qabamu dhugaadhumatti kan jaalala biyyaaf jecha qabsaa'u otoo hin taane dantaa dhuunfaa isaa guuttachuuf akka deemu yaada waraabbii armaan olii irraa hubachuu dandeenya.

Gama biraatiin, hojii ogbarruu kanaa keessatti akkaataa siyaasa Oromoo itti quucarsaniifi sabni kun mataa olqabatee hin deemneefi hoggantootni bilchaatoofi sabaaf quuqama qaban akka keessaa hin baaneefi kan akka tasaa keessaa bahe immoo hidhuu, dhahuufi saba himaaleetiin maqaa balleessuun sabichaan addaan baasuu kan agarsiisu waraabbii armaan gadii irraa hubachuun ni danda'ama.

Siyaasa Oromoo keessatti madaa hin fayyine akka ta'utti hogganaan akka keessaa hin baane bifa adda addaatiin maqsuun hadhaa itti ta'uu. Kan hogganaa ta'uuf mataa ol qabate dafanii dhahuu, kan san jala miliqxe hidhuu, kan san darbite ammoo saba himaaleedhaan maqaa balleessuun addaan baasuu ... (Yaasoo, 2019, f. 216).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, Oromoo keessaa hoggansi akka keessaa bahuu hindandeenyettii karaa garaagaraan irratti duulaa turaniiru. Sabichi yeroo hundumaa siyaasa jeeqamaa keessa jiraachuu akka hin qabne, Oromoon dinagdeefi siyaasaan jabaachuu, qe'ee fi qabeenya isaarratti halagaan bitamuufi dhiitamuuf karra isaa saaquu dhiisuu,

jaalalaafi tokkummaa isaa kan kanaan duraa irra jabeeffachuu, tikfachuufi kunuunfachuu, gootota isaa faarsuu, jajjabeessuu, kunuunsuufi tikfachuu, waraana karaa saba himaalee irratti banamu kamiifiyyuu harka kennuu fi jilbeenfachuu dhiisuu, sabni kun amantaafi ilaalcha siyaasaatiin walqooduun balaafi diigama fiduuf irraa of qusachuu, qaama karaa eenyummaa, aadaa, duudhaa, siyaasdinagdee fi jiruuf jireenyasaarratti dhufu yeroo kamiyyuu caalaa ofirraa faccisuuuf mo'ee argamuu qaba.

Gama biraan, lafaafi qabeenya isaarraa akka hin buqqaaneef dinagdeefi siyaasa isaa daran jabeessuu qaba. Kana malees, uummatni kun tooftaa fi tarsiiimoo diinaa irratti dammaqee yaadaan, ilaalchaan, amantaan, fedhiin, siyaasaafi bakka quubsumaan otoo wal hin qoodiin humna tokkoon socho'uu qaba. Dabalataanis, hidhaa gabrummaa jalaa ba'uufi sirna bulchiinsaafi siyaasa biyya tokko keessa jiru jijjiiruuf gamtaan dhaabbachuu, gaaddisa gurmuu tokko jalatti gurmaa'uun qabsoo isaa jabeessuufi itti fufsiisuu, dhaloonni itti aanu eenyummaa saba isaatiif dhimmamuu, miidhaa saba isaatiif quuqamuu akkasumas aadaa, afaaniifi eenyummaa isaanii akka wal barsiisan dhaloota egeree akeekkachiisuun akeeka asoosama shiraati.

Walumaagalatti, akeekni asoosama shiraa, falmiin Oromoo falmii aangoo qabachuuf qofa godhamu waan hin taaneef, kaayyoon isaatiis eenyummaa faalamee qulqulleessuu, namummaa balfame bakkatti deebisee, uummata jaarraa tokkoofi walakkaadhaaf addaan qoqqoodan sana amantii, lagaafi loogaan odoo wal hin qoodiin walitti firoomsuu, handhuura tokkotti qaban sana lachisiisuun gara saba qabsoo siyaasaa taasisuutti guddisuudha. Kanaafuu, wantootni kun deebi'anii sabichi daangaa, afaan, alaabaa, eenyummaafi siyaasa mataa isaatiin himamuu akka qabu, aangoo siyaasaa argatee aangoo diinagdeen guddachuu akka qabu akeeka.

4.5.Asoosama “Shira” Keessatti Haalli Siyaasaa, Aadaa fi Safuun Hawaasaa Akkamiin Calaaqise ?

Asoosamni dheeraa ‘Shira’ jedhudhimmoota seenawoo kanneen agarsiisan ofkeessaa qaba. Dhimmoonni kunneen ammoo sirna bulchiinsa Adda Dimokiraatawaa Warraaqsa Ummattoota Itoophiyaa (ADWUI) irratti xiyyeeffateera. Hojii asoosama ‘Shira’ keessatti dhimmoonni seenaa hawaasaatiin walqabatan taatee bara sanaa kanneen agarsiisan ilaalamaniiru. Taateen hawaasa keessatti raawwatee darbu kan seenaa hawaasichaan waldeeggaru yookiin

walfaallessu taa'uu mala. Asoosama Shira keessatti dhimmoonni haala seenawaa agarsiisanis nijiru. Dhimmoonni kunis haala asiin gadiin qaaccaffamaniiru.

4.5.1. Taateewwan Aadaa, Safuufi Siyaasa Hawaasaa Calaaqisiisan

Aadaan haala jiruufi jireennya hawaasa tokko keessatti sirna ittiin bulmaataati. Aadaan waan walxaxaa qaama hunda kan haammatu kan akka beekumsa, amantaa, aartii, fakkoommiigaarii, seera, duudhaalee, dandeettiiwwaniifi amaloota gara garaa hawaasa keessatti dhala namaatiin fudhatamanii argaman kan of keessaa qabudha. Haaluma kanaan asoosama 'Shira' keessatti taateewwan aadaa hawaasicha calaaqisiisan akka armaan gadiitti qeeqamaniiru.

'Koottu bu'iitii buna dhugii deemi' naan jette. 'Lakki amma sa'aatiin kuteera yeroon walgahiidhaa bahen dhufee dhuga' 'Sitti hime achi keessatti ni mukoofta; buna kiyyahoo hin araadnee?' Araaduun maalikaa? dhugaa akka namaattin yaaden jedheen. Dhuguma bunnii Caaltuu bunaa oli. Waan hundumaa ni beekti garuu wanti akka bunaa ta'uuf hin jiru (Yaasoo, 2019, ff. 12-13).

Bunni buna ta'een dhugamuun gamatti buna qalaa ta'ee qophaa'uun akka nyaata aadaatti iddoo guddaa qaba. Kana malees, iji bunaa qaama hormaataa dubartii waliin walitti hidhata waan qabuuf, uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qaba. Kanaafuu, akkuma waraabbii olii irraa hubachuun danda'amutti, bunnii jiruufi jireenya uummata Oromoo waliin baay'ee walitti hidhata. Kanaafuu, Oromoon bakka bunaatti waa'ee jiruufi jireenyaa kanneen akka hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa kaasee gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, hawwiifi fedhii akkasumas quuqamaafi dhibee qabu waliif qoodaafi mala waliif himaa akka waliin jiraatu agina. Karaa biratiin, bakka bunaatti waan garaa ofii baasanii waan himataniif ykn dubbataniif bakka itti afuura baafatan ykn bakka itti mukoo ofii bahan akka ta'e yaada armaan olii kanarraa hubachuu dandeenya. Ta'us, hojii ogbarruu kana keessatti taateewwan aadaa ummatichaa calaaqisiisan muraasa jechuun nidanda'ama. Sababni isaas, asoosamichi yoomessa bal'aa keessatti barreeffamee osoo jiruu, dhimmoonni aadaa hawaasichaa calaaqisiisan ammoo muraasa ta'anii kan argamanidha. Dhimmoonni aadaa hawaasichaan walqabatan bal'inaan hojii ogbarruu kana kessatti mul'achuu dhabuun immoo, muuxannooniifi beekumsi hawaasichaa akkasumas falaasamni isaa haala barbaadameen akka keessatti hincalaaqisne taasisa.

4.5.2. Taateewwan Safuu Hawaasaa Calaaqqisiisan

Safuun naamusaalee hin barbaachifne kan akka nama rifachiisuu, nama doorsisuu, waliin dubbii hin barbaachifne taasisuu, soba, hannaafi kkf kan argisiisudha. Jiruufi jireenya guyyaa guyyaa keessatti jechi ‘safuu’ jedhu bal’inaan mul’ata. Kana jechuun akka duudhaa Oromooti waaqni, Lafti, uumaafi ayyaanni safuu jaallatu. Haala kanaan safuun yaadrimee ilaalcha Oromoo wanta dogongoraafi sirrii waliin walqabatedha. Ilaalcha addunyaa Oromoo keessatti safuun akkaataa gochaalee kamiyyuu sadarkaa dhuunfaa, sadarkaa hawaasummaa yookaan adduyaa jiraannutti qajeelfama naamusaafi amala gaarii nuuf kennuuf nugargaara.

Akka aadaa Oromooti safuun seera waaqaa waan ta’eef, wantootaa akkaafi akka malee raawwatan baaka itti ilaalludha. Safuun Akkaataa uummatni Oromoo jiruufi jireenya isaa ittiin geggeessu, walto’atu, walkabaju, akkasumas seera uumaafi uumama eegee ittiin jiraatudha. Hawaasni tokko hanga hawaasa ta’ee waliin jiraatetti safuu mataasaa qaba. Safuun uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qaba. Safuun waan hawaasni tokko eeggatee ittiin buludha. Safuu yoo cabsanis hawaasicha biratti fudhatama dhabu; jireenya hawaasummaa keessaa baafamu. Waraabbiin kanaa gaditti dhiyaatus safuu hawaasichi qabu muldhisa. Hojii ogbarruu kana keessattis waa’ee safuu hawaasaa ilaalchisee wanti ibsame akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Har’a yeroon isaa yeroo laaqanaati. Akka jaallan kaanii Leencoon laaqanaaf hin baane. Qabsooftuun rifeensa goofaree takka inni laaqanarraa dhabamnaan waamuuf yoo kaatu, « Turi, anatu waamee dhufa » jettee kaate Leeyilaan. Yeroo ishiin waajjira isaa geessu reefuma qaama dhiqatee deebi’aa jira. Akka saalfachuu ta’et dafee foomaa qaamatti of qabe. Ishiis saalfiin ija laaffise. Maalif akka wal saalfatan beekuullee baatan lamaanuu keessummaa walitti ta’an (Yaasoo, 2019, f. 16).

Seenaa asoosama kanaa keessattis ta’u akka aadaa Oromoo ganamaatti, hiriyyoonni lameen wal jaallatanis qaama hormaataa ykn safuu dhokfachuun kanuma jirudha. Yeroo warri kaan laaqanaaf deeman Leencoon naannoo biiroo isaa qaama dhiqachuu akka seeneefi namni natti dhufa jedhee akka hinyaadiin hubanna. Ta’us, Leylaan yoo laaqanaaf waamuu deemtu akka rifateefi foomaa qaama isaatti marate argina. Kun ammoo, lameen isaanii walbeekaniyyu, seeraafi

safuu hawaasichaa kabajuun dirqama jaalalaa waan ta'eef, utuu ofirratti hinbeekiin akka walsaalfataniifi wal leeyya'an agarsiisa.

4.5.3. Taateewwan Safuu Hawaasaa Faallessan

Gochaaleen hawaasa tokko keessatti miseensa garee hawaasaatiin raawwatamuu qaban kan safuu hawaasichaatiin waldeeggaran taanaan fudhatamummaa niqabaatu. Yoo kanaa ala ba'an ammo, kan hawaasicha biratti jibbamaniifi qaanessoo ta'uu malu. Kun ammoo hojii ogbarruu keessattis ka'uun isaa waan oolu miti. Taateewwan safuu hawaasaa calaqqisiisan akkuma hojii ogbarruu kana keessatti mul'ate, taateewwan safuu hawaasichaa faallessanis qeeqamanii jiru. Isaanis haala armaan gadiin dhiyaataniiru. Jechootni Caaltuun fayyadamte kan hawaasicha biratti fudhatama hinqabnedha. Oromoo biratti arrabni; safuudha. Gochaan Caaltuu garuu kanarraa faallaadha. Waraabbiin kanaa gadiis kanuma agarsiisa. "...ilaa, lafa kanarratti wanti akka siyaasaa badaafi fokkataan ni jira jedhee hin yaadu. Nama siyaasaa tokko ta'uurra 'shaarmuxaa' ta'uu wayya. Argitee 'shaarmuxaan' of gurgurti. Namni siyaasaa immoo saba gurgura (Yaasoo, 2019, f. 8).

Waraabii kana yoo ilaalle, hawaasni Oromoo aadaa, duudhaa, amantii fi safuu mataa isaa kan qabudha. Hawaasa Oromoo keessatti namni fedhiifi faayidaa dhuunfaa isaa guuttachuuf jecha qaama hormaataa isaa yookiin foon isaa gurguree jiraachuun baay'ee qaanessaadha. Kanaafuu, namoonni taatee akkasii dalagan yoo jiraatan iddoon isaan hawaasa keessatti qaban gadaanaadha. Ta'ullee, taateen kun abbuma isaa kan miidhu malee qaama kaanirra miidhaa geessisuu dhiisuu mala. Waraabii armaan olii kana keessaa akka hubannutti badii shaarmuxaan uumtu baay'ee xiqqaa ta'uyyuu, namni siyaasaa shaarmuxaan walbira qabamee ibsame miidhaa guddaa kan geessisuufi akka shaarmuxaa miidhaa salphaa otoo hin taane miidhaa guddaa geessisuu akka danda'u hubanna.

Qabxiin biraa, taateewwan hojii ogbarruu kana keessatti dhihaatan irraa wanti hubatamu, mootummaan biyya bulchaa ture bakka hundatti kiyyoo isaa diriirfachuu isaati. Kunis, ogeeyyiin fayyaa harka isaa keessa jiraachuun namoota kaayyoo isaaniitiin morman ittiin kolaasuuf itti gargaaramaa turaniiru. Waan hunda harkaa qabaachuun ammoo itti fufuu sirnichaatiif utubaa guddaa ta'ee kan tajaajilaa turedha. Haalli akkasii ammoo waggoota hedduuf biyya keenya keessatti hojii irra oolaa tureera. Waraabbiin armaan gadiis kanuma agarsiisa.

Dr. Daagim hedduu gammadaa hin fakkaatu. Kutaa qorannoo isaa keessa taa'ee tajaajilamtoota eeggachaa jira. Umriidhaan nama ganna shantamaa waan caalu hin fakkaatu. Dandeettiin ogummaan yaalaa inni qabu garuu akka biyyattiitti hedduu beekamaadha. Gulantaa barnootaanis ta'e bakkaan, garee Dr. Gadaafaati. Wanti nama gaddisiisu garuu ogummaan isa biratti 'shaqaxa'; maallaqa argannaan waan safuu ogummaatiif jedhee dhiisu tokko hin qabu, hunda maallaqatti geeddara. Amaluma kanatu biyyaa alaa bakka itti kabajamee hojjetuu isa jifaachise (Yaasoo, 2019, f. 17).

Waraabbii kana irraa akka hubachuun danda'amutti, Dr. Daagim hojii ogummaa isaaf kabaja kennuu dhiisee; ogummaa isaa kana qarshiitti yeroo jijjiirutu mul'ata. Gochi badaa inni raawwate kunis biyya alaa biyya kabajaan hojjetu keessaa isa ariisisee jira. Dabalataan Dr. Daagim erga gara biyyaatti deebi'ee, hojii jal'inaa kana hin dhiifne. Ogummaa isaatiif kabaja kennuu dhiisee ogummaa isaa kana gara qarshiittii jijjiireera. Egaa bara sirna TPLF keessa namootni akka Dr. Daagim kan jiran yoo ta'u, jarreen kun ogummaa isaanii qarshiitti jijjiiruun uummata raakaa turuu isaaniitu hubatama. Kanaafuu, hojii ogbarruu kana keessatti taateen safuu hawaasaa faallessu jiraachuu isaa waraabbii armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama. Kanas dhugaa yeroo ammaa lafa jiru waliin walbira qabnee yeroo ilaallu, miseensa hawaasaa keessa namni akka Dr. Daagim dhugaafi ogummaa achi gatee ykn namummaa isaa gatee maallaqa faana ba'uun bineensa bineensarraa dhalate ta'ee nama gurguree jiraatu jiraachuu nutti agarssisa.

Taateen biroo safuu hawaasaa faallessu akka armaan gadiitti qaaceffameera.

Oduma oduu buusnee baasnuu bunnii danfee irraa bahe. "Amma ija dunuunfadhu" naan jette. Maalif akka jette waanin hin beekneef nan shakke. 'Dunuunfadheem' mataan jabaadhe asitti. Kanatti aansitee suuta ogummaan huccuu kiyya takka takkaan narraa baaftee paantii qofaatti na dhiifte. Achiin ammoo kan ishii akkasumatti akkan baasu naaf heyyamte. Kan tole jedhee baaseen kan dafee bahuu dide hanga citutti harkisee dafee paantii ishiitti utaale. 'Tur hin muddamin' jette paantiirratti. 'Kan kun na hin muddiin maaltu na muddaa?' gaafadhe. 'Muddamaniif hin argatan bar!' 'Lafarra harkisaniif immoo ni dhabuum!' jetteen 'Dura akkanumatti teenyee buna dhugna dhiisi' naan jette. 'Bun jedhi! Akkam goonee' jedheen utaalee anaa qabachuutti jiruu balballi dhahame (Yaasoo, 2019, f.70-71).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun dandaa'amutti, namoonni kunniin gocha safuu hawaasaa faalleessu raawwataniiru; gochaa isaan raawwatan kunis safuu hawaasaan kan walfaallessudha. Kunis, hawaasni Oromoo safuu qaba; buna danfee ba'e seeraan taa'ee wal keessummeessee dhuga; yaada jiruuf jireenya isaa irratti qabu waliin mari'ata, fedhii foonii isaa of keessatti abbooma malee waan qaanessaa akkasii kana hin hojjetu. Kun ammoo, dhalootni kun akka kana aadeffatuufi safuu hawaasaa hineegene gochuu mala.

4.5.4. Taateewwan Dinagdee Hawaasichaa Calaqqisiisan

Dinagdeen jiruufi jireenya ilma namaaf murteessaadha. Dinagdee gaarii qabaannaan jireenya qananii qabu jiraachuun nama hin rakkisu. Warri dinagee gaarii qaban jireenya qananii qabu jiraatu; faallaa kanaan immoo kanneen dinagee gahaa hin qabne jireenya qananii qabu jiraachuun haa hafuu, oolani buluuf illee baay'ee rakkatu. Dinagdeen jireenya hawaasummaaf, siyaasaaf akkasumas guddina biyya tokkootiif baay'ee murteessaadha. Sirna ADWUI keessatti warroonni dinagdee guddaa qaban aangawota mootummaa keessattuu kan sanyiin isaanii Tigiree ta'ee fi deeggartoota isaatti dhiyoo jiranidha. Asoosama yookiin hojii ogbarruu kanaa keessatti dhimmi dinagdee akkamiin ibsame kan jedhu akka armaan gadiitti qaacceffameera.

Har'a konkolaataa peejoo moofaan hoofu sun akka durii na hin rakkifne. Akka durii karaatti yoo sagal dhaabbatee mootorri ishii odoo hin dhaamiin hoofaa jira. Wantin sodaachaa jiru garuu toora ibsaa tiraafikaatti tasa dhaabbannaan bu'ee yoon dhiibee kaase malee mootorri ishii furtoodhaan tasumaa hin ka'u (Yaasoo, 2019, f. 2-3).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, namootni akka qooddataa kanaa qabeenya waan hin qabneef konkolaataa sadarkaa isaa eege bitachuu akka hin dandeenye agarsiisa. Kan isaan danda'an yoo jiraate waan humna isaanii moofaas ta'u caccabaafi kan yeroon irra darbeefi nageenyi isaa amansiisaa hin taaneen imaluu qofa. Kun immoo, jireenya hawaasummaa isaanniirratti dhiibbaa mataasaa danda'e ni geesisa. Hojiin ogbarruu kunis haala qabatamaa biyya kana keessa ture agarsiisuuf yaaleera.

Har'a walgahii dharaa santu jira. Bariidhaan ka'eetan peejoo tiyya mootora kaasee hoo'isuuf yaale. Garuu badduu baatee jirti. Har'a akka hin deebineti rafteetti. Kaameeraa kiyyaafi meeshaa na barbaachisu walitti qabadheen taaksii waammadhee mana kiyyaa

bahee karaa Caffee Tumaa qaxxaamuree kallattiidhaan laga Qabbanaatti dhundhule (Yaasoo, 2019, f. 102).

Waraabbii armaan olii irraas wanti hubatamu, akkuma Oromoon “waan qabaniin gabaa bahu” jedhe sana, diinagdeen biyyatti ol aantummaa saba birootiin waanqabameef konkolaataa caccabduufi rakkoo nama oolchuu hindandeenye akka qabu agarsiisa. kun ammo, Oromoon diinagdee biyyattii keessaa qooda akka hinqabneefi sadarkaa jireenyaa gadi aanaa akka jiraatu hubachuun ni danda’ama.

Kiisuun yeroo hundumaa dubbiin barnootaa injiraan dugdaat itti ta’a. Ijoollummaa isaatti kutaa lammaffaa qofa akkuma barateen rakkina maatii isaatirra tureen kan ka’e barnootaan du’aafi jireenya ta’anii hafan. Booddeerra erga aangoo mootummaa qabatee booddee garuu alkudhanii ol mana barnootaa seenus barnoonni cirumaa funyaaniifi curree walitti ta’anii hafan. Akka nama barateetti garuu waraqaa ragaa digiriifi suura gaawoniin ka’e garuu niqaba. Waan karaa duurummaa anarraanis kan hin duuromne eenyu? Dhugaa dubbachuuf yoo ta’e, laftin gurguree, maallaqnin naannessee kaaznaa kiyarra galfadhe ... hundiifi kanin amma qabu yoon walbira qabee ilaalu nan saalfadha (Yaasoo, 2019, f. 126-127).

Waraabbii armaan olii irraa wanti hubatamu, barreessaan asoosama kanaa, seenaa yeroo sana ture haala ibsuu danda’uun namoonni sirnicha keessatti sirnichaaf amanamoofi olaantummaan tajaajilaa turan utuu hin baratiin, akka barataniitti karaa qaxxaamuraan waraqaa ragaa kan of harkaa qaban ta’uu, akkasumas aangoo qabaniin qabeenya akka barbaadanitti saamuun sooromaa akka turan, jireenya qanani qabu jiraachuurra darbee waan fedhan yeroofi iddoo barbaadanitti gochuu akka danda’an ibsuu danda’eera. Asoosama kana keessattis, dhimmoonni dinagdeen walqabatan bal’inaan ka’uu dhabuun hojii ogbarruu kana humna dhabsiiseera. Kanaafuu, barreessitoonni ammaan boodaa asoosama yeroo barreessan dhimmoota akkasii kanaaf otoo xiyyeeffannoo kennanii barreessanii gaariidha.

4.5.5. Taateewwan Siyaasaa Calaqqisiisan

Siyaasni addunyaa kanaa kan shira of keessaa dhabe hin jiru. Siyaasni shira hedduu of keessaa qabdi. Ija lama kan namni kamiyyuu ittiin ilaalun gamatti ija sadaffaa nama barbaachisa. Siyaasa

jechuun adii keessaan gurraacha arguu odoo hin taane gurraacha keessaan adii arguu nama gaafata. Taateewwan siyaasaa calaqqisiisanis akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

Dhimmi siyaasa biyya kanaa dhimma siyaasa gaanfa Afrikaati. Dhimmi siyaasa Gaanfa Afrikaa ammoo jaallannes jibbines dhimma siyaasa Oromooti. ‘Naanneessaan Gaanfa Afrikaa kanaa uummata gara miiliyoona dhibba lamaatu jiraata. Ummata kana hunda keessaa sabni lakkoofsaan guddaan Oromoodha’. Lakkoofsaan guddachuu qofa odoo hin taane akkaataan qubannaa saba kanaa tarsiimoo siyaasaafi kan hawaasdinagdee naanneessaa kana irratti murtoo guddaa qaba’ jedhe. ... nuti akka biyya keenyaatti gargaarsa gama kanaan barbaadamu isinii goona; gochaas jirra. Kanaan booddee saba kana harka biraatiin qabachuun hin danda’amu. Akkatti harka isaaniitiin isaanuma qaban irratti mala dhahuutu barbaachisa (Yaasoo, 2019, ff. 34-35).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda’amutti, mootoleen biyyaa Itoophiyaa jedhamtu kanaa Sabni Oromoo haala quubsuma lafa isaafi baay’ina isaa irraa kan ka’e yeroo sodaatanii furmaata barbaadaa jirantu mul’ata. Kanaafuu, immoo akkuma Oromoon “soogidda soogiddaan cabsu.” jedhee mammaake Oromoomaan Oromoo bituun ni danda’ama yaada jedhutu calaqqisa. Yaada kana kan ragaan deeggaru, Uummanni Oromoo hortee Kuush gurguddoo gaafa Afrikaatti argaman keessaa baay’inaan saba guddaa akka ta’e ragaan ni mirkaneessa. Biyya keessa Oromoon qubsumaan Kaaba-Bahaa irraa kaasee hanga Baha-jiddugaleessa biyya Keeniyaa fi Lixa biyya Sudaan irraa hanga Baha Afrikaa biyya Somaaliyaatti akka qubatu Seeyfuu (2018:14) Lewis (1984, 590) irratti ibsee jira. Horteen Kuush Dh.K.D. naannoo waggaa 8000n dura Kaaba Baha Afriikaa jiraachaa akka ture kitaabileen seenaa ragaa nuuf bahu. Yaada kanaan walqabsiisee Roobaleen (2015:1) “Bara Dhaloota Kiristoosiin dura waggaa 8000 irraa eegalee biyya missirii hanga Galaana Diimaatti naannoo Naayil yookiin Abbayyaatti yaa’u naannoo Kaaba Baha Afriikaa biyya Kuush jedhamuudhaan beekama.” jedha. Sabni Oromoo Saba dhugaatti amanuufi sabboonummaa leellisu, gaarummaa qabuufi shira hin beeknedha. Gaarummaan isaa kun immoo gareewwan faallaa isaa ta’anii fi shira xaxuu beekaniin akka cunqurfamuu fi hanga har’aattillee gabrummaa jalaa guutummaan guutuutti akka ba’uu dadhabu isa taasiseera. Kunis, mootoliin dhufaa darban hedduun Oromoo harkaa nyaatanii Oromootti deebi’uun kan miidhaa turaniifii miidhaa jiran ta’uu mul’isa.

Yaaduma kanaan walqabsiisee Mahaammad (2017:227-231) yaada kanatti aanee jiru barreesseera.

Suusiniyoos Oromoota biratti baqatee guddate Afaan Oromoo, seera Gadaatiifi akkaataa lolaa Oromoota irraa baratee isaaniin aangoo dhuunfatee deebi'ee diina ta'uun Oromoota hedduu akka fixe seenaan ni mirkaneessa... Minilik qarqaarsa Wallootiin mana hidhaa Tewodros keessaa bahee, Oromootatti hirkatee gargaarsa Oromootiin biyya hunda dhuunfatee maayyii diina Oromoo ta'e. Badii faashistummaa jabduu galmees seenaa irraa hin haqamne Oromoorratti hojjachuun lubbuu nama hedduu galaafate.

Dabalataan, Dirribii (2016) yaaduma olii kana deeggaruun akkasitti ibse; walakkeessa jaarraa 19ffaa irraa eegalee Mootiin Minilik II lafa Oromoo weeraree qabachuun of jalatti cabsee gabrummaan bulchuu kan danda'e namoota uummata Oromoo keessaa bahan aangoo fi faayidaadhaan qabachuun, akkasumas, amantaan, lagaan fi gosaan akka walqoqqoodu gochuun Oromoo Oromoodhaan rukkutuun akka ta'e ragaaleen seenaa ni addeessuu. Ummanni Oromoo erga gita bittaa alagaa jalatti jalqaba jaarraa 19^{ffaa} kufee eegalee karaa addaa addaatiin qabsoo mirga abbaa biyyummaa isaa yeroon inni itti bifa gurma'eenis ta'e bittinnaa'een hin taasisin hafe hin turre. Haata'uu malee, gitni bittootaa sirnoota darbanii Oromoota gantuu ta'an faayidaadhaa, amantiifi soddummaan ofitti qabuun Oromoo irratti kaasuun akka cabsaa turan galmeen seenaa ni addeessa. Gochaalee suukkanneessaa bara sana raawwate keessaas harma muraa fi harka muraa Aanolee, Calii Colanqoo fi qe'ee fi lafa isaa irraa hari'atamuu Oromoo Gullallee kaasuun ni danda'ama.

Gochi Minilik uummata Oromoo irratti raawwachaa ture kunis goodaannisa yoomillee sammuu ilman Oromoo keessaa ba'uu hindandeenye ta'ee jira. Isa kana yaadachuudhaaf yeroo ammaan kana siidaan harkaafi harma muraa Aanooleerratti ijaarame jiru ragaadha. Keessumaa Arsii Aanolee irratti yeroo Oromoon jiila baallii wal harkaa fuudhinsa Sirna Gadaa qabutti eeguudhaan uummata aadaa isaa eegee miidhagee bahe gara jabummaan harkaa fi harma muranii fixuun isaanii aadaa, afaan, seenaa, eenyummaa fi waan Oromoon qabu hunda balleessuuf yaalii godhamedha. Kanaafuu, hojii ogbarruu kana, taatee shira siyaasaa yeroo darbeefi ammaa raawwataa jiru waliin walbira qabnee yeroo ilaallu, Wayyaaneen OPDO uumtee kan maqaaf uummata Oromoof dhaabbadhe jedhuun dantaafi faayidaa isaa ittiin tiksatu, miseensotni OPDO kan Oromoo ta'anii sabummaan itti hin dhagahamneefi dhiigaan Oromoo hin taane, garuu

Uummata Oromoo bakka bu'ee utuu jiruu dantaafi faayidaa dhuunfaa isaanii malee dhimmi sabaa kan itti hin mul'anne. Akkasumas dhaabichi waan akka Oromoof dhaabbateefi quuqama qabuutti Oromoorratti shira siyaasaa garaagaraa raawwachaa, qabeenya isaa saamaa, dinagdee isaa dadhabsiisaa, akkasumas eenyummaafi safuu isaa balleessaa tureera.

Yeroo ammaa kanas, dhaabni ODP yookiin Oromo Democratic Party jedhee moggaafatee maqaaa Oromootiin dhaabbate kunis kanuma raawwachaa jira. Hojiin ogbarruu kunis, dhugaa yeroo ammaa lafa jiru waliin wal bira qabmee yeroo ilaalamu waanuma jiru ibsuu danda'eera. Walumaagalatti, mootummaaleen walduraa duuba Oromoorratti ijaaraman kunneen Oromoo, keessumattuu dinagdeedhaan akka inni cabu taasisaniiru. Cabiinsi isaas kan siyaasa bara tokko qofa osoo hin ta'iin, kan dhala dhalasaatti taasisetu kan dhaloonni ammaa kun gatii itti kaffalu taasisee jira. Kana malees, dinagdee ilaalchisee saamichiifi dhiibbaan irra gahaa ture, siyaasaan, amantiin, hawaasummaan, eenyummaa isaatiinfi gama hundumaan Oromoon gara moggaatti akka dhiibamu taasise.

Hojii ogbarruu kanaa keessatti taateen biraa shira siyaasaa agarsiisu akkaataa biyyoonni alaa Impaayera Itoophiyaa TPLF itti deeggaranii fi saba bal'aa kana akka itti of jala galchani bulchan akkasumas saba kanaaf qaama hidhatee falmaa jiru mala isaan balleessuuf malaniiti ; innis akkaataa saba kana itti qabanidha. Hojii ogbarruu kana keessattis kanumatu mul'ate.

Galatoomaa ! Koloneel Haaftayin jedhama. Waraana Bahaa, kutaa saaphana tika waraanaatti itti aanaadha. Sabni kun mufatee akka fincilu odoo hin taane abbaan biyyummaa itti dhagahamee akka biyya kana olaantummaan utubu gochuun karaa isa sirrii ture. Yaa ta'u malee seenaa biyya kanaa keessatti siyaasni akkanaa odoo dursee hin dagaagiin sabichi mufatee fincilee jira. Kanaafuu, amma wanti godhamuu qabu haala ittiin qaama hidhatee falmaa jiru kana suutaan qancarsuun danda'amu, akka itti quucarsan irratti karoorsanii cimani hojjachuudha. Biyya keessaa immoo sabichi akka siyaas dinagdeedhaan hin ititne yeroo yerootti ajandaa uumanii itti laachuu; akka laaffatee keessoo isaatti deebi'u gochuu...kana hojiin hojjatamuu qabu (Yaasoo, 2019, ff.34-38).

Waraabbii olii irraas wanti hubatamu, akkaataa itti warri biyya kana olaantummaan bulchaafi saamaa turan saba bal'aa kana akkamitti ukkaamsanii bulchuufi qaama garee kanaaf hidhatee falmu akkaataa itti qancarsuun danda'amu akkasumas itti quucarsan karoorsanii waan danda'an

hundaan gorsaa biyya alaatii qacaratanii saba badii homaa hin qabne kanarratti karoora baasaa turuu isaanii hubachuun ni danda'ama. Gama biraatiin immoo, sabichi akka siyaas-dinagdeetiin hin guddannee yeroo yerootti ajandaa sobaa kalaqanii itti laachuun akka dorgomaa hin taaneefi oromiyaa of dandeessee hin dhaabanne arguun fedhii isaanii isa guddaa ta'uu agarsiisa. Hojiin ogbarruu kunis, dhugaa kanaan dura saba Oromoo irratti raawwataa tureefi yeroo ammaas lafarra jiru akka ta'e sirriitti lafa kaa'uu danda'eera.

Waraabbiin biraa taatee shira siyaasaa agarsiisu, akkaataa leenjisa biyya alaatii qacaranii itti leenjii riphee loltummaa kennaniifi riphee loltoota saba kanaaf hidhatanii falmaa jiran itti balleessaniifi to'atan akkaataa armaan gadiin qaaceffamee jira.

Olvaan lammii biyya Ameerikaa yoo ta'u, yeroo ammaa kanatti torbanitti Doolaara kuma shantamaan leenjii waraanaafi adamoo riphee lolaa waraana Itoophiyaatiif laachaa jira. Ilaa waraana qabaannaan waan barbaadde goota. Waraana cimaa qabaannaan namni feete dhuftee gateettii sitti lakkaa'uu hin dandeechu. Waraana cimaa qabaannaan Oromoo akkamiin to'anna jettanii gaafachuun isinirraa hin eegamu. Afaan keessan dimookiraasii haasa'aatii harki keessan yeroo mara arraba qawwee irraa ka'uu hin qabu. Keesaahuu isin saba biyyattii keessaa bicuudha. Filannoon keessan sibiilaan achi kan biraa hin jiru (Yaasoo, 2019, f. 39).

Waraabii olii kanarraa wanti hubatamu, waraanaan waan hundaa gochuun akka dandaa'amu; keessattuu Oromoo saba bal'aa kana to'achuufi cabsuun kan dandaa'amu meeshaa waraanaan alatti filannoon biraa akka hin jirre agarsiisa. Maarree sirnoonni habashaafi fakkaattotni isaa kanaan dura yeroo biyya kana bulchaa turanitti afaaniin diimokiraasii haasa'aa, harka lafa jalaatiin immoo, qawween saba jilbeeffachiisanii bulchaa turuun isaanii biyyattii kana keessa hagam haqummaan akka hin jirreefi sirna darbe keessatti dararaan garaagaraa uummata Oromoo irra akka gahaa ture nutti agarsiisa. Taateen hojii ogbarruu kana keessatti raawwates waanuma sirnoota Habashaa irraa kaasee hanga Wayyaaneetti darbees PPn yeroo ammaa raawwachaa jiru agarsiisa.

Gama biraan immoo, akkuma gantootni saba ofii keessa jiran kan quuqama saba kanaa qabanis jiraachuun hin oolu. Waraabbiin armaan gadiis kanuma cimaa.

Ani garuu yaadni amma dhiyeessite kun saba kanaafis ta'e biyya kanaaf ni fayyada jedhee hin amanu. Saba kana ajjeesaa biyya kana hanga bara kamiitti haala kanaan akka itti fufsiisuun dandaa'amu argaa hin jiru ... wanti nuti gochuu qabnu isa ati amma jettu kana odoo hin taane waan biraati...eeyyee tarsiimoo biraati kan nuti baasuu qabnu. Takkumaan qilleensa manichaa dhaamocha itti naqe. Namiyyuu namicha kana akkanaa dubbata jedhee hin eegne. Dubbiin isaa humnas dhamas godhatee as bahe. Namichi kun warreen bulchiinsa biyyattiitiif amanamoo jedhamanii beekaman keessatti nama tarreeffamu. Ammas walgahii akkanaa kana irratti kan inni hirmaateef sababuma saniif. Kanaafuu, dubbii kana isatu dubbate jedhanii fudhachuuf hedduu rakkisaa ta'ee argame. Odoo isaan hin yaadiin fira adurree itti ta'e (Yaasoo, 2019, f. 42).

Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubachuun dandaa'amutti, akkuma sirna Wayyaanee keessa kan sabaan Oromoo ta'anii sirnichaaf amanamoofi waan isaan barbaadan hunda godhaniif shira itti kenname hunda raawwachuun saba kana balleessuuf jiran, saba kana baraaruufis miseensota dhaaba kanaa keessaa kan quuqama sabummaa qaban jiraachuu isaa mul'isa. Kunis akkuma Gobanaa Daanceenfaa saba ofii dabarsanii kennaa yookiin gurguraa turan sana, faallaa kanaan immoo, kan saba ofiif quuqama qabanis dhaabicha keessa jiraachuu mul'isa.

Taateen Shira siyaasaa biraa asoosama kana keessatti calaqqise, miseensa sirnichaa ta'anii yoo isaan morman mala namoota isaan morman kana itti balleessanii fi quucarsan maal akka ta'e akka armaan gadiitti hojii ogbarruu kana keessatti calaqqiseera.

... Eeyyee dubbii kana yerootti yoo to'achuun hin danda'amne 'political inflection' fida ... kun kan qoosamu miti. Nama akka amma jennu balleessuuf malli gaariin dura fuuldurattii baasta. Isaanuma keessaa garee faayidaa uumtee akka walitti bu'an gootee, akka badu gochuun diinummaa odoo hin horatiin dhabama goota! Kana muuxannoon keenya kan nutti mul'isu. Mala biraa yoo barbaadde immoo, nama kana kaasiitii bulchaa godhii muudi. Achiin luugama xiqqoo itti dheeressiitii akka inni namoota isaanii kana akaayee unkuru godhi. Achi gama duubaatiin isaan keessaa kan haalaan miidhameefi mufate waamiitii haala mijeessiif. Achiin harka isaa keessa haaduu kaayii dalga qabadhuu fiigi jedhiin. Dhumarra gabaasa irraa fuudhi. Kanuma ! (Yaasoo, 2019, f 53-57).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, hojii asoosamaa kanaa keessatti nama sirnichaan mormu kamiyyuu taanaan, sirnichi balleessuudhaaf akka duubatti hin jenne agarsiisa. Kun immoo, namoota quuqama uummata isaanii qabaniifi dhaabichuma keessa hojjachaa dhiibbaa saba isaanii irraa qolatan lammiilee isaanii achuma keessa hojjatan kaan waliin diina walitti gochuudhaan umurii isaanii dheereffataafi dantaa isaanii guuttachaa turaniiru. Darbees, sabboontota gama tokkoon sirna siyaasa isaanii keessatti qooda fudhachaa gama biraan ammoo quuqama saba isaaniitiif qaban waan isaaniif oogan fakkaatanii gara aangotti fiduun shira isaan barbaadan keessa akka galan gochuun dirree taphaan ala gochaa turaniiru. Kun ammoo, akkuma 'sareen udduu madaa akka garaashee hin duttu' jedhan sana rakkoo wayii keessa galchuudhaan akka isaan waa'ee saba isaanii hin dubbanneefi hin hojjanne godhu. Kun shira siyaasaa sirni Wayyaanee kennaa godhatee ittiin umrii aangoo isaa dheereffachaa turedha. Taatee kanas ija seenaatiin yommuu ilaallu, waanuma dur hawaasa keessatti mul'achaa ture ta'uu agarsiisuu yaaleera.

Taateen biraa hojii ogbarruu kana keessatti mul'ate, sirna ADWUI keessa Oromoo qulqulluu ta'anii waajjiira mootummaa keessa yeroo kamiyyuu abdi guutuun hojjachuun akka hin danda'amneefi jiruun jiruu yeroo kamiyyuu shakkiin guutame ta 'uutu asoosama kana keessatti calaqqise. Kunis akka armaan gadiitti qaaceffameera. 'Ani kan jedhu barreessituun kee kun hangam si sodaatti? Otuma jennuu amanamtuu dha? Nasodaachuun dirqama. Sababnis 'O' qulqulluu waan taateef yeroo kamiyyuu ari'amuuf dhihoo ta'uu ishii waan beektuuf jiruu kurupheet jiraatti' (Yaasoo, 2019, f. 49).

Egaa, akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti hoggantoonni mana hojii isaanii wanta gubbaa isaaniitii muldhatu qofaan nama guddaa fi beekaa haa fakkataniyyu malee keessoon isaanii kan gatii hin qabne ta'uu hubanna. Akkasumas sirna ADWUI keessa waajjira mootummaa kamiyyuu keessa sabaan Oromoo qulqulluu ta'anii gulantaa hojii guddaas haa ta'u xiqqaa yeroo kamiyyuu jireenya shakkii fi sodaan guutame jiraachuutu hojii asoosamaa kana keessatti calaqqise. Kun immoo, sabni kun akka jiruuf jireenyasaa tasgabbaa'ee hin geggeessinee fi ofitti amanamummaa akka hin qabaanne taasisuurra darbee jireenya jeeqamaafi tasgabbiin hin qabne keessa akka jiraatu akkasumas dorgomaa ta'ee akka hin mul'anne taasiseera. Kanaafuu, hojiin ogbarruu kun bara ogbarruun kun barreeffame keessatti yaaxxina seenaatiin yommuu ilaalamu waanuma hawaasa keessa tureefi jiru lafa kaa'uu yaaleera.

Qabxiin biraa, taatee hojii ogbarruu kana keessatti dhihaate irraa wanti hubatamu aangoo siyaasaa of harkaa qabaniin, dinagdee biyyattii to'achuufi akka barbaadanitti fayyadamuutu dhihaate. Kan dinagdeefi aangoo qabutu qawwees qaba. Gareen biyyatti olaantummaan bulchaa jiru humnaan kutaalee Oromiyaa gabroomfate kun humna qawwee qaba. Qawwee qabaachuunis dinagdee qabaachuurraa dhufa. Sababnisaa gareen hawaasaa dinagdee hinqabne humna waraanaa injifannoo isa argachiisu qabaachuun itti ulfaata. Kanaafuu, garee hawaasaa tokkoof dinagdeefi aangoo qabaachuun dhimma filannoof dhiyaatu miti. Waraabbiin armaan gadiis kanuma ibsa.

Haalli akkasii ammoo waggoota hedduuf dhufaa darba biyya keenya keessatti hojiirra oolaa tureera. Aangoon siyaasaa of harkaa qabnu aangoo dinagdee nuuf hin fidu taanaan faayidaan qabsoo keenyaa du'a namoota keenya akka ta'e hubadhaa. Kallattii hundaanuu wantoota biyya kana keessa jiru to'achuufi faayidaa saba keenyaa dursuun kaayyoo qabsoo keenya kan ganamaati (Yaasoo, 2019, f. 50).

Waraabbii olii irraas wanti hubatamu, hojii ogbarruu kana keessatti gareen biyya kana olaantummaan bulchaa turan aangoo siyaasaa of harkaa qabanitti dhimma bahuun dinagdee biyyattii akka barbaadanitti itti fayyadamuufi faayidaa saba isaanii dursuutu mul'ata. Yaada kana kan deeggaru biyyi Oromoo, dachee qabeenya uumamaan badhatee fi bal'ina qabdu, baay'ina uummata olaanaa kan qabdu ta'us, akkuma sirnoota Habashaa darbanii sirna mootummaa wayyaneen dursamu keessattis, qabeenya Oromoo saamuuf akka isaaniif tolutti Oromoo lagaa fi amantaadhaan akka walqoqqooduu taasisuun dhimma itti bahaa turaniruu (Dirribii, 2016). Walumaagalatti, Uummanni Oromoo uummata dachee badhaatuu qabuu fi baay'ina lakkoofsa ummataatiin guddaa ta'ee osoo jiruu, shira mootummoonni aabba hirree wayyaneen dabalatee bifa adda addaatiin ummaticha qoqqoodanii tokkummaa isaa booreessuun qabeenya uumamaa isaa saamuun bulchaa turuun isaanii misoomaa fi guddina sadarkaa isaa gitu irra akka hin geenyeeff sababa ta'uurra darbee, loogii mootummoota kanaan uummata Oromoo irratti gaggeeffamaa ture irraa kan ka'e uummatni Oromoo dinagdee biyyatti keessatti dorgomaa fi fayyadamaa otoo hin ta'iin tureera. Haalli seenawaa biyya keenya keessa tures kanuma dhugaa baha.

Taateen biraa shira siyaasaa agarsiisu, akkaataa mootummaan abbootii qabeenyaa Oromoo gurguddoo maqaa ABO itti maxxansuun sodaachisuun maallaqa irraa guuruun dinagdeen

dadhabsiisuu, deeggarsa isaan ABOf taasisan hambisuufi duureyyii Oromoo kana maqaa ABOtiin hidhuufi mankaraarsuutu mul'ate. Kun ammoo, siyaasa qofa osoo hin taane dinagdee Oromoorrattis rakkoo fideera. Asoosama kana keessattis kanumatu ture.

Duureyyii Oromoo kana waamtee maqaa ABOtiin akka himataman itti himtee sodaachisaatii harkaa hin guurtuu ? Akka tarsiimoottuu isaan karaa kanaan gabaa keessaa baasuuf mootummaan akka karoora qabu ni dagattee ? Akkanaa malee ABOs harka gabaabsuu hin dandeenyu ? Wantichi dhugaadha. Sabni kun ABO ofii olitti jaalata. Duureessa dhiisiitii hiyyeessuu ijoollee isaa hagabuu bulcheet sabbata isaa ABOf hiikkata. Duureyyiin kunneen ammoo waanuma fedheefuu dhaaba kanaaf hojii hin buusan jennee yaaduun rakkisaadha. Kanneen egaa maallaqa irraa fuudhuu qofa odoo hin taane waggaa torbaa hanga kudhanii sababuma kanaan hidhuudha. Yeroo san laaffatu jedheet waan Kiisuun jedhe san jabeesseef (Yaasoo, 2019, f. 88).

Waraabbii olii irraas wanti hubatamu, hojiin ogbarruu kun shira mootummaan Wayyaanee dhaaba Oromootiif falmuufi wareegama lubbuu lammii isaatiif kaffalu balleessuuf itti yaadamee wixinameedha. Innis shira kana fayyadamuudhaan dhaaba Oromoon akka lubbuu isaatti jaallatuufi jireenya egereefi walabummaa isaatiif abdatu balleessuun gamatti maqaa shororkeessaa jedhu itti moggaasuun akka biyyaa baasan seenaan ni yaadata. Haaluma walfakkaatuun, shira walfakkaataa kana fayyadamanii Oromoota dinagdeedhaan jabaatoo ta'an maqaa dhaaba kanaa itti maxxansuun akka isaan boqoo ol hin qabanne gochuun gamatti qabeenya isaan umrii guutuu dafqanii horatan irraa saamaafi saamsisaa akka turan ogbarrun kun ni seenessa. Kun immoo, hojiin ogbarruu kun kalaqa jiruuf jireenya hawaasichaa calaqqisu ta'uun gamatti taateewwan haqaa sirnichaan raawwatamaa turee fi ammas jiru ifatti kan agarsiisudha. Shirri kunis, waan namoonni baay'een hin beekbedha jedhanii haa yaadan malee qarmii xaafii keessa gugguufuun garaagarummaa hin qabu.

Taateen shira siyaasaa agarsiisu biraa ammoo, namoota diddaa agarsiisan irras rakkooleefi dararaan adda addaa irra ga'aa turuun isaa ni beekama. Dhufaa darba sirnoota habashaa fi sirna ADWUI keessatti Oromoonni hedduun sababa ilaalcha siyaasa isaanii qofaaf jimlaan hidhuu, reebichaan qaama hir'isuu, qaamaafi qalbiin dararuu, ajjeessuu, butuun bakka bu'e dhabamsiisuu, himata malee hidhanii waggaa dheeraa tursisuu, haqa dhabuu, akkasumas

gochaaleen safuu hawaasichaa cabsaniifi gara jabeenyummaa irratti raawwatamaa turaniiru. Keessumattuu gochi gara jabeenyummaan guutame kun uummata Oromoo irraatti hammaataa ture. Hidhamtootni mana hidhaa kana keessatti argaman irra jireessaan Oromoota waan ta'aniif, 'Afaan Oromoo afaan hojii mana hidhaa ta'e' hanga jedhamutti ga'eera. Dhugaan hawaasa keessa jiru kun, asoosama kana keessattis kan mul'ate yoo ta'u, gochaalee mana hidhaa keessatti hidhamtoota irratti raawwatamaa turan haala kamiin akka dhiyaate akka armaan gadiitti ilaalameera.

Gabramaariyaam gara Saartuutti hiiqeet miila adda qabuuf jennaan, ' Ilaa anaa lubbuun jiru qaama kiyyatti hin buutu ilma Zinaa ! Sanyii warra ajaa ! Abbaa warraa kiyya of seetee balfa!' jetteeniit hancufa itti tufaatii ija itti babaaste. Harkii fi miilli hidhaa waan ta'eef kana malee waan gochuu dandeessu hin qabdu. Dafeet miila ishii lamaan haadaan gamaa gamatti hidhee akka sangaa tumamee takka itti of buusee yeroo raawwatu shaanxaa qabatee seene tokko ofitti butee qaruuraafi dungoo keessaa yaasuu eegale. Tasumaa qaruuraa san caccabsee qaama caaccuu Saartuutti naquu eegale. Amma immoo dungoo qabsiisee qaama ishii kan sila qaruuraa caccabse itti naqe sanitti cobsiisuu eegale. Qaama madaa san keessa ibidda ... raakama biraa, gubaa jabduu... amma wixxirfachuu eegalte (Yaasoo, 2019, ff. 105-106).

Waraabbii kana irraa wanti hubatamu, gochaaleen mana hidhaattii dhala namaarratti fudhatamaa turan kan namni nama akka isaa irratti raawwatu mitii, bineensa irrattillee raawwachuuf nama qaanessu raawwachuun gocha gara jabeenyummaa agarsiisanidha. Yaada kana kan deeggaru, Amnesty International (2014) haala dhiittaa mirga namummaa Oromiyaa keessaa jiru addessuutti, tasa qabuu, yaada ofii bilisaan ibsuu fi walgahuu dhorkuu, himata malee hidhuu, butanii dhabamsiisuu, ajjeechaa seeraan alaa, dararaa fi gochaaleen hammeenya biroo bal'inaan kan mul'atan ta'uu mirkaneesseera. Dabalataan yaada kana kan ragaan deeggaru Dirribii (2016) keessumaa bara 2016 akka saba himaaleen adda addaa gabaasanittiifi akka dura ta'aan liigii mirga namoomaa Gaanfa Afriikaa Obbo Gaarumaa Waaqasaa Caamsaa 5, 2016 gabaasaniitti sochii maaster pilaanii Magaalota Oromiyaatiin walqabatee hanga yeroo kanaatti Oromoonni 410 ajjeefamaniiru, namoonni kuma shantama caalan Oromiyaa mara keessaa Ma'ikalaawwii, Qaallittiifi Qilinxootti hidhamaniiru. Hidhamtoonni Oromoo hedduun immoo bakka akka Xollaayi, Huursoofi Bir-shalaqoo bakka itti busaan, jawweefi bofni itti heddummaatuufi bakka

dhibee adda addaa namatti fidu keessatti hidhamanii jiru. Warra hidhamaniifi ajjeefaman malees kan bakka buuteen isaanii dhabameefi kan qabsoo kana irratti miidhamanii, madaayanii, lafeen isaanii cabee, qaamni isaanii hir'atee, du'aafi jireenya gidduu jiran, kan carraa argatanii mana yaalaa keessa jiran kumaatamatu jira jedha.

Dabalataan, naannoo Oromiyaa keessatti hidhaamtoota kana irratti qaamoonni sadarkaa federaalaa fi naannootti wal-ta'uun dhiittaa mirga namummaa hirmaatan poolisii naannoofi Federaalaa, milishaa naannoo, waraana ittisaa fi qaama basaasaa akka ta'ees qorannoon mirkaneesseera. Asoosamni kunis gochoota dhugaa bara kitaabichi barraa'ee hawaasaa keessatti raawwataman kana haaluma dhugaa lafa jiruun kaa'eera. Walumaa galatti, barri bulchiinsa TPLF bara hamaa yakkoonni dhala namaatiin dhala namaa irratti ni raawwatamu jedhamanii hin eegamne dhala namaarratti raawwateefi hanga har'aatti illee godaannisa fokkisaa dhiisee darbeen namoonni akka namaatti yaadan kamiyyuu itti qaana'an ta'uu nama hubachiisa. Yeroo baay'ee mootummoota abbaa irree wanti wal isaan fakkeessu yoo jiraate, bara bulchiinsa isaanii keessatti aangoo siyaasaa qabanitti fayyadamuun dhala namaa daraaruudha. Dhugaan dhalli namaa gocha badii kanarra hubatus jaalalli namni dhuunfaas ta'ee paartiin siyaasaa kamuu saba isaaf qabu kan mirga dhala namaa sarbu yoo ta'e badiifi kufaatiin inni fidu kan dandamachuun hin danda'amneefi dhaloota dhufuuf seenaa gurraacha kaa'ee kan darbu ta'uu nama hubachiisa. Gama biraatiin, waan aangoo of harkaa qaban qofaaf yakka hin barbaachifneen dhala namaa dararuun addunyaa kana mo'achuun akka hin danda'amne namatti agarsiisa.

Shirri siyaasaa hojii ogbarruu kana keessatti calaqqise inni biroon, akkaataa umrii aangoo isaanii dheereffachuuf saboota gurguddoo biyya kanaa walitti buusuufi adurreefi hantuuta taasisuudha. Kunis akka armaan gadiitti qaaceffameera.

'Siyaasni kee kan ammaa kun akka itti fufu yoo barbaadde saboota biyya kanaa gurguddoo kanneen walitti buusi. Lolli isaanii cidha keessani. Isaan ammoo walitti buusuuf qonyanyaa seenaa isaanii san kaasanii ol baasuudha. Isa ogummaadhaan yeroo yerootti dhiigsuudha. Yeroo inni dhiige akka gubatee hin dhaamnetti gedduu taa'anii abidda itti tuqaatii qaqaammachuutu siyaasa keetiif umrii dheertuu, qananii bareedduu laataaf!' Kana ammoo hojiitti hiikuuf, Sabni Oromoo seenaa keessatti waan miidhame qaba, isa san akka hin buqqaanetti waan mul'atuun lafarra kaayuu, sun gaafa lafarra kaayame Uummanni Amaaraa waraabessa waraana ta'u. Sun bu'aa tokko'

jedheen. Ilaa waan sabichi gaafatee deebiin tokko tokkoon kennamuufiin gamatti qonyonyaa seenaa san gara yaadannoo jabaatti geeddaruun dirqama Seenaa keessatti waa'een harka muraafi harma muraa, waa'een Calanqoo... siidaan mul'achuu qaba. Ta'eewwan kanaaf siidaa dhaabi. Gama tokkoon Saba Oromoo biratti tasgabii siyaasaa hanga tokko yoo fidu, karaa biraan ammoo uummata Amaaraa biratti waa booressa...yoo akkas goote aangoo siyaasaa kee... jedheen (Yaasoo, 2019, ff. 131-134).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, Sirni Wayyaaneen durfamu umrii aangoo isaa dheereffachuuf saboota gurguddoo biyya kanaa ajandaafi kallattii garaagaraatiin seenaa kanaan dura darbe yaadachiisuun walitti buusaa tureera. Akkuma seenaan uummata Oromoo beektota biyya keessaafi alaatiin barreeffamee jiru, Saba Oromootiif moototni Habashaa dhufaa darba waan isaan saba kanarratti gochaa sukkanneessaa hin raawwatiin hin jiru. Isaan keessaa Miniliik adda dureedha. Miniilik erga gara aangootti dhufeen booda biyya tokkoomte ijaarra sababa jedhuun uummata Oromoorratti gochoota ijaan arguufi gurraan dhaga'uuf nama sukkanneessuufi yoomiyyuu seenaan hin dagatne raawwatee darbeera. Gocha Miniliik uummata Oromoo irraan ga'e keessaa harka muraa fi harma muraan yoomiyyuu seenaa Oromoo keessatti godaannisa ta'ee hafeera. Waraabbii armaan olii irraas wanti hubatamu, gochoota sirnoota habashaa duraanii ka'umsa godhachuun saboota gurguddoo biyya kanaa lamaan walitti naquun aangoo siyaasaa isaanii ittiin tikfachuufi turtii aangoo isaanii dheereffachuuf shira siyaasaa isaan xaxantu hojii ogbarruu kana keessatti calaqqise. Hojii ogbarruu kana ija seenawaan dhugaa lafarra tureefi kan ammaa waliin walbira qabnee yoo ilaallu waanuma raawwatee darbeefi ammas raawwatamaa jiru agarsiisuu danda'ee jira.

Shirri siyaasaa hojii ogbarruu kana keessatti mul'ate kan biraan, ogeessi fayyaa Dr. Daagim ajaja hoggantoota biyyattii olaantummaan bulchaa jiran ADWUI yookiin wayyaaneerraa ergama fudhateen amanamummaa hojii ogummaa isaa kana bukkeetti dhiisee waan safuu ogummaa isaa tuqu raawwate. Kunis, jaalallee Leenchoo kan taate mucayyoo Layilaa jedhamtu kan moraa qabsoo ABO keessatti argamtu tokko nama dhaaba Wayyaaneef hojjatu Kitilaa jedhamurraa firii dhiiraa fuudhee gara qaama intaloo kanaatti dabaluu akka ulfooftu taasisuun Leenchoon jaalallee isaa kana akka shakkuufi moraa qabsoo ABO keessatti ulfaa'uun akka seera ittiin bulmaata isaaniitti ni dhorkama waan ta'eef mooraa qabsoo isaanii kana jeequuf yaaleera. Kunis akka armaan gadiitti qaaceffameera.

‘Ilaa kana ergan’...akka hin tuqne dhaqiitii hakiimicha isheen biratti yaalamaa jirtu sanitti kana laadhuu waan inni jedhu waliin raawwadhu’ jedhanii deebisan. Ka’een itti qajele. Hakiimichi akkuma dubbisee fixeen lilmoo baasatee yoo natti qajeelu ‘maal taate ? Yoomin na dhukkube jedhe ?’ jedheen qabadhe. Achiin waan ergichi jedhu natti himee walii gallee anarraa waa waraabee dhaqee micayyittiif naqee (Yaasoo, 2019, f. 149).

Akkuma waraabbii armaan oliirraa hubachuun danda’amutti, ijoollee Oromoo gidduutti walshakkiin akka uumamuufi qabsoon geggeeffamu akka diigamuuf yaalii taasifamedha. Sirnichi qabsoo uummatichaa waan sodaatuuf, jaalalaafi tokkummaa qabsaa’otni Oromoo qaban gargar taasisuuf, namoota gidduutti walshakkii uumuun fedhiifi faayidaa isaanii galmaan ga’uuf carraaqu. Kanaafuu, waraabbiin kunis shira sirnichi xaxuufi yaada qabsaa’ota Oromoo garaagara godhee umurii dheereffachuuf yaalu kan agarsiisudha.

Kara biraatiin sirnichi tooftaalee adda addaa gargaaramuun tuuta qabsoo laaffisuufi diiguuf akka yaalaa ture waraabbii armaan gadii irraa hubachuu dandeenya.

Maal seete ishii ajjeesuun guddatu nama tokko jalaa hir’isuu ta’a. Kanaafuu, san dhiifneet akka mooraan sun jeeqamutti yaada gaarii tokko fidna. Leencoon asuma mana hidhaa ‘Maa’ikalaawii ‘ kana keessatti kola’ee ture. Hin dhalchu. Miciyyoon kun yoo amma tasuma ulfoofte mooraa san keessatti shakkii guddaa fida. Innis kana hin fudhatu. Inni fudhachuu baannaan ammoo nama biraatu shakkama. Kun ammoo seera isaaniitiin hin danda’amu. Yoo sunillee irra darbameef dirqama killeen bofaa kan lukkuun cuuccessitu achi keessatti dhalachuu isaati. Kun ammoo dhiibbaan isaa...jedheet fuula gammachuu ibse (Yaasoo, 2019, f. 150).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda’amutti, mooraa qabsoo ABO jeequufi wal shakkiin qabsaa’ota kana gidduutti akka dhalatuufi qabsoon isaanii kun akka galma hin geenye, qancaruu fi diigamuuf shirri siyaasaa kana fakkaatu hojjatamuu hojii ogbarruu kanaa keessatti mul’ateera. Gama biraan immoo, sirni Wayyaaneen hogganamu kun qabsaa’ota Oromoo hedduu mana hidhaa Ma’ikalaawwii keessatti hiraarsaafi kolaasaa turuun gamatti akka qabsoon Oromoo ititee wal hin qabanne gochuudhaaf karaa dhokataa ta’een ajandaa gidduu isaanii buusanii akka wal shakkiin uumamuufi tokkummaan isaanii laaffatee qabsoon isaanii diigamu gochuuf shira

kana xaxaa akka turan waraabbiin armaan olii ni agarsiisa. Kun ammoo, hojii kalaqaa kana keessatti bifa seeneffamaan qofa kan taa'e utuu hin taane shira sirni Wayyaanee kennaa godhatee ittiin hojjetaafi umrii aangoo isaa ittiin dheereffachaa ture akka ta'e seenaan ragaadha.

Taateen Shira siyaasaa hojii ogbarruu kana keessatti mul'ate kan biroon, sabichi yeroo hundumaa siyaasa jeeqama keessa akka jiraatu taasisuun, tasgabbaa'ees akka hin jiraanne gochuun dinagdeen laaffisaa, siyaasaan madeessaa akka cabu godhanii bituudhaani. Kunis, akka armaan gadiitti qaacceffamuuf yaaleera.

Sabichi akka dandamatee siyaasaan DhDUO 'n akka hin dhuunfatamnetti, akka fincilee ABOttis deemee hin makamnetti, tasgabbaa'ees akka hin ititnetti adeemsa keessa lakkoofsaan hir'isaa, dinagdeen laaffisaa, siyaasaan madeessaa akka cabu godhanii bituudhaani. Kana gochuun ammoo saboonni ollaa isaa jiran waraana irratti akka banan deeggaranii miidhaa muraasa booddee irraa dhaabuu... turtii muraasaan booddee ammas itti kaasuu ... takka ta'anii ammas karaa biraa itti banuu... akkanaa sabicha raasuudha (Yaasoo, 2019, f.213-214).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun dandaa'amutti, sirni biyyattii olaantummaan geggeessaa ture baroota darban keessa saba bal'aa kanarratti shira adda addaa xaxuun sabootni ollaa isaa jiran akka waraana irratti banaan gochuun sabni kun jireenya tasgabbi qabu akka hin jiraanneefi dinagdeen akka hin guddanne taasisaa tureera. Kun immoo gama siyaasdinagdeen akka hin guddanneefi warreen kaan waliin dorgomaa hin taane taasiseera. Walumaa galatti, hojiin ogbarruu kun taateewwan seenaa yeroo darbee sirriitti ifatti baasee dhugaa lafarra tureefi ammas jiru mul'isuu yaaleera.

Taateen shira siyaasaa biroo hojii ogbarruu kana keessatti calaqqise hoggantoota dhaabaa DhDUO sanyiin isaanii Oromoo qulqulluu hin taane itti hedduumeessuun sabni kun akka siiyaasdinagdeetiin jeeqamuufi mataa ol hin qabanne taasisuudha. Kunis akka armaan gadiitti qaacceffamuuf yaaleera.

DhDUO fi sabicha walitti diinomsuun haalaan jabaatee itti fufuu. Kana gochuuf ammoo hoggantoota dhaaba kanaa kan sanyiin isaanii Oromoo qulqulluu hin taane itti

heddummeessuudha. Haalli kun yoo uumame miseensi dhaabichaa ofiif jecha isinitti hirkata (Yaasoo 2019, f. 213).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, hojii ogbarruu kana ija seenaatiin yommuu ilaallu, waan hawaasa keessa dur ture sana ibuuf yaaleera. Umrii aangoo isaa tursiifachuufis namoota dhiigaan Oromoo hin taane aangessuufi akka isaan namoota Oromoo qulqulluu ta'aniifi saba isaaniif quuqaman tiksan gochuudhaan Oromoo akka barbaadanitti bulchaa turaniiru. Kun ammoo, sirna siyaaasaa Wayyaaneen geggeessaa turte keessatti dhimma idilummaan isaan dhimma itti bahaa turaniifi diraamaa isaan ittiin uummata Oromoo burjaajessaa turanidha.

4.6. Namfakkiiwwan asoosamichaa haala qabatamaa hawaasa keessa bara sana ture bakka bu'uun bocamaniiruu?

Nanfakkooni namoota barreessaa asoosamichaatiin uumamaniifi addunyaa asoosamaa keessatti argaman ta'anii yoomessa asoosamichi bu'uura taasifate irratti hundaa'uun, ilaalcha, amantaa, yaada, aadaa walumaagalatti, jiruufi jireenya hawaasa bara sanaa kan calaqqisiisan bakka bu'oota namoota addunyaa dhugaa keessa lubbuudhaan turanii yookiin jiraataniiti. Namfakkiiwwan kunneen caacculee asoosamichaa kanneen biroo wajjin qindaa'anii ilaalcha yookiin yaada hawaasa tokko keessatti mul'atu kan calaqqisiisanidha. Barreessaan dhaamsa dabarfchuu barbaade namfakkoota kanatti dhimma ba'uun akka dubbatan, waan inniifi namoonni biro yaadanis namfakkiiwwan akka yaadan, gochaanis akka agarsiisan taasisa. Haaluma kanaan, akkaataa namfakkiiwwan asoosamichaa itti bocamaniifi gochi isaanii maal akka fakkaatu garee gareetti qooduun ilaaluurra darbee akkaataa namfakkiiwwan kunneen itti bocaman haala qabatamaa hawaasichaa bara kitaabichi keessa barreeffamee akkamittiin akka calaqqisiisan irraa hubachuun ni danda'ama.

4.6.1. Namfakkiiwwan Taateewwan Barreessaan Asoosamichaa Balaaleffatu Deeggeran

Kidaanee

Haala jiruufi jireenya ilma namaa keessatti dhalli namaa yaada, fedhiifi ilaalcha garaagaraa qaba. Akkuma bifa garaagaraa qabu amala garagaraas niqaba. Amaloota dhalli namaa agarsiisan kanas ilmaan Oromoos keessatti qooda fudhachuun isaanii waan oolu miti. Bifuma kanaan ilmaan

Oromoo ilaalcha Oromummaa isaaniirratti qaban garaagaraa ta'uu danda'a. Garaagarummaan isaanii kunis, tokko tokko maalummaa isaaniillee osoo hinbeekiin waanuma argan fakkaatanii kan jiraatanidha. Jarreen kun warra mirgaafi dirqama isaniillee addaan baasanii hinbeekneefi hidda sanyii dhaloota isaaniillee kanneen ibsuuf rakkatanidha. Tokko tokko ammo, Oromummaa isaanii osuma beekanii dantaa dhuunfaa isaanii guuttachuuf jecha Ormatti of-fakkeessanii kan jiraatanidha. Kana malees, jarreen kun warra saba isaanii dabarsanii kennaniifi qabsoo saba Oromoo warra gufachiisuuf rakkatanidha. Lakkoofsi jarreen kanaa baroottan darban irraa hanga ammaatti jiran hedduudha. Namfakkiin '**Kidaanee**' jedhamu kunis, Oromiyaa dhihaa keessatti dhalatee, Afaan Oromoofi aadaa hunda sirriitti beeka. Dhiiga Oromummaas qaba. Haata'utii garuu, faayidaa argatee jennaan nama dabarsee kennuurraa duubatti hin jedhu. Hunda caalaa isatu garaa jabaata. Sochiin isaa ajjeesuutti kan qiyyaafatedha. Namni kun sirna yeroo san biyya bulchaa tureef yookiin ADWUIf amanamaa fi gara jabeessa ta'ee, hojii ogbarruu kana keessatti bocame. Innis namoota mana hidhaa keessatti hidhamanii jiran irratti garajabbeessa ta'uun yeroo hidhamtoota irratti gocha bineensummaa raawwatutu mal'ate. Waraabbiin armaan gadiis gocha gara jabeenyummaan guutameen yeroo namni kun hidhamtoota Oromoo irratti raawwatu agarsiisa.

Kidaaneen Bijigee gudeeduu hin dhaqne. Inni gammachuun isaa yeroo namni du'u fiixee gaha. Jorgee akka Ayyaantuu san reebuurra sibiila mana keessa dhimmuma dhaabbate tokkotti sirriitti jabeessee erga hidhee, jalqaba zayitii danfisee sirrii mataa Jorgeetti ol butee fannisee daqiiqaa daqiiqaa tokko tokkoon akka mataatti ishee cobu godhe. Kun adabbii jiran keessaa adabbii akka malee nama miidhuufi raakama guddaa namarratti fidudha. Waan kana daqiiqaa soddomaa hanga sa'atii tokkootiif gaggeessa (Yaasoo, 2019, f. 122).

Waraabbiin kun garajabummaa sirni darbe ittiin uummata Oromoo dararaa ture kan agarsiisudha. Gara jabummaan kunis kan nama namarraa dhalatee utuu hintaane kan nama gara jabummaa bineensa daggalaa uffatee fakkaata. Namni namarraa dhalateefi akka namaatti yaadu nama akka isaatiif waan gaarii yaaduufi gochuun waanuma barame. Ta'us, kan namoota sirnicha keessa jiraniifi isaaf amanamoo ta'anii adda. Kanaafuu, zayitii danfisaniis namatti naquun gara jabina isa dhumaati. Walumaagalatti, ilaalchi ilmaan Oromoo maalummaa isaanii irratti qaban garaagara ta'uu isaarraan kan ka'e, bilisummaa gonfachuu saba kanaa akka boodatti harkifatu taasiseera. Haala kanaanis uummanni Oromoo waanjoo gabrummaa bara baraan baatee akka jiraatu godhee

jira. Kanaafuu, ilmaan Oromoo maalummaa isaanii irratti ilaalcha garaagaraa qabaatan ofbeekanii, ofta'aniifi ofitti amanaanii tokkummaadhaan socho'uun barbaachisaadha. Dhaloonni har'aas rakkoo kanaan dura mul'achaa ture irraa barachuun mirga sabasaaf tokkummaadhaan qabsaa'uu qaba.

Dr. Daagim

Asoosama kana keessatti namfakkiin kun hojiin isaa hogeessa fayyaa ta'ee haa bocamu iyyuu malee, ogummaa isaa kana yeroo hedduu qarshii yookiin maallaqa argannaan waan gaariis ta'ee waan badaa hojjachuuf nama duubatti hindeebine ta'ee bocame. Waraabbiin gadiis hojii namfakkii kanaa sirriitti ibsuu danda'a.

Dr. Daagimiin maal taate jechuun yeroo balleessuudha. Namni amala isaa beeku waan inni rakkatu ni beeka. Rakkinni isaatiis furtoon isaatiis maallaqa. Kanaafuu, inni waa akka namaaf godhu gaafachuun dura simannaa maallaqaa godhaniifii saniin booddee rakkoo ofii ibsachuun raawwii waan sanii miidhagsa Doktorichi maallaqa itti agarsiisnaan loon bona qarreetti qacaa arge (Yaasoo, 2019, f. 18).

Akkuma waraabbii olii irraa hubachuun dandaa'amutti, hojii ogbarruu kana keessatti hawaasa keessa namni akka Dr. Daagim bara asoosamichi barreeffame keessa horii argatee jennaan waan jedhame hunda gochuurraa duubatti hin deebineefi lammii isaa faayidaadhaan dabarsee gurguru akka jiru waraabbiin armaan olii kun ni akeeka. Kun immoo, seenaa qabsoo biyya kanaa keessatti kan namoonni baay'een dhimmoota akkanaa keessatti qooda fudhachuun jiraataniifi faayidaaf jecha lammii isaanii dabarsanii kennan dhugumaan akka jiran agarsiisuu bira darbee seenaa dhugaa biyya kanaa agarsiisa.

'Dr. Daagim anarraayis ta'ee mootummaa keenyarraa galata qaba' jedheet cheekii muramee mallattaa'e tokko baasee minjaala isaa duraatirra kaayeef. Dr. Daagim qalbiidhaan dubbisee yeroo ol jedhu fuulli isaa ilkaan duwwaa ta'ee jira. Kanaan booddee, akka harree soogidda dhandhamtee san itti cichee haasa'a. Kun amala isaa baramaadha (Yaasoo, 2019, f. 19).

Waraabbii olii irraa wanti hubatamu Dr. Daagim shira dalageef galata mootummaa irraa argate; shirri inni dalages galata qofa otoo hin ta'iin qarshii barbaadullee waan sirnichi barbaadu

ajajamee waan isaaf hojiirra olcheef qarshiis argateera. Kanaafuu, Dr. Daagimiifi fakkaattotni isaa sirna siyaasaa asoosama kana keessatti tuqame keessatti namoota dhimma biyyaas ta'e, quuqama lammii hin qabneefi dheebuu faayidaa dhuunfaa isaanii adamsan akka bakka bu'an hubachuu dandeenya.

Isaaq Beenjaamiin

Isaaq Beenjaamiin sanyiidhaan Jewish yoo ta'u, lammuummaan isaa Ameerikaadha. Asoosama kana keessatti namfakkiin kun gaheen hojii isaa ogeessa siyaasaa yoo ta'u, sirnicha karaa siyaasaatiin deeggaruun sirni ADWUI akka umrii dheeraa jiraatu nama lubbuu itti horedha. Namfakkiin kunis, taatee barreessaan asoosamichaa balaaleffatu ta'ee bocame. Waraabbiin armaan gadiis namfakkii kana siriitti ibsuu danda'a.

'Ilaalaa, qubannaa saba kanaa yoo fudhatan sabni kun Sudaan, Jabuutee, Soomaalee, Taanzaaniyaa, Ugaandaa, Ruwaandaa, Burundiifi Keenyaatti hidhata ... Kanaaf qubannaa kana qubannaa salphaa hin se'iinaa. Siyaasni saba kanaa ammo akka ta'utti hin moxobamne. Haalli kun wal dhiibaa yoo kan deemu ta'e ammo dhoocha achii dhoohuun naannoo kana faala. Akka amma jirru kanatti wantoota to'atanii itti deemuun abshaalummaa guddaa gaafata. Nuti akka biyya keenyaatti gargaarsa gama kanaan barbaadamu isinii goona; gochaas jirra. Akkatti harka isaaniitiin isaanuma qaban irratti mala dhahuutu barbaachisa.' jedhe (Yaasoo, 2019, ff. 34-35).

Akka waraabbiin kanarraa hubachuun danda'amutti, haalli qubannaa saba kanaa biyyoota Afriikaa hedduu waliin hidhata qabaachuun isaa sodaa guddaa ta'ee itti mul'ateera waan ta'eef, qubannaa sabni kun biyyoota kanneen waliin qabu yoo to'annoo isaanii jalaa bahe balaa waan qabuuf, toftaan qabuun barbaachisaa ta'uu isaa Isaaq ni amana. Kanarraa ka'uun, mala kanas dhaha. Kanaafuu, akka ragaan qorannoo kanaa agarsiisutti, Isaaq nama sirna mootummaa deegaruufi shira siyaasaa sirnichi dhimma itti bahu gadi fageenyaan kan beekuufi hojiirra oolmaa isaatiifis nama of kennee hojjetu akka ta'e argina.

'Biyyi keenya Ameerikaan Itoophiyaa waan jabeesitee eegduuf qabdi. Itoophiyaan qilleensa giddugaleessa Bahaatii amantaa qabatee Afrikaatti bubbisu, kan Galoo Galaana Eedan irraa ka'ee hanga Daakaaritti deemuuf jiru san adda dureen kan gufachiise nu

ofkalche biyya tana. Kanaafuu, oolmaa guddaa nurraa qabdi' jedheet bishaan fuula isaa dura jiru afuura tokkoon ol fuudhee dhudha'e (Yaasoo, 2019, f. 36).

Waraabbii kana irraa wanti hubatamu, aangoo sirna wayyaanee dheeressuuf biyyi Ameerikaa jedhamtu qooda keessaa qabaachuu isheefi deeggarsa barbaachisaa yeroo fi iddoo barbaachisutti gochaa turuu ishii agarsiisa. Kana bira darbees, namni kun sirna siyaasa biyya kanaa amanamummaan deeggaruun gamatti dantaa Ameerikaa eegsisuudhaaf kan kufee ka'u akka ta'e hubachuu dandeenya.

“Biyya keessaa immoo sabichi akka siyaasdinagdeen hin ititne yeroo yerootti ajandaa uumanii itti laachuu; akka laaffatee keessoo isaatti deebi'u gochuu...” (Yaasoo, 2019, f. 37).

Waraabbii armaan olii irraa immoo wanti hubatamu, sabni kun yoo siyaasdinagdeetiin guddate siyaasa sirnichaaf rakkoo uuma jedhanii waan yaadaniif, akka sabni kun siyaasdinagdeetiin hin guddanneef ajandaa adda addaa itti kennuun keessoon siyaasa isaa akka jeeqamuuf yookiin siyaasa jeeqamaa keessa akka jiraatuufi waliif akka hin galle gochuun siyaasaafi dinagdeetiin boodatti hambisuuf mala maluu isaanii agarsiisa.

Olvaan

Olvaan Faransaayitti dhalate, garuu lammummaan isaa Ingiliizicha. Ga'eessa umriin isaa afurtamoota gara dhumaa keessa jirudha. Guyyaa tokko fuulli isaa hiikatee hin beeku. Namfakkiin kun asoosama kana keessatti gorsaa waraanaa sirnichaa ta'ee bocame. Waraabbiin armaan gadiis akkaataa namfakkiin kun itti bocameefi taatee barreessaan asoosamichaa balaaleffatu ta'ee bocame.

'Ilaa, siyaasa jechuun waraana jechuudha. Biyyi bulchiinsiifi siyaasni biyyaa waraana jechuudha; wanti biraa hin jiru' jedhe. Waan hundaa waraanaan walitti qabsiisa. Isaaf waraanni soorata lubbuu, qabbana jiruu, afaan walii galteeti. Waraanaan jiraatu isumaan badus jedhee amana. Waraana cimaa qabaannaan Oromoo akkamiin to'anna jettanii gaafachuun isinirraa hin eegamu. Oromoonis gaafa waraana cimaa horate maal akka isin godhu isinuu hin mamtan. Afaan keessan dimookiraasii haasa'aatii harki keessan yeroo mara arraba qawweerraa ka'uu hin qabu. Keessahuu isin saba biyyattii keessaa bicuudha. Filannoon keessan sibiilaan achi kan biraa hin jiru (Yaasoo, 2019, f. 40).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, siyaasnii fi waraanni walirraa adda bahuu akka hin dandeenyeefi waraana cimaa qabaannaan umrii aangoo ofii dheereffachuun akka danda'amuufi afaaniin waa'ee dimookiraasii fakkeessaa goyyoomsaa aangoorra turuun akka danda'amu lafa kaa'e. Kanaafuu, Olvaan lammi biyya biraa ta'ee, garuu ammoo, nama amanamummaadhaan sirna siyaasa Wayyaanee deeggaru ta'uu isaa nu hubachiisa.

'Riphee lolaa sabichaas ta'e siyaasa sabichaa qawweetu gadi qaba!' jedheet ammas afaan mi'effachaa dubbii isaa itti fufe. Riphee lolaa ilaalchisee muuxannoon keenya akka nutti himutti qabxiiwwan torba kan akka hir'ina riphee lolaa kamiittuu ka'u, kan mootummaan galchootti fayyadamuu qabutu jira (Yaasoo, 2019, f. 40).

Waraabbiin kun immoo riphee loltoota kamiiniyyuu kan of jalatti qabuun dandaa'amu afaan qawwee qofa akka ta'ee, akkasumas kana hojjiirra oolchuufis akka muuxannootti wantoota jiran hunda fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa. Kanaafuu, waraabbii armaan olii kanarraa namootni lammiin Oromoo hin taaneefi biyya alaati dhufan ergama biyyi isaanii itti kenniteen gamatti amanamummaadhaan sirnicha tajaajilaa akka turan argina.

Walumaagalatti akkaataa namfakkiin kun itti bocamee, bara barreessaan asoosamichaa barreesse keessa namoonni akkasii hawaasa keessa qabatamaan jiraachuu isaanii agarsiisuuf yaaleera.

Gabramaariyaam

Namfakkiin kun maqaan isaa Gabramaariyaam yoo jedhamu, sirna ADWUIf amanamaadha. Asoosama kana keessatti gochi inni raawwatu hundi gocha garajabinaan guutamedha. Waraabbiin kanaa gadiis namfakkii kana sirriitti ibsuu danda'eera.

Gabramaariyaam jedhama. Ijoollummaa dhabus bilchina hin qabu. Jireenya isaa keessatti wanti akka nama raakuu isa gammachiisu hin jiru. Waan hundumaa akka nama jibisiisutti godha. ... dafheet miila ishee lamaan haadaan gamaa gamatti hidhee akka sangaa tumamee takka itti of buusee yeroo raawwatu shaanxaa qabate seene tokko ofitti butee qaruuraafi dungoo keessaa yaasuu eegale. Tasumaa qaruuraa san caccabsee qaama Saartuutti naquu eegale (Yaasoo, 2019, ff. 90-106).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, Gabramaariyaam yakki inni ilmaan Oromoo irratti raawwataa ture olaanaafi suukkanneessaadha. Namni kun

sanyummaadhaan kan nama qooduu fi qoodinsa irra darbee dararaa jabaa kan namarraan gahudha. Gosummaa irratti hundaa'uun miidhaan inni namarraan gahu olaanaa dha. Har'allee taanaan namootni akka Gabramaariyaam hedduutu saba keenya dararaa jira. Nama namummaa isaa osoo hin taane saba inni irraa dhalate, paartii siyaasaa inni deeggaru, amantii inni hordofu, aadaa ittiin bulmaata isaa ilaaluudhaan kan nama tuffatan, miidhan, ari'atan, hidhan, ajjeesan, dararan, murtoo sobaa itti murteessan **Gabramaariyaam** hedduutu biyya keenya nagaa dhorkaa jira. Namootni akka Gabramaariyaam kunneen yeroo sirni tokko kufu sirnuma haaraa dhufe keessaa burquudhaan har'as mataa bowwoo uummatatti ta'anii hiraarsaa jiru.

Kiisuu

Namfakkiin kun sirna ADWUIf amanamaa akkasumas taatee barreessaan asoosamichaa balaaleffatu ta'ee bocame. Namfakkiin kun tarsiimoo sirni ADWUI baafate nama galmaan gahuuf filatamee bocame keessaa tokko dha. Waraabbiin armaan gadiis namfakkii kana ibsuu danda'eera.

Duureyyii Oromoo kana waamtee maqaa ABO tiin akka himataman itti himtee sodaachisaatii harkaa hin guurtuu? Akka tarsiimoottuu isaan karaa kanaan gabaa keessaa baasuuf mootummaan akka karoora qabu ni dagattee? Kana yeroo argattu ati ammo waamtee dursa elmachuudha! (Yaasoo, 2019, f. 225).

Waraabbiin kun kan nutti agarsiisu bara asoosamichi itti barreeffame keessa sirnichi abbootii qabeenyaa Oromoo ta'an hedduu maqaa ABO itti maxxansuufi maqaa balleessuun doorsisaa qabeenya duureyyii Oromoo saamaa akka ture agarsiisa. Kunis qabsoon saba kanaa akka abbootii qabeenyaa kanaan hin deeggaramneef sodaa itti naquun gabrummaan saba kanaa akka dheeratu taasisaniiru. Hojii ogbarruu kana ija seenaan gaafa ilaallu, namootni hojii jallinaa saba Oromoo irratti raawwataniifi Orma jala gugguufan hedduun akka jiran ibsa. Namootni akkasii ammoo seenaa keessatti iddoo hinqaban. Seenaan isaan abaaraa jiraata. Seenaan isaanis galmee seenaa gurraachaa irratti ni barreeffamaaf. Kiisuunis namfakkii namoota akkasii mul'isuuf bocameedha.

4.6.2. Namfakiiwwan Taateewwan Barreessaan Asoosamichaa Deeggeru Deeggeran

Injiinar Roorrisaa

Namfakkiin kun mooraa qabsoo WBO keessa kan jiraatu yoo ta'u, qabsa'aa beekamaa ta'us yaada qabsaa'ota kanneen biroo yeroo faallessutu hojii ogbarruu kana keessatti mul'ate. Kunis akka armaan gadiitti qaacceffameera.

Kaayyoofi adeemsa dhaaba keenyaarratti yaada laachuun barbaada. Kana booddee adeemsi dhaaba keenyaa kan siyaasa jaarraa amma keessa jirruu hordofe, kan ilaalcha warra dhihaa kana gammachiisuuf amantaa irraa horachiisu, kan teessumaafi qubannaa saba keenyaa warren olla keenya jiran waliin simsiisuu, taanaan ammo kan tokkoomsu, kan buufata teessoo Ji'oogiraafii ilaalcha keessa galche ta'uu qaba. Danda'amnaan ammoo qabsoo kana araaraan xumuruu (Yaasoo, 2019, f. 78).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, Injiinar Roorrisaa irraa abdi kutachuutu mul'ata. Abdi kutachuurraa kan ka'es yaada miseensota dhaabichaatiin yeroo mormutu mul'ata. Kanaaf namfakkiin kun yaadaan walii galuu dhabuu irraa kan ka'e kaayyoo fi akeeka ganama qabatani manaa ba'an sana dagachuu isaa argina.

Adeemsi keenya irra guddina dippiloomaasiirratti kan xiyyeeffate ta'ee qabsoo meeshaa suuta suuta otoo hir'isaa deemnee, kophaa keenya homaa fiduu waan dandeenyu waan natti hin fakkaanneef saboota biraatti odoo makamnee (Yaasoo, 2019, f. 79).

Waraabbii armaan olii irraa immoo qabsoon hidhannoo hir'saa, dippiloomaasii guddisuu akka qabaniifi qabsoo kanatti saboota biraa ida'uu fi humna jabeeffachuun furmaata ta'uu isaa agarsiisa. Walumaa galatti, namfakkii kana hojii ogbarruu kana keessatti yommuu ija seenaatiin ilaallu, qabsoo keessa taa'anii kan yaada garee qabsaa'ota kanneen biroo faallessu yookiin hamilee buusu ta'uun bocameera. Kanaafuu, hojiin ogbarruu kunis bara asoosamichi barreeffame keessatti namoonni akkasii qabatamaan hawaasa keessa jiraachuu isaani mul'isuu yaaleera.

Mo'aa Ganamoo

Namfakkiin kun warra mirga Oromootaaf falmatan keessaa tokko ta'ee kan bocame yoo ta'u, Hedduu beekaa ta'ullee nama yeroo hedduu dubbachuun beekamu ta'uu dhiisuun bocame. Hojiin isaa akka isa dhaadhessu malee inni of dhaadhessuu hin fedhu. Waraabbiin armaan gadii kunis haala itti hojiin ogbarrichaa bocame agarsiisa.

“Injiinar Roorrisaa, waan qabsoo keenyaaf gumaachaa turte hundaaf Oromoon ulfina, dhaabni keenya ammo, seenaa keessatti fuula bal'aa siif qaba. Waan kanarraa hafe, yaadni ati dhiyeessite kun soraadha. Callaa dhiifteet soraa hammaarte. Abbaan fedhe akka fedhetti yaaduu danda'a. Kaayyoo fi akeeka dhaaba kanaa ilaalchisee garuu abbaan fedhe ofii isaatii yaa dhidhimu malee kaayyoon kun hin sharafamu, hin geeddaramu hin meelu...” jedhe Jaal Mo'aa Ganamoon (Yaasoo, 2019, ff. 106-107).

Akkuma waraabbi armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, yaadaan walii galuu baatanis kaayyoofi akeekni ganamaa dhaabichi qabatee mana bahe, yoo miseensi dhaabicha hin barbaanne keessaa harca'ellee kan itti fufuu fi galma gahu ta'uu isaat hubanna. Kanaaf namfakkiin kun kaayyoofi akeeka qabatee mana bahe sanaaf hanga dhumaatti cichee dhaabachuu akkasumas waan akeekaafi kaayyoo isaa fuuldura dhaabatu kamiifiyyuu wareegamuuf qophii ta'uu isaa argina.

Sabni keenya siyaasa hojjachaa hin jiru. Sabni keenya haqa deeffachuuf falmachaa jira. Hawaasni tokko haqa isaa deeffate, dhugaa irratti falmee siyaasa hojjachuu eegala. Kun gulntaa sadii addaan jira. Nuti kan falmachaa jirruf kaayyoo nama keenyaa du'a guyyaa malee irratti deemaa jiru kana jalaa baasuufi (Yaasoo, 2019, f 110).

Waraabii armaan olii irra wanti hubatamu, qabsoo Oromoon geggeessaa jiru haqa dhabe deeffachuuf, dhugaa jallate sana bakkatti deebisuufi saba isarraa dararaafi ajjeechaan akka dhaabbatu ta'uu isaa agarsiisa. Walumaa galatti, akkaataan bocama hojii ogbarruu kanaa bara asoosamichi itti barreeffame keessa namfakkiin kun qabsaa'aa dhugaa kan bakka bu'uufi warreen hanga ammaatti illee mirga saba isaaniif lubbuu ofii aarsaa godhaniifi qabsoo irra jiran hubachiisuu kan danda'uudha.

4.6.3. Namfakiiwwan Taateewwan Barreessaan Asoosamichaa Deeggeru Gamisaan Deeggeran

Saajin Hinsarmuu

Namfakiiwwan kun garee lama gidduu taa'ee tajaajilaa tureera. Waraabbiin armaan gadiis namfakiiwwan kana sirriitti ibseera.

'Saajin Hinsarmuu gaafa Leencoonfaa toora Gootaraatti konkolaataa walitti buusanii badan san warra waan san qindeessanii raawwatan, miseensota ABOon nu keessaa qabu keessaa tokko ta'uun isaa ragaa gahaadhaan mirkanaa'ee jira. Eenyummeessaan kun kunoo akka ragaatti qabamee galii ta'eera. Atattamaan akka tarkaanfiin irratti fudhatamu' jedheet ija babaase (Yaasoo, 2019, f. 1620).

Akka waraabbiin kanaatti, sirna TPLF keessa akkuma Oromoonni tokko tokko isaan waliin hojjetan kan isaanuma keessa taa'ee qomoo isaa gama garagaraan dararamuuf quuqamuufi dhoksaan hojjetuufis akka jiru agarsiisa. Fakkeenyaaf, Saajin Hinsarmuun dhaabaa jaraa waliin hojjetaa icciitii jiru warra bilisummaa Uummata Oromoof hojjetaniifis akka odeeffannoo kennu argina. Sirnicha keessa namoonni hedduun quuqama saba isaanii qaban dhoksaan ykn harka lafa jalaan hojjetaa akka turaniifi shakkiidhaanis hidhaafi dararaan irra gahaa akka ture hubachiisa. Kanaaf namfakiiwwan kun nama diina keessa taa'ee yookiin abidda keessa dhaabatee saba isaatiif bu'aa buusu ta'uu argina.

Caaltuu

Asoosama kana keessatti barreessaan asoosamichaa Caaltuu akka namfakiiwwan muummeetti bocee kan hirmaachisedha. Hirmaannaa isheen asoosamicha keessatti taasifte olaanaadha. Jalqaba asoosamichaatii hanga xumura asoosamichaatti keessaa baatee mul'achuu dandeesseetti. Caaltuun asoosama kana keessatti baay'ee miidhagduufi simboo qabeettii yoo taatu, namni ishee hubatee ilaale hundi jaalalaan caaltuuf jilbeenfata. Hojiin ishee buna danfisuutiin kan jiruuf jireenya ishee geggeessitudha. Haata'uutii, hojiin ishee inni guddaa waa lama: tokko sirna aangoo olaantummaan of harkaa qabu yookiin ADWUI/ wayyaaneef gurra taatee kan hojjattu yoo ta'u, lammaffaan immoo, dhaaba kana keessa teessee fakkeessaa mormitootaaf kan hojjattu ta'uun bakka buufamte. Asoosama kana keessatti Caaltuun diina

keessa teessee nama firaaf yookiin sabaaf bu'aa guddaa buusaa turte ta'uurra darbee dhaaba mormitootaa yookiin ABOf hojii guddaa hojjechaa turteetti. Hojiin ishee kunis, Caaltuun meeshaa nama miidhu kan "LOVE LOFTY" jedhamu wareegama kanfaluun qaama isheetti fudhachuun akkaataa aangawota sirna ADWUI yookiin Wayyaanee itti adamsitee saalqunnamtii duukaa raawwachuun isaan balleessaa turtetu hojii ogbarruu kana keessatti ka'e. Kanaaf barreessaan namfakkii kana haala qabatamaa hawaasichaa bara kitaabichi barraa'ee sirriitti ibsuu danda'eera. Waraabbiin armaan gadiis kanuma cimsa.

Ani yeroo ammaa kanatti vaayirasii 'LOVE LOFTY virus' jedhamun dhiiga keessaa qaba. Kana Dr. Gadaatu qabsoo kanaaf tolche, nuti ammo fedha keenyaan wareegama kanfaluun qaamatti meeshaa kana fudhannee qabsootti bobbaane. Vaayirasiin kun yeroodhaaf dubartii akka baattuu (Vector) itti fayyadamuun dhiirota kan miidhudha. Vaayirasiin kun dhiirota qabee waggaadhaa gaditti dafqaan yoo ajjeesu, dubartootaaf yeroo waggaa shanii ni eeggata. Dubartiin vaayirasii kana takkaa fudhatte dahuu hin dandeessu. Amma dirqama kanaan aangawoota dhibba afuriifi soddoma qabsiiseen jira (Yaasoo, 2019, ff. 207-208).

Waraabii armaan olii irraas Caaltuun lubbuu ishee dabarsitee kennuun kaayyoo qabsoo Oromoo galmaan gahuuf jecha waan namni kamiyyuu gochuu hin dandeenye kana raawwachuu ishee mul'isa. Kun ammo, Caaltuun dhugumaan warra bilisummaa saba isaaniitiif wareegama guddaa kanfalan keessaa tokko ta'uu ishee hubanna.

Waraabbiin biraa hojii gochaafi bocama namfakkii kanaa mul'isu Caaltuun sirna ADWUIf gurra taatee yeroo hojjechaa jirtutti ajaja isaanirraa kennameefiin Layilaa garee mirga Oromootiif qabsooftu biyya Sudaanitti dhukkubsattee yaalamaa jirtu ajjeesuuf ergamte, garuu isheen akkuma diina keessa teessee fakkeessitee firaaf bu'aa buuftutti Layilaa du'arraa baraarteetti. Waraabbiin isaas akka armaan gadiitti dhiyaateera.

'Dhaggeeffadhu, Leeylaaa gumaachi ishii hangam akka ta'e hunduu ni beekna. Kanaafuu, duuti ishii mooraa keenya hir'isa. Doktoricha faana haala jiru hunda haasa'een waadaa galche. Innuu dubartii haabashaa takka keessaa kale baafatee rakkatee waan tureef ishii bakka buusnee. Narsoota isa faana turaniif xiqqoo bittinneesseefiit haala kanaan xumurre' naan jette (Yaasoo, 2019, ff.206-207).

Waraabbii armaan olii irraa wanti hubatamu, Caaltuun ergama sirni Wayyaanee itti kenne bukkeetti dhiisuun qabsooftuu garee bilisummaa Oromoo kan taate Leyilaa ajjeessuuf ergama fudhatte sana dhiisuun lubbuu Leyilaa du'arraa hambifteetti. Kunis Caaltuun sirnichaaf amanamtuu fakkaattee hojii guddaa saba Oromoof hojjechaa turuu ishee agarsiisa. Kanaafuu, hojii ogbarruu kana bara asoosamichi itti barraa'e waliin wal bira qabnee yommuu ilaallu, namoonni akkasii hawaasa keessaa kan jiran ta'uu isaa mul'isa. Walumaagalatti barreessaan asoosamicha akkaataa gocha namfakkii kana itti boce haala qabatamaa hawaasichaa bara kitaabichi keessa barreeffame akka calaqqisiisuu danda'utti boceera.

Taammiraat

Asoosama kana keessatti namfakkiin kun yeroo duraa sirna ADWUI f kan hojjechaa ture yeroo ta'u dhumarratti garuu erga eenyummaa isaa dhugaa beekke booda sabasaarratti qabsaa'uu irraa gara sabasaaf qabsaa'uutti deebi'ee jira. Waraabiin armaan gadiis gocha namfakkii kana ibsa.

Garuu waanan sireebuu dhiiseef jalqaba dubartummaa keetiif yoo ta'u booddee ammo sababa suuraa kanaatiini. Ani nama wantootni dalgee itti galani. Maalummaa koo hin beeku. Namichi kun Qixxeessaa jedhama. Qixxeessaan ammo abbaa na dhalche akka ta'e haati tiyya natti himtee jirti. Ani abbaa tiyyaatiinin waamama. Suuraan kun immoo akka ati jettue san abbaa kaadhimaa keetii natti hin fakkaatu. Haqa wayiitu nu gidduu jiraachuu mala (Yaasoo, 2019, f. 137).

Akka yaada kanaatti namfakkiin kun waan gaabbe fakkaata. Gara eenyummaa isaa beekuutti waan deema jiru ta'uufi suura Kuulaniin mormatti fannifattee jirtu suuraa abbaa isaa ta'uu kan shakkeefi Kuulanii waliin firooma dhiigaa qabaachuu isaa waan beeke fakkaata. Kanaafuu, jecha hojii gara jebeenyummaa irraa of qusachaa jiraachuu isaa agarsiisa.

“Kanaan booddee ani Taammiraat gooytoom odoo hin taane Taammiraat Qixxeessaatiin jedhama! Miseensa garee mirga Oromootiif qabsaa'u malee kan mirga Oromoo irratti qabsaa'u miti. Akkuma beekamu namni eenyummaa ofii bara dheeraaf barbaadaa tureefi reefuu itti dammaqe warra eenyummaa isaaniitiin dhalatan caalaa eenyummaa isaa jaallata. Anis akkasi. Ani obboleessa kuulanii Qixxeessaati!” jedheet Kuulanii haammate (Yaasoo, 2019, f. 225).

Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubachuun danda'amutti, namfakkiin Taammiraat jedhamu sirna Wayyaaneef osoo eenyummaasaa hin beekiiniifi hin dammaqiin dura waan hojjechaa turetti gaabbee ofitti deebi'ee saba isaatiif qabsaa'uuf qopha'aa ta'uu isaa mul'isa

“Warra du'e saniif jannata nuuf ammo bilisummaa” jedheet aboottuu harka mirgaa ol qabee ammas Taammiraat. Hunduu ni onnifatan. Kuulaniin garuu imimmaan roobaa jirti (Yaasoo2019, f. 225).

Warraabbiin armaan olii kun ammo, Taammiraat kanaan dura otoo eenyummaasaa hin beekiin dura saba isaarratti qabsa'aa ture sana gaabbee warra du'eef jannata, warra jiruuf ammo bilisummaa hawwu isaatti obboleettiin isaa; Kuulaniin immoo, ofitti deebi'uu isaatiif gammaddee gammachuu ishee kana imimmaaniin ibsachuu ishee agarsiisa. Walumaa galatti namfakkonni kunniin hojii ogbarruu kana keessatti taatee barreessaan asoosamichaa balaaleffatu gamisaan deeggaruun haala qabatamaa hawaasichaa bara kitaabichi keessa barreeffame akka calaqqisiisuu danda'utti bocamaniiru.

4.7. Qorannoo kana keessatti dhimmota seenaa agarsiisan

Qorannoo kana keessatti dhimmoonni seenaa agarsiisan kan armaan gadiiti. Isaanis:

- Abbootiin qabeenyaa Oromoo hedduun isaanii maqaa ABO itti maxxansuun qabeenyi isaanii saamamaa turuu isaa.
- Maqaa misoomaatiin qotee bulootni Oromoo naannawaa Finfinnee hedduun isaanii lafaafi qabeenya isaaniirraa buqqa'uu.
- Mootummoota dhufaa darbaa keessatti Uummata Oromoo irratti acuuccaan irratti tasifamuu.
- Manneen hidhaa hedduu keessatti Oromoon baay'inaan jiraachuurra darbee gidiraafi ajjeechaan irratti raawwatamaa turuu isaa.
- Sirna ADWUI keessa waajjira mootummaa kamiyyuu keessa sabaan Oromoo qulqulluu ta'anii gulantaa hojii guddaas haa ta'u xiqqaa yeroo kamiyyuu jireenya shakkii fi sodaan guutame jiraachuu.
- Sirni wayyaaneen durfamu aangoo siyaasaa of harkaa qabuun dinagee biyyattii olaantummaan dhuunfatee kan ture ta'uu isaa.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

Boqonnaan dhuma kun bakka itti hojiin hojjatame cuunfamee, gabaabinaan kaawamudha. Boqonnaa kan keessatti kaayyoon qorannichaa, ka'umsi qorannichaa fi yaadi dimshaashaa bakka itti ibsamudha. Qorataanis, hojii qorannoo kana keessatti ragaalee funaanuun erga xiinxalee booda argannoo qorannicha irraa argamee ibsamuun yaboon qorannichaas ibsameera.

5.1. Cuunfaa

Ogbarruun hojii kalaqa ilma namaa kan barreessaan wantoota addunyaa dhugaa keessatti mul'atan addunyaa argaa yaadaa keessatti akka mul'atanitti miidhagsee akkaataa sammuu dubbistootaatti toluun bocee barreeffamaan dhiyeessudha. Ogbarruun kun hojiiwwan kalaqaa kanneen akka: asoosama, walloo fi diraamaa of jalatti kan haammatudha. Ogbarruun kunneenis haala itti dhyaataniifi qindaa'an qabu. Ogbarruun hawaasa tokkoof faayidaalee inni qabu kallattii garaagaraatiin ilaalamuu dana'a. Kanneen keessaa inni tokko, hawaasni adeemsa dubbisuu isaa keessatti odeeffannoo argachuu, beekumsa jechootaa gabbifachuu, raga irratti hundaa'ee waan tokko murteessuu, waan tokko adda baasanii ilaalu, xiinxaluu, qeequu, walitti dhufeenya wantootaa sakatta'uu, garaagarummaa istaayelii barreeffamoonni ittiin dhiyaatan hubachuu, yaada murtee fi walii gala irra akka ga'uuf wanta barreessaan barreessu tokko dubbisuun bu'aa guddaa qabaachuu fa'i.

Asoosamni qaama ogbarruu keessaa tokko ta'ee, calaqqee uummataa kan uummatni keessatti of ilaaluufi yaada isaa ittiin ibsatudha. Isaan kana kallattii barbaadaniin barruu asoosamaatiin haala gaariin ibsanii dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin calaqqisiisuuf immoo ijaarsi caacculee asoosamafi qindoominni isaan gidduu jiru murteessaadha. Kaayyoon qeeqa ogbarruu, barruun ogbarruu tokko dubbistoota akka gammachiisu taassisuun dubbistooti barruu sana akka dinqisiifataniif jajjabeessuun, barruu ogbarruu filatame sana gadifageenyaan xiinxaluun wanta dubbisaan barruu sana keessatti akka salphaatti laalee bira darbe sirriitti akka hubatamu taassisani agarsiisuudha.

Qeeqni Seenawaa akaakuuwwan qeeqa ogbarruu keessaa tokko ta'ee, wantoonni yeroo darbe keessatti raawwataman adeemsa isaan keessa darbaniifi hawaasa biratti haala isaan itti hojiirra oolan seecca'ee baasuun kan qeeqa ogummaa kennudha. Qeeqni seenawaan hojii ogbarruu, jireenya hawaasaa irraa adda baasee kopaatti kan xiinxalu miti. Qeeqni seenawaa kan galumsa isaafi hidhata inni dhugaa qabatamaa hawaasaa asoosamichi barraa'eef geggeeffamu, barruun

qeeqamu haala bira qabuun raawwatamuu qaba. Bu'uuruma kanaan qeeqni seenawaa yommuu geggeeffamu qabxiwwan xiyyeeffannoo armaangadii giddugaleeffachuun deebii kennuu danda'uutu irraa eegama.

Eenyummaa barreessaa, kaayyoo barreeffama isaa/ishee, Ogbarrichi haala qabatamaa hawaasa keessa jiru mormuufi deeggaruu isaa, haalli qabatamaa hawaasaa ogbarrichi keessatti barreeffamee maal akka fakkaatu, dhimmootni hawaasaa akkamitti akka dhiyaatan, haala kamiinis akka ibsaman, taateewwan siyaasaafi falaasamni yeroo sanaa hojii ogbarruu kana irraan dhiibbaa akkamii akka geessisan, namfakkiiwwan haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun bakka bu'uun bocamuufi dhiisuu isaanii , qorannoon qeeqa asoosamaa kun akka deebii qabatamaa kennuu danda'utti xiinxalamee dhiyaateera.

Ragaaleen sababoonni hawaasummaa ogbarruun kun akka dhalatu godhan funaanamanii qaaceffamaniiru. Asoosama '*Shira*' keessatti, sirna ADWUI keessa uummata Oromoo irratti, hidhamuun, reebamuun, biyyaa ari'atamuun, ajjeefamuun, saba himaaleetiin maqaan isaa xuraa'uu, dhabbilee gurguddoo Oromootiif falman irratti dararaan gageeffamaa turuun ka'eera. Gochaan kun hundis kan gaggeeffamaa ture biyyatti olaantummaan waggaa dheeraaf bulchuuf akka ta'e ogbarruu kana keessatti ka'eera; ragaaleen isaaniis dhugaa lafarra jiru waliin ilaalamani qeeqamaniiru. Dhumarratti, hanqinaalee mul'atan adda baasuu qofa osoo hin taane, yaadni fooyya'insaa waliin ka'amee jira. Kanaafuu, yaadoleen akka hanqinaatti ka'an otoo fooyya'anii dhiyaatanii caalmaatti hojiin ogbarruu kun gaarii fi amanamaa ta'a jedhamee amanama.

5.2.Cimina Asoosamichaa

Asoosamni '*Shiraa*' ciminoota armaan gadii qaba.

- Asoosamichi ija seenaan qeequuf mijataadha.
- Asoosamichi taateewwan aadaa, dinagdeesiyaasaafi dhugaa hawaasaa calaqqisiisuu danda'an amma tokko niqaba.
- Asoosamichi taatee dhugaa bara sana gidduugaleeffatee kan qophaa'edha.
- Uummatni Oromoo cimee eenyummaa isaafi mirga isaaf falmachuu akka qabu nibarsiisa.
- Asoosamicha keessatti seeneffamni jiru amma tokko qindaa'ina yaadaa qaba.

- Haqa uummata Oromoo dhokatee ture ifa baasuuf humna kan qabuudha.
- Seenaan asoosamicha keessatti dhiyaate, dhugaa qabatamaa jirurraa kan fagaate miti. Asoosamichi waan qabatamaa hawaasa keessa jiru ilaaluun dhugoomsuun nidanda'ama.

5.3. Hanqina Asoosamichaa

- Asoosamichi asoosama seenaa ta'ullee, taateewwan sirnoota adda adda keessa ture sirriitti ni ibsa jechuuf rakkisaadha. Fakkeenyaaf, sirna Hayilesillaasee, Miniilikiin walqabatee wanti bal'inaan ka'e hinjiru.
- Namfakkiiwwan tokko tokko dhugaa hawaasaa sirriitti kan mul'isan ta'uu hafuu.
- Seenaawwan asoosamicha keessatti argaman tokko tokko amanamummaa isaanii mirkaneessuufi ija seenaan xiinxaluun ibsa itti kennuuf rakkisoo ta'uu.

5.4. Argannoo

Qorannoon tokko erga gageeffamee booda, bu'a-qabeessummaa isaa kan mirkaneessu argannoo qorataan sun ergaa dhuma irratti akka argannootti lafa kaa'udha. Haaluma kanaan, odeeffannoowwan dheedhiin qorannoo kanaaf barbaachisan sirriitti erga qaaceffamanii booda, argannoowwan armaan gadii lafa kaawwamaniiru.

- Hojiin asoosamaa tokko kallattiinis ta'e al kallattiin waa'ee jiruufi jireenya hawaasicha bu'uura godhatee barreeffamee ergaa ykn dhaamsa garaagaraa qabatee dhihaata. Kanaafuu, asoosamni kunis, taateewwan aadaafi safuu hawaasa Oromootiin walqabatan karaalee garaagaraan agarsiisuuf kan yaaleefi kanneen aadaa ykn duudhaa hawaasichaa faallessan ammoo, haala gaariin akka hin ilaalamne ibsuuf yaaleera.
- Sirni biyya tokko geggeessu adeemsaafi falaasama ofii irratti hundaa'ee biyyattii gara gariittis ta'u gara gadheetti akka hoofu beekamaadha. Asoosamni kunisi, shira siyaasaa bara Wayyaanee ture keessatti sirni biyya kana bulchaa ture olaantummaa siyaasaa qofa utuu hintaane, lafaafi qabeenya Oromoo namoota aangoo irra jiraniifi gartuu aangoorra jiruuf galtee diinagdee godhachuudhaan olaantummaa diinagdee akka gonfate agarsiisuu danda'eera.
- Hawaasni tokko gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, argachuufi dhabuu akkasumas dhimmoota biroo jireenya keessatti isa quunnaman afoolaan ykn ogbarruu barreeffamaan akka ibsatu ragaaleen ni agarsiisu. Asoosamni kunis akkuma barruulee kalaqaa biroo

waantota jiruufi jireenya keessatti uummata Oromoo mudatan aggarsiiisuu bira darbee shira siyaasaa Wayyaaneen akka abbaafi ilmi, obboleessiifi obboleettiin, obboleessiifi obboleessi, firriifi firri wal shakku akkasumas faayidaaf jedhee dabarsee wal kennu gochuudhaan umurii dheereffataa akka turan sirriitti agarsiisuuf yaaleera.

- Asoosamani kun dhimmoota jiruufi jireenya uummata Oromoo hedduu waan kaasuuf akeeka barreeffameef akka qabu ragaaleen qorannoo kanaan funaanaman ni agarsiisu.

Isaanis:

- ❖ Sabni yeroo hundumaa jeequmsa keessa jiraatu tasgabbaa'ee waa'ee jiruufi jireenya isaa yaaduu waan hindandeenyeef, sabichi yeroo hundumaa haala siyaasaa jeeqamaa keessa jiraachuu akka hin qabne kan dhaamuufi Oromoon dinagdeefi siyaasaan yoo jabaate malee humna godhachuu akka hindandeenye dhaama.
- ❖ Dabalees, Oromoon qe'ee fi qabeenya isaa irratti halagaan bitamuufi dhiitamuuf karra saaquu dhiisuu, jaalalaafi tokkummaa isaa kan kanaan duraa caalaa jabeeffachuu, tikfachuufi kunuunfachuu akkasumas gootota isaa faarsuu, jajjabeessuu, kunuunsuufi tikfachuu akka qabu akeeka.
- ❖ Qaamoni Oromoo jilbeenfachiisuu baran akkuma durii miidiyaalee garaagaraa fayyadamani saba kana maqaa xureessaafi akka inni ofitti saalfatu gochaa turaniiru. Kanaafuu, Oromoon akkuma saba kamii saba haala jiruufi jireenyaafi falaasama mataa isaa hordofee jiraatu waan ta'eef, saba kamiinuu gadi miti. Kanaafuu, uummanni kun waraana karaa saba himaalee irratti banamu kamiifiyyuu harka kennuu fi jilbeenfachuu akka hinqabne akeeka.
- ❖ Sabni kamuu akka sabaatti jiraachuuf, lafa, qabeenya uumamaafi kkf qabu haalaan qabachuufi kunuunfachuu qaba. Ta'us, shirri siyaasaa bara Wayyaanee keessa xaxamaa tureefi xaxamaa jiru keessattuu qabeenya lafaa Oromoon qabu irratti duuluudhaan Oromoo qe'ee isaa irraa buqqiseefi hiraarsaa tureera. Lafti ammoo, bu'uura waan hundaa waan ta'eef, Oromoon qaama kamuu lafaafi qabeenya isaa saamu akkasumas tokkummaa isaa diiguu irratti hojjetu jala dhaabbachuufi ofirraa qolachuu akka qabu dhaama.
- ❖ Asoosamni kun dhimmoota hawaasaa keessattuu, Oromoo amantii, ilaalcha siyaasaa, lagummaafi kkf niin addaan qoodee jilbeeffachiisuufi umurii aangoo isaa dheereffachuu irratti hojjetaa akka ture agarsiisa. Kun ammoo, gabrummaa saba

Oromoo waan dheeresuuf, uummanni Oromoo dhimma kana irratti dammaqee humna tokkoon sagalee waliif ta'ee ofirraa fonqolchuu akka qabu cimsee ergaa isaa dabarsa.

- ❖ Dhaloonni of hinbarreefi eenyummaa isaa hinbeekne mirgaafi dirqama isaa beekuu caalaa ulee tokkoon gara hinmalletti hoofama. Kanaafuu, asoosamni kun dhaloonni haaraan kun eenyummaa saba isaa beekke, saba isaatiif dhimmamuu, miidhaa saba isaatiif quuqamuu akkasumas aadaa, afaaniifi eenyummaa isaa wal barsiisuufi tokkummaa isaatiin boonuu akka qabu dhalootaaf dhaama.
- Ogbarruun tokko sababa tokko malee hinbarreeffamu. Kanaafuu, waantonni akka ogbarruun kun dhalatuuf sababa ta'an kanneen akka siyaasa, diinagdeefi haalota hawaasummaa biyya kana keessatti raawwatamaa turan akka ta'e akeeka. Sirni mootummaa Wayyaaneen durfamu umrii aangoo isaa dheereffachuuf uummata Oromoo irratti gocha gara jabeenyummaan guutame: sodaachisee, ukkaamsee, hidhee, ajjeeseefi biyyaa ari'achaa tureera. Haalli jiruufi jireenya saba kanaa haala gaddisiisaafi jibbisiisaa keessa akka jiraatu taasiseera. Uummatni Oromoo dinagdeen miidhamuu, hidhamuu, dararamaafi ajjeefamaa tureera. Uummata Oromoorraatti miidhaafi dhiibbaa gama siyaasaan, hawaasummaan akkasumas dinagdeen sirna wayyaaneen irra gahaa tureera. Uummatni kunis sababa miidhaa fi dhiibbaa gama siyaasaan irra gahaa tureen rakkoo walitti dhufeenyi hawaasummaa isaa diigameera, haqa dhabeera, lafa isaarraa buqqifameera, saamichi qabeenyaa irratti taasifameera, dhiibbaan gama afaaniin, aadaan, duudhaan safuufi seenaa irratti qaqqabeera. Kun hundi walitti idaa'amee Oromoon eenyummaa isaa fi mirga abbaa biyyummaa isaa beekke akka jiraatuufi diina isaa fuuldura akka dhaabbatuuf hojiin ogbarruu kun uumameera.
- Namfakkiiwwan asoosama tokko keessatti barreessaan itti gargaaramu gochoota ykn amala isaan qaban irratti hundaa'uun garee adda addaatti ramaduun ni danda'ama. Kanaafuu, asoosama kana keessatti gariin kan kaayyoo saba isaanii galmaan ga'uuf aarsaa kaffalan yoo ta'an, gariin ammoo, ergama diinaafi kaayyoo dhuunfaa isaanii galmaan ga'achuuf kanneen halkanii guyyaa uummata Oromoo irratti shira hojjetan akka ta'e qorannoon kun ifatti agarsiisa.

5.5. Yaboo

Xiinxala asoosama kanaa keessatti haala boqonnaa sadii jalatti ulaagaalee tuqamanii qaaccessuuf yaalametti hojiin kalaqaa kun akkuma cimina mataa isaa qabu, hanqinas qabaachuun isaa adda baafameera. Hanqinaalee mul'atan kana adda baasuu qofa osoo hin taane, yaadni fooyya'insaa waliin ka'amee jira. Kanaafuu, yaadoleen akka hanqinaatti ka'an kunniin haala armaan gadiitiin otoo fooyya'e caalmaatti hojii ogbarruu sun gaarii fi amanamaa ta'a jedhamee amanama.

- Asoosamichi dhimmoota siyaasa waliin walqabatan hedduu of keessaa qabaachuun isaa gaarii ta'ee otoo jiruu, hojiileen ogbarruu yeroo kalaqaman dhimmoota biroo jiruufi jireenya hawaasichaa keessa jiran bifa madaalawaa ta'een qabatanii osoo dhiyaatanii fudhatamummaa isaan dubbistoota biratti qaban gaarii ta'a.
- Asoosamichi yoomessa bala'aa keessatti barraa'ee osoo jiruu, taateewwan aadaa, safuu fi dinagee hawaasichaa calaqqisiisan muraasa ta'uun isaa dubbistootni asoosamichaa hubannoo gahaa ta'e akka hin arganne kan taasisudha. Kanaafuu, asoosamoota gara fuula duraatti barreeffaman keessatti taateewwan aadaafi safuu hawaasichaa calaqqisiisan bifa madaalawaa ta'een utuu ilaalcha keessa galanii dhihaatanii gaarii ta'a.
- Asoosama kana keessatti, barreessaan jechoota safuu fi aadaa hawaasichaan lagataman fayyadame dhiheesus, dhimmoota jiruufi jireenyaa keessaa jechoonni kunneen kallattiinis ta'u al kallattiin dhimma itti bahamuun isaanii waan hin oolledha. Kanaafuu, namoonni gara fuula duraatti asoosama barreessan bifa isaan jiruufi jireenyaafi duudhaa hawaasichaa calaqqisuu danda'aniin utuu fayyamani hojiilee kalaqaa kanneeniif miidhagina kennuu danda'a.
- Asoosama kana keessatti namfakkii guddichi keessaa goobanee haamul'atu malee, bakki dhaloota isaa, haalli jireenya isaa, aadaa inni keessatti guddateefi maqaan isaa adda bahee otoo mul'atee, caalaatti dubbistootaf hubannoo gahaa ta'e kennuu danda'a jedhamee amanama.
- Asoosama kana keessatti irra deddeebiin yaadotaafi jechootaa dubbistoota nuffisiisuu bira darbee ergaa achi keessaan darbu hubachuuf dhiibbaa mataasaa uumeera. Kanaafuu, namonni gara fuula duraatti asoosama barreessan utuu itti yaadani irra deddeebii jechootaa hin barbaachifne hambisuun barreesanii kalaqichi caalmaatti sammuu dubbistootaa hawwachuun gamatti ergaan asoosamichaa bifa salphaa ta'een akka hubatamuufi yaad-qalbii dubbistootaa hawwatuuf ni gargaara.

Wabiilee

- Abrams, M.H. (1999). *A Glossary of Literary Terms* (7th ed.). Cornell University: Earl Mc Peek.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). Akkamtaa. *Yaadrimee qorannoo hujoo (Concept of applied Research)*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Asafaa Tafarraa Dibaabaa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Print by Far-East Trading plc.
- Crimson, R. (2012). *The Every thing Writing Series*. USA: Admas Midia. A division of FTW.
- Creswell, J.W. (2012). *Educational Research: Planning, conducting, and evaluating quantitative and qualitative research* (4th ed.). Boston. University of Nebraska-Lincoln. Person Education.
- Dastaa Dassaalenyi (2013), **Bu`uura Qorannoo,maxxansa 2ffaa**.Finfinnee:Far East Trading plc
- Dassaalenyi Hayiluu. (2008). *"Xiinxala Asoosama Yoomi Laataafi Kabir Wadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo Ija Yaaxxina Dhugummaatiin Digirii 2ffaa Ittiin Guuttachuuf"*. Yuuniversitii Addis Ababaa: Kan Hinmaxxanfamme.
- Dirribii Damisee (2016). *Ilaalchaa Oromoo. Barroo Amantaa, Sirna Bulchiinsa fi Seenaa Oromoo*. Hagayya.Finfinnee.
- Dutton, Richard (1984). *An Introduction to Literary Criticism*.England: Longman York
- Ehrenhaft, G. (2010). *English Literature and Composition 3rd ed.* USA: Barrons Educational Series, Inc.
- Fedhasaa Taaddasaa. (2017). *Bu`uuralee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa.
- Fedhasaa Taaddasaa (2013). *Subii: Bu`uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa
- Habib, M. A. R. (2005). *A History of Literary Criticism: From Plato to the Present*. Blackwell Publishing Ltd.
- Ihejirika, R.C. (2014). Literature and English language teaching and learning: A symbiotic Relationship. *English Language Teaching*, 3 (7), 86-89

- Kothari, C.R. (2004). *Research Methodology: methods and techniques (2nd ed.)*. Collage Of Commerce University Of Rajasthan, Jaipure (India), New Age International (p) Ltd, Puplichers.
- Lodge, D. (1988). *Modern Criticism and Theory*. Longman: London.
- Mekuria Bulcha. (2016). From a Student Movement to a National Revolution—A Struggle with an Independent Oromo State Insight. The Oromo Studies Association (OSA) 2016 MidYear Conference, London School of Economics on April 2 – 3, 2016[2]
- Mokonnin Gabbisaa. (2006). "*Xiinxala Asoosamoota Suuraa Abdiifi Miila Hin Shokoksine Ija Yaaxxina Dhugummaatiin*". Addis Ababa University.(Unpublished MA Thesis).
- Mar, A.R. & Oatley, K. (2008). The function of fiction is the abstraction and simulation of Social experience. *Association for Psychological Science*, 3 (3), 173-192.
- Murlidhar, A. J (2014).The historical development of the sociological approach to the study of literature.*International Journal of Innovative Research & Development*, 3(5), 658-662.
- Mario, Klarer. (2005). *An Introduction To Literary Studies*. London and New York: Published By Rout ledge.Taylor and Francis Group.
- Mahaammad Sayid. (2017). *Seenaafi Qabsoo Oromootaa*. Finfinnee, Itiyoophiyaa.
- Seeyfuu Kadiir. (2018). *Sirna Gadaa Oromoo Arsii (Sikkoo-Mandoo)*.Wiirtuu Sirna Gadaa Odaa Roobaa fi Madda Walaabuu (Dharrayyoo Odaa). Handhuura Oromiyaa Finfinnee: Subi Printig Press.
- Tyson, Lois. (2006). *Critical Theory Today: Auser Friendly* University press. University of Minnesota.
- Yaasoo Kabbabaa. (2019). *Shira*.Finfinnee, Itiyoophiyaa.
- Zarihuun Asfaawu. (1998). *Yesinetsihuf Meseretawiyen*. Addis Abeba: Nigdi Matemiyaa Bet

Dabalee: Cheklistii Ragaan Asoosamaa Keessaa Ittiin Fudhatamu

Lak.	Gaaffilee Xiyyeeffannoo	Yaada
1	Asoosama ‘ <i>Shira</i> ’ keessatti haalli siyaasaa akkamittiin ibsame?	
2	Taateen asoosama kana keessatti ibsame seenaa duraan ture waliin walitti hidhata qaba?	
3	Waanti asoosamni kun seenessu adeemsa maalii keessa darbe?	
4	Taateewwan yeroo darbani haala hawaasa yeroo sana keessa jiraatanii hojiilee ogbarruu kana keessatti dhihaataniiruu?	
5	Dhimmoonni aadaafi muuxannoo hawaasaa agarsiisan dhihaataniiruu? Haala hojiileen ogbarruu keessatti dhihaataniifi kan ammaa walfakkaatamoo gara gara?	
6	Taateewwan muuxannoo hawaasaa agarsiisan calaqqisaniiruu?	
7	Gochaaleen sanaan walqabatan haala kamiin dhihaatan?	
8	Walqixxummaan aadaa hagam mul’ate? Asoosamicha keessa maaltu jira?	
9	Asoosamicha keessa dhimmoonni ilaalchaafi hubannoo hawaasaa qajeelchan dhiyaataniiruu?	
10	Namfakkiiwwan asoosamichaa haala qabatamaa hawaasa keessa bara sana ture bakka bu’uun bocamaniiruu?	
11	Walqixxummaan siyaasaa dinaagdee, aadaafi kanneen biroo hagam mul’ateera? Asoosamoota kana keessa maaltu jira ? Dhugaan turehoo?	